
BARNOOTA AFAAN OROMOO



KITAABA BARATTOOTAA

KUTAA 9

BIIROO BARNOOTAA BULCHIINSA MAGAALAA FINFINNEE
BARA 2014/2021
FINFINNEE

Kunuunsa kitaabichaaf taasifamu

Kitaabni barattootaa kun qabeenya mana barumsaa keetiti. Qabeenyi mana barumsaa kee immoo, kan keeti. Qabeenyi kun akka hinbanne yookiin hinmiidhamne kunuunsuun gahee keeti. Kanaafis, yaadoleen kurnan armaan gadii si gargaaru.

1. Kitaabicha waraqaa, laastikaafi wkf. golgi.
2. Kitaabicha yerooma hunda bakka qooraafi qulqullina qabu kaa'i.
3. Yeroo fayyadamtus harki kee qulqulluu ta'uu mirkaneeffadhu.
4. Qolas ta'e, keessa kitaabichaatti hinbarreessin.
5. Dubbistee bakka geesse mirkaneeffachuu yoo feetellee, cittuu waraqaa ykn kaardii qulqullina qabuutti fayyadami.
6. Fuula kitaabichaa tarsaasuun ykn fakkii kutanii keessaa baasuun dhorkaadha.
7. Fuulli tarsa'ellee yoo jiraate suphi.
8. Kitaabicha yeroo korojoo kee keessa keessuufi keessaa baaftu, akka hintarsaane of eeggadhu.
9. Yeroo namoota biraatiif ergiftullee of eeggannoon akka qaban akeekkachisi.

Kitaaba haaraatti gargaaramuu yoo jalqabdu, dugdaan minjaala irraatti dubbisturra kaa'i. Sana booda, fuula muraasa banuun xiqqoodhuma hanga barreeffama fuulicharra jiru dubbisuu dandeessutti banuun gargaarami. Fuula bante garmalee harkisuun qola isaas ta'ee, fuula kitaabichaa miidhuu waan danda'uuf, akka ija keetti eeggadhu.

BARNOOTA AFAAN OROMOO KITAAABA BARATTOOTAA

Kutaa 9

QOPHEESSITOONNI:

Abrahaam Galataa Nagumaa (MA)

Fayisaa Fiqaaduu Nagaasaa (BA)

Taarikuwaa Alamuu Guutamaa (MA)

GULAALTONNI

Hayiluu Lammeessaa Wadoo (MA)

Tashoomaa Qanaasaa Tolosaa (MA)

MADAALTUUN:

Yewubdaar Ayyaaleew (MA)

QINDEESSAAN:

Roobii Waamii (MA)

***Fakkibsa* (illustration) *fi Giraafiiksii* (layout)**

Kolleejjii Poolii Teekniikii Inxooxxoo (TMS)

BAAFATA

Matadureee Fuula

Seensa …….....III

Boqonnaa Tokko: Afaan……....1

Boqonnaa Lama: Qaraxa/Tax ……14

Boqonnaa Sadii: Albuuda Baasuu……31

Boqonnaa Afur: Asoosama ……..44

Boqonnaa Shan: Ogafoola ……...57

Boqonnaa Ja'a: Ogwalaloo ……...77

Boqonnaa Torba: Dhukkuba 'COVID-19'……...95

Boqonnaa Saddeet: Diraamaa ……..107

Boqonnaa Sagal: Sab-Qunnamtiifi Waliigaltee……..125

Jibsoo.....138

seensa

Afaan meeshaa wal-qunnamtiifi ibsituu eenyummaa ta'uun shoorri inni jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti qabu ol aanaadha. Kanaafuu, hawaasicharraa addaan ba'ee bu'aa buusuu hindanda'u. Guddinni afaaniis guddina hawaasaa bu'uureffata. Jiruufi jireenya hawaasaa saayinsiifi teeknooloojiin wal-qabsiisee guddina fiduu kan danda'us barnoota, bulchiisa, siyaasaafi kkf. yoo hojiirra oole qofa. Afaan Oromoo afaan barnootaafi barnoota afaanii ta'uun isaa dhiyoodha. Kanarraan kan ka'e, kitaabni barattootaa armaan dura bu'uura buusuurratti shoora ol aanaa kan taphate ta'ullee, hanqinoota tokko tokko akka qabu hubatameera. Kitaabni kun ammoo, amma danda'ametti qulqullinni isaa eegamuun kan qophaa'e yoo ta'u, kaayyoon isaas barattoonni ogummaawwan dhaggeeffachuu,dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, caaslugaa, ogbarruu, gadi fageenyaan xiinxaluufi kkf akka gabbifatan taasisuudha. Kaayyoowwan kana galmaan ga'uufis barannoowwaniifi gilgaalonni garaagaraa dhiyaatanii jiru. Haalli dhiyeenya gilgaalota kanaas kallattiidhaan jiruufi jireenya guyyuu barattoota giddu-galeessa kan taasifateefi akka isaan dammaqinaan irratti hirmaatan kan kakaasudha. Fiixaan ba'iinsa kaayyoowwan barnoota kanaatiifis adda dureen shaakala walirraa hincinne gochuu kan qabu barattoota waan ta'eef, atis haala qabatamaa naannoo keetiitiin waliin qabsiisuun ga'ee sirraa eegamu taphachuun mirgaafi dirqama keeti.

BOQONNAA TOKKO: AFAAN

Kaayyoo Barannoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- Haasawaa bal'aa dhaggeeffachuun deebii kennita.
- Marii keessatti hirmaachuun yaada kee calaqqisiista.
- Afee/dubbisa barreessuuf yaadannoo dhuunfaa kee qabatta.
- Jecha kenname tokkoof galumsa isaa irratti hundooftee hiika adda addaa kennita.
- Himoota ijaarta.
- Gosoota himaa adda addaa (hima himamsaa, gaaffiifi ajajaa) sababoota adda addaatiif fayyadamta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun Duraa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii haasawaa barreeffamaan (waraabbiin) barsiisaa/tuun kees san isiniif dhiyeessan dhaggeeffachuun dura cimdiin yookaan gareen irratti mari'achuun dareef ibsaa.

1. Waa'ee jalqabamuu Afaanii ilaalchisee waan beektu hiriyaa keef ibsi.
2. Afaan jechuun maal jechuudha?
3. Afaan akkamitti jalqabame?

B. Jechoonni armaan gadii haasawaa barsiisaa/tuun kee siif dhiyeessan keessatti hu bachuuf akka si hinrakkisnetti hiika isaanii tilmaami.

1. gonfachiisu
2. calallii
3. dhawaata
4. xiinxaluun
5. hunda-galeessi
6. sirrummaa

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

Amma barreeffama mata dureen isaa, 'Jalqabbii Afaanii' jedhu jalatti dhiyaate, yammuu barsiisaa/tuun keessan isiniif dubbisu/tu yookaan isin dhageessisu/tu dhaggeeffachuuf jirtu. Barreeffamichis si'a sadii isiniif dubbifama.

- Si'a duraa callisaan dhaggeeffadhaa.
- Si'a lammaffaa himoota armaan gadii keessaa yaadolee hafan guutaa dhaggeeffadhaa.
- Si'a sadaffaa, sirriitti guutuu keessan mirkaneeffachaa dhaggeeffadhaa.

1. Kan akka afaanii _____milkaa'ina gonfachiisuufi akka dhala namaa afaanicharratti to'annoo qabu hinjiru.
2. Yaanni calallii jalqaba afaaniirratti kan hundaan fudhatama argate dhibuun mataduree _____ ta'ee jira.
3. Maddi afaanii _____, _____fi _____ kan uumaman jedhamuun qoodamu.
4. Afaan kennaa Waaqaa waan ta'eef, waa'ee isaa xiinxaluun _____ fida jedha.
5. Sagaloota uumamaan dhaga'aman akkeessuufi jireenya gamtaa keessatti yeroo hojii cimaa sagaloota jajjabinaaf namoonni dhageessisan yaaxxina _____ irraa madda. Namni tokko qaama nagaa dhalannaan seera uumamaa hordofuun dhawaata _____, _____, _____, _____ akka baru afaanis akkasumatti eegale jedhu.
6. Gabaabumatti jalqabbii afaanii irratti deebiin hunda-galeessa tokko dhibullee tilmaamileen akka _____, _____, _____ uumameefi wkf. jedhan akka waa'ee isaa yaannuuf karaa nuu saaqa.

Gilgaala 3: Gochaalee Dhaggeeffachuun Boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadii akkaataa gaafatamteen deebii kee kenni.

1. Gaaffiin, " Afaan akkamitti jalqabame?" jedhu yeroo garagaraatti mata duree falmii akka ta'u kan taasise maali?
2. Akka dubbisa dhaggeeffatteetti yaaxxinoota dhihaataniin yaanni hundaan fudhatama argate hinjiru. Yaanni isaanii kun hunda biratti maaliif fudhatama dhabe?
3. Dubbisa olitti dhaggeeffatte yaada isaa gabaabsuun keeyyata tokko barreessi.

Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu

Gilgaala 4: Gochaalee Dubbisuun Duraa

A. Dubbisa armaan gaditti isiniif dhiyaate dubbisuun dura gaaffiiwwn kanaan gadii gareen irratti mari'achuun afaaniin dareef dhiyeessaa.

1. Dhalli namaa jiruufi jireenya isaa yeroo gaggeessu maaliin walquunnama?
2. Tajaajila afaan dhala namaatiif kennu ibsi.

B. Hiika jechootaa dubbisa armaan gadii keessaa fudhatamanii asiin gaditti siif ken naman dursii tilmaami.

a. gahee
b. luga
c. luuccessan
d. aslii

Gilgaala 5: Gochaalee Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii saffisaan dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Dubbisni kun keeyyata meeqa qaba?
2. Bu'uurri garaagarummaa hiika afaaniif kennamu maaliifi maal irratti xiyyeeffata?
3. Tajaajila afaan hawaasaaf qabu irratti yaada hayyoonni kaa'an isaan gurguddoon sadan maal fa'a?
4. Keeyyanni waa'ee mallattummaa afaanii ibsu isa kami?
5. Hawaasa aadaa, sanyii, amantii, siyaasa garaagaraa qabu kan waltaasisu maal isaati? Kanaaf immoo ragaan maali?

Afaan

Afaaniif hiika kennuun dura **gahee** afaan hawaasa keessatti qabuufi eenyummaa hawaasichaa hubachuun barbaachisaadha. Qabanni isaa, afaan eenyummaa hawaasaa ni ibsa; ni ijaaras. Hiikni afaaniif kennamu garaagara yoo ta'u, bu'uurri garaagarummaa kanaas umurii dheeraa qabaachuu afaaniifi **xiyyeeffannoo** hiikaati. Hayyoonni tokko tokko afaan dhalli namaa sagalee walitti qindeessuun kan ittiin waliigalu meeshaa walquunnamtiiti jedhu.

Kaan ammoo, afaan mallattoo eenyummaa hawaasa tokkooti jechuun yoo hiikan, afaan **baattuu** aadaati warri jedhanis jiru.

Karaa biraatiin, nama tokko waan inni dubbaturraa ka'uudhaan, hojiisaatis ta'e gita isaa, amantii isaatiifi aadaa isaatis, akkasumas nama biyya kamii akka ta'eefi saba isaatis hubachuun yoo hangam xinnaate tilmaamuun akka danda'amu hayyoonni lugaa nibarsiisu. Dabalataanis, **ulaagaalee** uummata tokko akka sabaatti gamtokko **luuccessan** yookaan saba tokko kaaniin addatti qoodan keessaa tokkoofi kan duraa afaani.

Afaan tajaajila walquunnamtii kenna yoo jennu, hawaasni jiruufi jireenyasaa fooyyeffachuuf bu'ee ba'uufi kufee ka'uun akka walhubatu taasisa jechuudha. Kanarraa kan ka'e, hawaasni afaan walii beeekuun walirraa bitee walitti gurgura; waliin bahee waliin gala; **gahumsi** namoonni afaan tokkotti dhalatanii guddatan qabanis waliigaltee kana keessatti **shoora** olaanaa qaba. Kanneen afaan walii barachuun **walquunnamtii** gaggeessaniifis gumaacha guddaa kan taasisu afaani. Kanaafuu, tajaajilli afaanii inni jalqabaa walquunnamtiif ooluudha. Wantoonni hawaasa walquunnamsiisan kanneen biroo jiraatanillee (fknf. mallattoolee) hanga afaanii kan milkaa'ina **gonfachiisu** hinjiru. Hawaasa aadaa, sanyii, amantii, siyaasaafi waan kana fakkaatu hunda kan waltaasisu afaan ta'uu isaa waliin jireenyi hawaasaa ragaa asliidha. Haaluma kanaan afaan haphee hawaasummaati jechuun nidanda'ama.

Tajaajilli afaanii inni biraan mallattoo eenyummaa hawaasa tokkoo ta'uu isaati. **Kana** jechuun, dubbii isaa/ishee irratti hundaa'uun namni tokko eessaa akka dhufe/te, hawaasa isa kami akka ta'e yookaan taate, ilaalcha akkamii akka qabu/du, sadarkaan barumsa isaa/ishee maal akka ta'e adda baafachuun nidanda'ama. Kana malees, afaan namni tokko dubbaturraa ka'uun namni sun afaanichatti kan afaan hiikkate/tte, kan barumsaan argate yookaan argatte kan guyyaa keessa barte/bare ta'uu adda baasuu dandeenya. Akkasumas aadaan saba tokkoo , eenyummaan isaa, ilaalcha inni ofiifi namaaf qabu, haalli ittiin **bulmaata** isaa, **safuun** isaa, gaddaafi gammachuun isaa kan ijaarame afaan isaatiin.

Namni tokko naannoo isaa, aadaa isaa, eenyummaa isaafi dhageettii isaa ibsachuuf hunda caalaa kan gargaaru afaan isaati. Kun ammoo, namni kamiyyuu afaan itti dhalatee guddate aadaa naannoo isaa ibsachuurratti hanqina akka hinqabne nutti hima. Afaan biraatiin naannoofi aadaa ofii ibsachuuf **carraaqqii** taasifamu keessatti garuu, ga'umsa afaanichaa dhabuu waan danda'uuf hanqinni mudachuu danda'a.

Jechoota afaan tokkootiin aadaa saba biraa guutummaatti ibsuun rakkisaa kan ta'uuf, jechoonni aadaa irraa waan **maddaniif**, yaanni ibsamu sun aadaa saba biraa keessaa dhibuu waan danda'uuf. Kanaafuu, afaan baattuu aadaa saba tokkooti jechuun nidanda'ama.

Walumaagalatti, afaan sagaloota dubbiitti kan fayyadamu, mallattoo eenyummaafi baattuu aadaa hawaasa tokkoo kan ta'e meeshaa walquunnamtiiti jechuun hiikuu dandeenya. Kanaafuu, afaan ijaarsaafi ibsa eenyummaa hawaasaa, addaan baasuufi waltaasisuu keessatti iddoo olaanaa qaba.

(Madda: Rabbirraa Tarrafaa: Gadaa1:2009, Addunyaa Barkeessaa: Semmoo1:2018)

B. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisicha irratti hundaa'uun dhiyaatan suuta dubbisuun afaaniin deebisaa.

1. Ergaan dimshaashaa keeyyata 2ffaa maali?
2. Gahee afaan hawaasa afaanicha dubbatuuf qabu himi.
3. Keeyyata 3ffaa keessatti jechi 'kana' jedhu yaada maal jedhu ibsa?
4. Afaaniin alatti wantoonni hawaasa walquunnamsiisan kanneen biroon maal fa'i?

C. Jechoonni armaan gadii dubbisa "Afaan" jedhu keessaa bahan. Jechoota kanneeniif hiika galumsaa dubbisichaa irratti hundaa'uun barreessi.

a) fooyyeffachuuf
b) bu'ee ba'uu
c) gahumsi
d) walquunnamtii
e) carraaqqii
f) maddaniif
g) baattuu
h) xiyyeffannoo
i) ulaagaalee
j) bulmaata
k) safuu

Gilgaala 6: Gochaalee Dubbisuun Boodaa

D. Gaaffiiwwan armaan gaditti siif dhiyaatan dubbisa armaan olitti dubbisteefi muuxan noo kee walitti qindeessuun dhiyeessi.

1. Jechoota afaan tokkootiin aadaa saba biraa guutummaatti ibsuun maaliif ulfaataa akka ta'e fakkeenyaan deggaruun ibsi.
2. "Afaan mallattoo eenyummaa saba tokkooti," yoo jedhu maal jechuu barbaadeeti?
3 .Shoora afaan walquunnamtii hawaasaa keessatti qabu gareedhaan irratti mari'achuun dareef afaaniin dhiyeessi.
4. Tajaajila Afaan Oromoo amma kennaa jiru daran akka bal'atuuf gaheen hawaasaafi barattoota irraa eegamu maal?
5. Ergaan waliigalaa dubbisa dhiyaatee maal akka ta'e ibsi.

Yaadannoo: Amaloota Afaanii

Afaan hunduu meeshaa wal-qunnamtii ta'ee waan tajaajiluuf akkasumas, bu'aa mijaa'ina qaamolee dubbii waan ta'eef amala walfakkatu qabaachuun waan hin oolledha. Amaloonni afaanii akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

1. Afaan Kamiyyuu Walqixa

Afaan hunduu hawaasa afaanicha dubbatuuf aadaa isaa nicalaqqisiisa, waan barbaade mara akka barbaadetti ittiin waliigala waan ta'eef, afaan kamiyyuu gama hawaasa keessatti waliigaltee uumuufi ergaa dabarsuu irratti ga'aa waan ta'eef afaan kamuu walqixa jenna. Kana yemmuu jennu, afaan sadarkaa guddinaatiin wal hincaalu jechuu keenya miti.

2. Afaan Mallattoodha

Afaan mallattoodha jechuun, jechoonni afaan tokko keessa jiran mallattoolee waan gurraan dhageenyu, ijaan arginu, wantoota dhandhamnuufi kkf.ti. Kanaafuu, jechoonni kunneen waan arginu, waan dhageenyu, waan dhamdhamnu sana miti.

Fakkeenyaaf: jecha leenca jedhu yoo dhageenyu bineensa guddaa nama sodaachisu, kan bosonatti galuutu sammuu keenyatti dhufa.

3. Afaan Seera Mataa Isaa Qaba

Afaan seera mataa isaa qaba yommuu jennu, sagaleelee afaan tokko keessa jiran irraa eegalee hanga sadarkaa himaatti jiran duraa duuba isaanii eeganii dhaamsa tokko dabarsuu akka danda'anitti kan qindaa'an jechuudha.

1. Sadarkaa Jechaatti

Fakkeenyaaf:

Afaan Ingilizii	**Afaan Oromoo**
Sport	ispoortii

Fakkeenya kana irraa wanti hubannu, akka seera Afaan Oromootti dubbifamaan lama walitti aananii jalqabaafi dhuma jechaarratti galuu hindanda'an. Kanaafuu, akka afaanichaaf mijatutti jalqabaafi dhuma jechaarratti dubbachiiftuu daballee jechichatti fayyadamna.

2. Sadarkaa Himaatti

Fakkeenyaaf:

Afaan Ingiliizii- The man killed a lion. (gochimni gidduu, aantimni dhumarra)

Afaan Oromoo- Namichi leenca ajjeese. (gochimni dhumarra, aantimni gidduu)

4.Afaan Nibaratama

Dhalli namaa dandeettii afaanii dhiigaan yookiin dhalootaan kan argatu osoo hintaane, barumsaan. Kunis, karaa idileefi al-idileen ta'a. Barumsi afaanii karaa idileen argamu mana barumsaa deemuudhaan sagantaa idileetiin itti yaadamuun qophiin kan baratamudha. Barumsi afaanii karaa al-idileen argamu immoo, barumsa tasa osoo mana barumsaa hindeemiin warra ofiifi naannoo irraa kan baratamudha.

5. Afaan Kamiyyuu Niliqeeffata

Afaan kamiyyuu niliqeeffata yommuu jennu, sagaleefi jechoota adda addaa afaan biraa keessatti argaman sababa walqunnamtii hawaasummaa kanneen akka oomishaafi yaada waljijjiiruu irraa kan ka'e walirraa ergifachuun itti fayyadamuu danda'a.

Fakkeenyaaf, Afaan Oromoo sagaloota kanneen akka p, v, z fi ts ergifatee itti fayyadamaa jira.

Akkasumas, sadarkaa jechaatti yoo ilaalle Afaan Oromoon jecha televizyiinii jedhu afaan Ingilizii irraa ergifatee itti tajaajilamaa jira.

6. Afaan Nidhalata, Niguddata, Nidu'a

Afaan nidhalata

- Afaan duraan jiru tokkorraa loogni adda addaa afaanota ofdanda'anitti yoo guddatan

Afaan niguddata

- Aadaa hawaasichaa waliin babal'achaafi dagaagaa yoo deeme.
- Galmeen jechootaa, asoosamni, kitaabileen barnootaa, barruuleen, qorannoowwan adda addaa yoo ittiin barreeffaman.
- Afaan barnootaa, afaan sab-qunnamtii, afaan mana murtii, afaan waajjiraalee mootummaafi miti mootummaa keessatti tajaajilarra yoo oole.

Afaan nidu'a

Afaan tokko sababoota adda addaa irraa kan ka'e du'uu danda'a.

- Sababa dhiibbaa afaan biroorraa irra ga'uun afaan isaanii dhiisanii afaan birootti yoo fayyad aman.
- Balaa uumamaan namoonni afaanicha dubbatan yoo dhuman (fkn kirkira lafaa).
- Afaanicha tajaajila adda addaaf itti gargaaramuu dhabuurraa kan ka'e.

7. Afaan Nijijjiirama

Afaan kamiyyuu dheerina yeroofi haala taa'umsa lafaa irraa kan ka'e guddachuu, babal'achuufi fottoquu nidanda'a. Akkasumas, sababa haala taa'umsa lafaarraa kan ka'e hawaasni afaan tokko dub batu walirraa fagaachaa deemuun hawaasa afaan biraa dubbatutti makamuun aadaafi afaansaanii walmakaa deema. Yeroo kana afaan isaanii jijjiiramaaf saaxilamuu danda'a. walumaagalatti, jijjiiramni haala dinagdee, aadaa, hawaasummaa, amantii, siyaasaafi kkf. jijjiiramuu afaan tokkoof sababoota bu'uuraati.

Gilgaala 7: Gochaalee Shaakala Afaanii

Gaaffiiwwan armaan gadii dabtara kee irratti erga barreessitee booda qubee deebii sirrii qabu filadhu.

1. Afaan kamiyyuu walqixa yemmuu jennu:
   A. Afaan hunduu hawaasa afaanicha dubbatuuf gahaa ta'uu
   B. Afaan hunduu sadarkaa guddina walqixaa irra jiraachuu isaa
   C. Afaan sanyiidhaan kan argamu ta'uu
   D. Hunduu deebii sirriidha.
2. Afaan duraan jiru tokko irraa loogni adda addaa afaanota of danda'anitti yoo guddatan:
   A. Afaan guddachuu isaa
   B. Afaan du'uu isaa
   C. Afaan dhalachuu isaa
   D. Afaan seera qabaachuu isaa
3. Waa'ee afaanii kan dhugaa ta'e kami?
   A. Jalqabbii afaanii irratti yaxxinoonni adda addaa haadhiyaatan malee yeroo kana jalqabe jedhanii waliigaluun hindanda'amne.
   B. Afaan caaseffama, qindaa'ina qabatamaafi tartiiba murtaawaa tokko kan qabuudha
   C. Afaaniif hiikni kennamu garaagarummaa akka qabaatu kan taasise umurii dheeraa qabaachuu isaafi tajaajila inni kennu irraa kan ka'eedha.
   D. Afaan bakkaafi yeroon kan daangeffamu miti.
4. Afaan tokko jijjiiramaaf kan saaxilamu yoo maal ta'edha?
   A. Sababa haala taa'umsa lafaarraa
   B. Sababa afaan umurii dheeraa jiraachuu isaarraa
   C. Ilaalcha hawaasichi afaan isaatiif qabu laafaa yoo ta'e
   D. Hunduu deebii ta'uu danda'a.
5. Bakki galumsa mathimaa, aantimaafi gochimaa afaanota garaagaraa keessatti bakka garaagaraa taa'uun isaa maal agarsiisa?
   A. Afaan mallattoo ta'uu
   B. Afaan seera mataasaa qabaachuu
   C. Afaan kan baratamu ta'uu
   D. Afaan walqixa ta'uu

6. Ka'umsi yaaxxina ' Afaan Waaqatu uume' jedhuu maali?

   A. Amantaa C. seera uumamaa

   B. Hojii gamtaa D. Akkeessuu

7. Namni Afaan Oromoo beeku tokko jecha saree jedhu yemmuu dhaga'u beelada mana eegdu, kan duttuufi kan nama ciniintu ta'uu yaadachuun isaa:

   A. Afaan seera mataasaa qabaachuu agarsiisa

   B. Afaan mallattoo ta'uu agarsiisa

   C. Afaan akka feetee ta'uu agarsiisa

   D. Afaan kan baratamu ta'uu agarsiisa.

8. "Afaan adeemsa tirataan uumame," yaaxxinni jedhu ragaa maal jedhu dhiyeessa?

   A. Rifuu Waaqaatiin adda bahuu

   B. Adeemsa nyaataa, afuura

   C. Wal-kipha qaamolee dubbii baafannaafi wkf.

   D. Hunduu deebiidha

   E. B fi C'n deebiidha.

9. Hojii gamtaan hojjetamu keessatti sagalee jajjabinaa dhaga'amu irraa afaan uumame jechuun ragaa kan dhiyeessu yaaxxina kami?

   A. Afaan adeemsa tirataan uumame

   B. Afaan namatu uummate

   C. Afaan Waaqatu uume

   D. Yaaxxinooti sadanuu akka ragaatti itti fayyadamaniiru.

10. Kanneen armaan gadii keessaa tokko amala afaanii miti.

   A. Afaan sanyiidhaan dhalootaa dhalootatti darba.

   B. Afaan akkafeeteedha.

   C. Afaan niguddata.

   D. Afaan hunduu walqixa

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 8: Gochaalee Barreessuu

A.Gaaffiiwwan armaan gadii akkaataa gaafatamteen deebisi.

1. Afee dubbistan irratti hundaa'uun dubbisa haaraa keeyyata sadii qabu barreessi.
2. Yaada cuunfaa afee dubbisichaa keeyyata tokkootti gabaabsuun barreessi.

B. Bakka duwwaa kennaman irratti jechoota siif kennaman keessaa filachuun keeyyaticha guutuu taasisuun barreessi.

gama biraatiin	aadaa
walfakkaatu	irra deddeebi'uu
hawaasummaa	tasummaa
wal-qunnamtii	seerluga

Afaan hunduu meeshaa (1)_____ waan ta'eef, amloota (2) _____ qabu. Isaan keessaa tokko (3)_____ ta'a. Yaanni kun moggaasarratti wanta mul'atuufi jecha wanticha bakka bu'e gidduu firoommiin hinjiru jechuudha. (4)_____, afaan seera qabaachuun isaa (5)_____ irratti waan ta'eef, taasummaa isaa hinfaallessu. Amalli afaanii inni biraa
dachummaa yoo ta'u sagaloota jechootaafi himoota (6)_____ itti fayyadamuu agarsiisa. Afaan amala (7)_____ qabaachuun isaas kan baramuufi (8)_____ faana guddachaa deemu ta'a.

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9: Gochaalee Fayyadama Jechootaa

A. Himoota armaan gadii keessatti jechoota jala sararamaniif akka fakkeenya siif hojjet ammetti hiika galumsaa isaanii barreeffamaan kenni.

Fkn.

a) Barattootni Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa Jeneraal Taaddasaa Birruu yeroo yeroon naannoo isaanii **qulqulleessuu** irratti hirmaatu.
Hiika galumsaa – balfa haxaawuu/dhabamsiisuu

b) Odeeffannoo argannu fudhachuun dura dhugummaa isaa **qulqulleessuu** qabna.
Hiika Galumsaa – mirkaneessuu, adda baasuu, qorachuu

1. Abdiwaaq maatii isaa waliin laaqana **nyaate**.
2. Rooba cimaa roobeen, lagni Qabbannaa guutee namoota baay'ee **nyaate.**
3. Rakkina isaa natti himannaan garaa na **nyaate**.
4. Mucaan kaleessa walargine sun Aqaaqii **aanaa** saddeet keessa jiraata.
5. Barattootni hundi keessan walitti **aanaa** dhaabbadhaa.
6. Oromoon hundinuu waliif **aanaadha.**

7. Oduu sobaa dhaga'uutu jara lamaan addaan **kute.**
8. Lammeessaan ganamaan Ambootti **kute.**
9. Dubbiin isaanii garaa na **kute.**
10. Obbo Ba'eechaan ayyaanaaf hoolaa morma **kute.**

B. Jechoota hima adda addaa keessa galuun hiika garaagaraa qabaachuu danda'an sadii filachuun tokkoo tokkoo isaaniif hima lama lama barreessi. Hiika isaaniis kenni.

1. _____
   _____
2. _____
   _____
3. _____
   _____

Yaadannoo: Hiika Jechootaa Galumsarraa

Jechoonni hiika adda addaa qabu. Hiika jechootaa keessaa inni tokko hiika bakka galumsaati. Hiika galumsaa jechuun jechoonni unka walfakkaatan qabaatanii himoota adda addaa keessa galuudhaan hiika adda addaa kan kennan jechuudha.

Fkn.

Jecha buuse jedhu himoota adda addaa keessa galchuun hiika garagaraa akka qabaatu ilaaluun nidanda'ama.

1. Hooggansi dubartootaa guddina dinagdee biyyaa ariifachiisuu keessatti bu'aa guddaa buuse.
   Hiika galumsaa – argamsiise
2. Dhibeen 'COVID-19' addunyaa balaa hamaa irra buuse.
   Hiika galumsaa – saaxile, qaqqabsiise
3. Doorsis Konkolaataa irraa mi'a buuse.

Hiika galumsaa - lafa kaa'e

Barannoo Shan: Seerluga

Gilgaala 10:
Gochaalee Gosoota Himaa Tajaajilaafi Caasaadhaan

A. Himoota armaan gadii tajaajila isaanii irratti hundaa'uun gosoota himaa kam kees satti akka ramadaman barreessuun sababa isaa ibsi.

1. Oromiyaan qabeenya uumamaan badhaatuudha.

2. Maal dubbiin bara kanaa akkam nama ajaa'iba!
3. Aadde Dureettiin hoteela isaanii yoom eebbisiisu?
4. Kaayyoo kee galmaan ga'uuf, jabaattee hojjechuu qabda!
5. Boontuun barattoota kutaa 9ffaa keessaa 1ffaa baate.
6. Daandii konkolaataa yoo qaxxaamurtu, danbii tiraafikaa hordofuu qabda!
7. Dubartoonni Birbirsa Gooroo jiraatan gurmaa'uun hojii bu'a-qabeessa hojjetan.
8. Maaloo yaa Waaqa koo maalan sitti balleesse!

B. Gosoota himootaa tajaajila isaanii irratti hundaa'uun tokko tokkoo isaaniif fakkeenya lama lama barreessi.

1. a._____
   b._____
2. a._____
   b._____
3. a._____
   b._____
4. a._____
   b._____

C. Himoota armaan gadii caasaa isaanii irratti hundaa'uun gosoota himaa kam keessatti akka ramadaman barreessuun sababa isaa ibsi.

Fkn.

a. Leencoon gatii salphaan hawaasaaf meeshaalee dhiheesse. (hima salphaa)

b. Uummanni Oromoo barachuu qaba; Lammiin barate mirgasaa gaafata. (hima dachaa)

c. Meeshaalee qara qaban waliin fayyadamuun, dhukkuba HIV/AIDS'f nama saaxila. (hima xaxamaa)

d. Yammuu dhufus, yammuu galus, nutti goree nyaatee dhugee darbe. (hima dacha xaxamaa)

1. Yoo sooromtes, yoo hiyyoomtes gorsa maatii kee hin dagatin.
2. Qilleensarras kaattu, lafarras arreeddu walgahiin Finfinneedha.
3. Guyyaa Caffee Araaraa dhaqxuufi deebitu, na dubbisi.
4. Sooromeen, intalli obbo Tufaa, barsiistuu taate.
5. Guutaan Hawaasaa deemee dhufe.
6. Manichi cimaadha: dhagaa, sibilaafi simintoo irraa ijaarame.

BOQONNAA LAMA
QARAXA /TAX/

Kaayyoowwan: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- Afee/dubbisa dhaggeeffachuu keessatti odeeffannoo baay'ee barbaachisoofi hinbarbaachifne gidd uu jiru adda baasta.
- Yaada kee sodaa tokko malee ibsatta.
- Ergaa dubbisa dubbistee itti fayyadamta.
- Daataa/ragaa hiikta.
- Qubeessuu jechoota haaraa mirkaneefachuuf galmee jechaatti fayyadamta.
- Keeyyata tokko barreessita.
- Barreessuufi dubbisuu keessatti gochima hennaa garagaraa hubachuun fayyadamta.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun Duraa

A. Barreeffama barsiisaa/tuun isinii dubbisu/tu dhaggeeffachuu osoo hineegalin, gaaffii wwan armaan gadii irratti gareen mari'adhaa.

1. Qaraxa jechuun maal jechuudha?
2. Qaraxa kaffaluun maaliif barbaachise?
3. Kaffaltoonni qaraxaa mirgaafi dirqama akkamii qabu jettee yaadda?

B. Jechoota armaan gadii dubbisa barsiisaa/tuun kee siif dubbisuuf deemu/tu, osoo dhaggeeffachuutti hin seenin dura, hiika isaanii tilmaami.

a. taayitaa
b. tumaman
c. bittinnaa'een
d. dhala
e. herrega
f. irratti gatamuu

Gilgaala 2 : Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Amma barreeffama mata dureen isaa 'Mirgootaafi Dirqamoota Kaffaltoota 'Qaraxaa' jedhu jalatti dhiyaate barsiisaan/tuun kee siif dubbisu/tu dhaggeeffachaa iddoo duwwaa armaan gadii jecha yookaan gaalee sirrii ta'een guuti. Sana booda deebii keessan gareen walii mirkaneessaa.

1. Seerota qaraxaa bulchuufi hojiirra oolchuun itti gaafatamummaa _____ sadarkaan jiraniiti.
2. Biyyoota dimookiraatawaa ta'an keessatti kaffaltoonni qaraxaa _____fi _____ adda addaa qabu.
3. Mirgoota kaffaltoonni qaban: _____, _____, _____ fi _____ fa'i.
4. Kaffalaan qaraxaa dirqama galii _____fi qaraxa irraa barbaadamu _____ kaffaluu qaba.
5. Kaffalaan qaraxaa dirqama seeraan irratti gatame bahuu yoo dhabe, itti gaafatamummaa _____fi itti gaafatamummaa _____ hordofsiisa.
6. Labsii keewwata _____ hanga _____ jiran jalatti badiiwwan bulchiinsaafi adabbiiwwan hordofsiisuu danda'an tilmaamanii argamu.
7. Gosootni adabbii bulchiinsaa kunis _____ yookiin _____ ta'uu dandayu.
8. Kaffalaan qaraxaa _____ adabamuun itti gaafatamummaa yakkaas ta'e dirqama qaraxa irraa barbaadamu kan hambisu miti.

B. Bakka duwwaa gilgaala 2A jalatti guutte irratti hundaa'uun yaadolee guutte kanneen kees saa yaada baay'ee barbaachisaafi yaada barbaachisaa hintaane adda baasi.

Fkn.

Biyyoota dimokiraatawaa ta'an keessatti qaraxa kaffaluun wal-qabatee kaffaltoonni qaraxaa mirgootaafi dirqamoota adda addaa niqabu.

Yaada baay'ee barbaachisaa ta'e - Biyyoota dimokiraatawaa ta'an keessatti kaffaltoonni qaraxaa mirgootaafi dirqamoota adda addaa niqabu.

Yaada baay'ee barbaachisaa hintaane - qaraxa kaffaluun wal-qabatee

Gilgaala 3 : Gochaalee Dhaggeeffachuun Boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun barreeffamaan erga deebiftee booda, gareen irratti mari'adhaa.

1. Ergaan walii gala barreeffama dhaggeeffattee maali?
2. Mirgoonniifi dirqamoonni kaffaltoota qaraxaa maali?
3. Namoonni hundumtuu qaraxa kaffaluuf amanamoodha jettee yaaddaa? Maaliif?
4. Galii qaraxa irraa argamu ol guddisuuf gaheen ati bahuu qabdu maali?

Barannoo Lama: Dubbachuu

Gilgaala 4: Gochaalee Dubbachuu

A. Waajjira Abbaa Taayitaa Galiiwwanii Ganda, Aanaa, Kutaa magaalaa yookaan Magaalaa naannoo keetti argamu deemuudhaan hamma qaraxa bara darbe sas saabame, gosa galiin irraa argameefi galiiwwan argaman tajaajila maaliif akka ool chan gaafachuun odeeffannoo argatte dareef dhiyeessi.

B. Qajeelfamoota falmii barsiisaa/tuun keessan isiniif kennu/tu irratti hundaa'uun mata duree armaan gaditti dhiyaatan keessaa tokko filachuun garee adda addaa uumuun falmii gaggeessaa.

1. Qaraxa kaffaluun mootummaaf malee uummataaf bu'aa hinqabu.
2. Namni tokko qaraxa kaffaluu yoo baates mootummaa irraa tajaajila barbaachisu argachuu qaba.
3. Namoonni qaraxa kaffalaniifi qabeenya qaraxa itti kaffalan hinqabne tajaajila walqixaa argachuu hinqaban.

Barannoo Sadii: Dubbisuufi Dubbachuu

Gilgaala 5: Gochaalee Dubbisuun Duraa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii, osoo gara dubbisaatti hin seenin dura, gareen irratti mari'achuun afaaniin deebisaa.



Waajjira galiiwwanii

1. Fakkii armaan olii irraa maal hubattu?
2. Qaraxa kaffaluun faayidaa maalii qaba? Muuxannoo kee irratti hundaa'uun deebisi.
3. Naannoo ati jiraattutti namoonni qaraxa kaffaluu irratti hubannoo akkamii qabu?
4. Galii qaraxa irraa argamuun hojii bu'uuraalee misoomaa hojjetaman himi.

B. Jechootaafi gaaleewwan itti aananii jiran dubbisa armaan gaditti dhiyaate dubbisuutti osoo hinseenin dura, hiika galmee jechootaa isaanii tilmaami.

a. tasgabbii

b. uwwisuuf

c. dhaabbilee namummaa

Gilgaala 6: Gochaalee Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa 'Qaraxa/Tax' jedhu gaditti dhiyaate saffisaan dubbisuun, gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Dubbisni kun keeyyata meeqa qaba?
2. Keeyyata meeqaffaatu waa'ee yaadrimee qaraxaa ibsa?
3. Keeyyatni sadaffaan waa'ee maalii ibsa?
4. Kaayyoon qaraxarraa galii sassaabuu maali?
5. Yaadni walii galaa dubbisa kanaa maali?

Qaraxa/Tax

Mootummaan tajaajila hawaasummaa, misoomaa, nagaafi **tasgabbii** mirkaneessuuf galiin barbaachisaadha. Galiin kunis maddoota adda addaa irraa kan argamu yoo ta'ellee, qaraxni madda galii isa ijoofi murteessaadha. Mootummaaleen aangoofi gahee hojii heeraafi seeraan kennameef bahachuuf baasii isaan barbaachisu seeraan murteessuun qaraxa kan sassaaban kanumaafi. Kan biyya keenyaas kana irraa adda miti. Durii jalqabee, mootummaan dinagdee namoota dhuunfaafi interpiraayizootaa waliin qabu karaa qaraxaan walquunnama. Sirna maallaqaa (fiscal system) hammayyaawaa keessatti, galiin qaraxa irraa argamu baasiiwwan tajaajila hawaasaa adda addaa mootummaan ittiin hojjetu **uwwisuuf** lafee dugdaadha. Mootummaan gahee hojii isaa sirnaan bahachuuf qarshii isa barbaachisa. Karaawwan mootummaan qarshii isa barbaachisu ittiin argatu adda addaa jiraatanus, inni duraafi galiin hedduun irraa argamu qaraxa irraati. Jecha waliigalaatiin, qaraxni galii buusii namoonni dhuunfaa qabeenya dhuunfaa isaanii irraa mootummaan hojii isaa akka hojjetuuf galma isaa akka gahuuf suphaafi ittisa mootummaatiif taasifamudha. Jecha salphaan qaraxni galii buusii maallaqaa yookiin bifa biraan mootummaan namoota dhuunfaa yookiin **dhaabbilee namummaa** seeraa qaban irratti murtaa'udha.

Galiin qaraxa irraa argamu guddina dinagdee (economic development) biyya tokkoof gahee bakka hinbu'amne qaba. Kaayyoon qaraxa irraa galii sassaabuus galii mootummaa guddisuun hojiiwwan tajaajila hawaasaa hundaaf gargaaran akka **babal'atan** taasisuudha. Qaraxni kaappitaalli mootummaa akka guddatu taasisuun mootummaan gahee hojiisaa sirnaan bahachuu akka danda'u taasisa. Qaraxni gabaa tasgabbeessuufis nigargaara. Sababni isaa, **qaala'uu** jireenyaa (inflation) to'achuu keessatti akka tooftaa bu'a-qabeessa ta'e tokkootti kan gargaaru waan ta'eefi. Kunis, dhibbentaan qaraxa kallattii ol kaasuun baasiin dhuunfaa akka xiqqaatu taasisuun dhiibbaan meeshaalee gabaa irraa akka gadi bu'u taasisuudha.

Qaraxni garaagarummaan qabeenyaa (wealth) sooressaafi hiyyeessa gidduutti akka hinbal'anne taasisuuf akka meeshaatti gargaaruu nidanda'a. Kunis, isa sooressa irratti kaffaltii dhibbeentaa guddaa hiyyeessa caalchisanii murteessuun garaagarummaan isaanii garmalee akka hinbal'anne taasisuu nidanda'a waan ta'eefi.

Qaraxni gahee mootummaan sirna gabaa keessatti taphachuu danda'u tokko akka taphatu gochuufis nigargaara. Kun kan ta'u, qaraxatti fayyadamuun fedhii fayyadamaan meeshaalee irratti qabu akka dabalu ykn akka hir'atu gochuudha. Fakkeenyaaf, meeshaalee **summaawoo**fi fayyadamummaan isaanii akka hir'atu barbaadamu irratti qaraxa muramu olkaasuun yeroo fayyadamaan filannoo biraatti akka gargaaramuuf yaalamu nijira. Kana malees, mootummaan meeshaaleefi oomishtoota biyya keessaaf eegumsa addaa gochuuf jecha qaraxa muramu akka meeshaatti yeroon fayyadamamu nijira.

Akka aadaatti (traditionally) mootummaan hojiiwwan nageenya hawaasaa eegsisan hojjeta. Kana milkeessuufis hojiiwwan akka raayyaa ittisaafi poolisii kan ijaaru yoo ta'u; hojichaafis fandii (fund) nibarbaada. Yeroo ammaa garuu, dhimmi kun biyyoota dhihaa biratti hojiiwwan mootummaan hojjetu keessaa hojii gar-tokkeefi isa xiqqaadha. Kan mootummaan galii walitti qabuufis, hojiiwwan raayyaa ittisaafi poolisii hundeessuuf ta'uu caalaa, akka mootummaatti dirqama irraa eegamu bahuufi baasiiwwan hojii tajaajila hawaasummaaf hojjetaman ittiin **haguuguuf** jedhameeti. Yeroo **si'anaatti,** kaayyoon qaraxni sassaabamuufis kanaan walqabata. Barbaachisummaa qaraxaa akka madda galiitti, yeroo tokko Barreessaan Olaanaa Dhaabbata Waldeeggarsaafi Guddina Dinagdee (Organization for Economic Cooperation and Development-OECD), Angel Gurría, akka ibsetti, hojiiwwan tajaajila hawaasaaf barbaachisoo ta'aniifi
guddina waarawaa galmaan gahuufillee galiin qaraxa irraa argamu murteessaa akka ta'e hubatama. Gama biraan, sirni qaraxa galii bu'a qabeessi yoo jiraate galii biyya keessaa guddisuun (Domestic Resource Moblization) akka danda'amuufi biyyoota guddatan 20 (G20) dabalatee dhaabbatni waldeeggarsaafi guddina dinagdee (OECD) deeggarsi biyyoota guddataa jiraniif ta'u gama gahumsaafi ogummaa isaan ittiin qaraxa sirriitti sassaabuu danda'an irratti hubannoo kennuun ta'uu akka qabu ibsama.
Akka waliigalaatti, kaayyoon qaraxaa galii maddisiisuu, garaagarummaa dinagdee dureessaafi hiyyeessa jidduutti mul'atu hiri'isuu, dinagdee tasgabbeessuu, oomishoota, meeshaaleefi tajaajilawwan bu'uura hintaaneefi miidhaa geessisuu danda'an hir'isuu, invastimantii jajjabeessuu, warshaaleefi oomishoota biyya keessaaf eegumsa gochuufi daldala **al-ergii** jajjabeessuudha.

B. Akkaataa odeeffannoo dubbisa keessatti kennameen, himoota armaan gadii kanneen yaada sirrii qaban Dhugaa kanneen dogoggora ta'an ammoo, Soba jechuun sababa waliin deebisi.

1. Biyyi tokko guddachuuf galiin qaraxa irraa argamu daran barbaachisaadha.
2. Mootummaan gahee hojii isaa sirnaan bahachuuf qarshii isa barbaachisa.
3. Kaayyoon qaraxa irraa galii sassaabuu galii mootummaa guddisuun hojiiwwan tajaajila hawaasaaf oolan akka babal'atan taasisuudha.
4. Qaraxni gabaa tasgabbeessuuf gahee inni qabu hin jiru.
5. Qaraxni garaagarummaan qabeenyaa (wealth) sooressaafi hiyyeessa gidduutti akka hinbal'anne taasisuun sooreessi qofti akka fayyadamuuf gargaara.

C. Jechoonni armaan gadii dubbisa keessaa fudhataman. Galmee jechootaa fayyadamu un hiika jechoota kanniinii barreessi.

a. qaala'uu
b. summaa'oo
c. haguuguu
d. waarawaa
e. si'anaatti
f. maddisiisuu
g. al-ergii

Gilgaala 7: Gochaalee Dubbisuun Boodaa

Cimdii yookaan gareen ta'uun dubbisa armaan olitti dhiyaateen walqabsiisuun gaaffiiwwan armaan gadii irratti erga mari'attanii booda yaada keessan dareef dhiyeessaa.

1. Qaraxni maali? Qaraxa kaffaluun barbaachisaadhaa? Maaliif?
2. Keeyyanni lammaffaan waa'ee maalii ibsa?
3. Keeyyata shanaffaa bo'oo lammaffaa irratti yaadni "kunis kan ta'u" jedhu maal ibsuu barbaadeeti?
4. "Galiin qaraxa irraa argamu baasiiwwan tajaajila hawaasaa adda addaa mootummaan ittiin hojjetu uwwisuuf lafee dugdaati." Yoo jedhu maal jechuudha.
5. Galiin qaraxa irraa argamu akka dabaluuf maaltu ta'uu qaba jetta?
6. Hariiroon kaffaltii qaraxaafi tajaajila bu'uuraalee misoomaa gidduu jiru maali?

Gilgaala 8: Gabateefi Giraafii Dubbisuu/Gabateefi Giraafii Irraa Odeeffannoo Argachuu

A. Gaaffiiwwan armaan gadii gabatee raawwii galii gibiraa ji'a Caamsaa, 2011 Bulchiinsa Magaalaa Finfinneef, Federaalaafi Naannoleerraa naanna'e, irratti hundaa'uun deebisi.

Gabatee Raawwii Galii Gibiraa Ji'a Caamsaa, 2011 Bulchiinsa Magaalaa Finfinneef, Federaalaafi Naannoleerraa Naanna'e.

Gosa Galii

T/L	Ji'a	Galii VAT'n sassaabame	Galii gibiraa kaffaltii dursaa 2%	Galii gibiraa kaffaltii dursaa 3%	Galii kiraa irraa (100%)	Ida'ama waliigalaa
1	Wax. 25,2010 booda	79,340,755.68	62,447,119.12	21,902,398.27		163,690,273.07
2	Adool.	39,954,846.08	39,476,954.25	97,515,971.29	1,386,111.32	178,333,882.94
3	Hag.	41,604,053.24	81,022,596.23	136,028,739.28	786,362.51	259,441,751.26
4	Ful.	83,818,712.43	49,085,392.47	91,553,440.22	2,157,765.76	226,615,310.88
5	Onk.	35,743,238.39	42,469,576.13	88,893,501.64	20,483,753.61	187,590,069.77
6	Sad.	58001575.35	61912076.32	84913498.6	2989.06	204,830,139.33
7	Mud.	67,129,958.23	46,857,188.15	118,692,916.23	11,144,760.25	243,824,822.86
8	Amaj.	59,821,088.89	70,079,285.95	122,963,484.59	2,098,867.20	254,962,726.63
9	Gur.	46,057,122.17	68,396,731.66	123,659,937.38		238,113,791.21
10	Bit.	71,497,073.37	48,735,780.83	103,355,739.31	775,683.27	224,364,276.78
11	Ebla.	44,883,981.20	48,115,524.62	112,497,797.38	4,046,976.65	209,544,279.85
Ida'ama		699,349,478.40	666,939,532.52	1,205,333,163.5	43,658,952.90	2,615,281,127.32

1. Ji'a kam keessa galiin kiraarraa sassaabame hundaa ol dabale?
2. Ji'a Adoolessaa keessa galii VAT irraa sassaabameefi galii kiraarraa argame gidduu garaa garummaan jiru meeqa?
3. Akka waliigalaatti ji'a kam keessa galiin olaanaa sassaabame?
4. Ji'oota hunda keessaa galii gadaanaan kan sassaabame yoom?
5. Maddeen galii gibiraa hunda keessaa kan galii irra caalaa argamsiise kam?
6. Akka waliigalaatti gosoota galii hundarraa qarshii hagamtu sassaabame?

B. Giraafii armaan gadii irratti hundaa'uun gaaffiiwwan itti aananii jiran barreeffamaan deebisi.

Giraafii Istaatiksii Baay'ina Manneen Barnootaa Idilee Duraa Magaalaa Finfinnee Bara 2007-2011 A.L.I



(Madda: Education Statistics Annual Abstract 2011E.C (2018/19 G.C))

1. Baay'inni manneen barnootaa bara kam harka guddaan gadi bu'aadha?
2. Bara 2008-2010'tti baay'inni manneen barnootaa meeqaan gadi bu'e?
3. Bara kamitti lakkoofsi manneen barnootaa caalaatti dabale?
4. Bara kamii kaasee baay'inni manneen barnootaa gadi bu'aa dhufe?
5. Giraafii armaan olii irraa waan hubatte keeyyata tokkoon barreessi.
6. Baay'ina barattoota mana barumsaa keetii kan waggoota shaniif walitti aanu giraafiin agarsiisi.

Barannoo Afur: Barreessuu

Yaadannoo: Keeyyata Barreessuu

Himoonni haala seera-qabeessa ta'een walitti qinda'anii yaada handhuura ta'e tokko dabarsan irraa kan ijaaramu keeyyata jedhama.

Gosoota Keeyyataa

Keeyyanni sadarkaaleen ogummaa barreessuu itti gabbifamu keessaa isa tokko. Ogummaa kana gabbifachuuf gosoota keeyyataa adda baafnee beekuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan qabiyyee yookaan kaayyoofi tajaajila isaarratti hundaa'uun bakka afuritti qoodamu. Isaanis keeyyata

addeessaa, keeyyata seenessaa, keeyyata ibsaafi keeyyata amansiisaa jedhamu.

1. **Keeyyata Addeessaa**

   keeyyanni addeessaa yeroo barreeffamu wantoota, ta'iinsota, gochoota akka argineefi nutti dhaga'ametti barreessuun namni biraa akka keenya akka hubatu jechootaan suuraa sammuu namaa keessatti kaasuu jechuudha.

Fkn. Fuula gara addaatti bal'atee gad dhiphataa dhufu natti agarsiisa daawwitiin. Fuula koo ta'uu isaati, akka daawwitiin natti mul'isetti. Baay'een isaa rifeensa areedaatiin uffifameyyuu gogaan fuula kiyyaa magaala. Magaala akka alaaluunaa. 'of jaje' naan hin jedhinaa malee, waa'ee bareedina koo yeroo dubbatamu nan dhaga'a. konkonni funyaan koo dhaabbatee gadi bu'ee hidhii koo gadi ilaala. Hidhiiwwan koo fufurdoodha. Ennaa xiqqoo saaqaman immoo, ilkaanneen adiin isaanii urjiilee waariin dorgomantu gadi ba'a. 'yeroo kaarruu ilkaan kee ilaalan, bareedinni kee hundi waan afaan kee keessa riphee turee namatti gadi ba'e fakkaata' jedhanii natti qoosu namoonni tokko tokko. Kan xiqqoo na saalfachiisu xixiqqeenya ijawwan kooti. Namni fagoo dhaabbatee sirriitti isaan arguu hin danda'u. Isaan garuu takkaa nama irra buufannaan, waan sammuu namaa uranii seenanii iccitii keessa isaa dubbisan fakkaatu. Kan rifeensa mataa koo isa masaanuu filaa garuu, utuu na hingaafaattan ta'ee, anis dubbachuu dhiisee gaariidha. Qaamni koo furdaa akka okkotee yookaan qal'aa akka leemmanaa, dheeraa looshaa balbala gugguufee olseenu, yookaan gabaabaa gufaayyaa lafa bira gangalatu osoo hin taane giddu galeessa. Miilawwan koo suuta kaa'ee kaasaa ennaan deemu waan ani boonu itti fakkaata.

(Dhaabaa Wayyeessaa: Godaannisa3:1992 irraa kan fudhatame)

2. Keeyyata Seenessaa

keeyyatni seenessaa ta'iinsota, gochootaafi mudannoowwan xumura tokkotti adeeman gabaasuu jechuudha. Gama biraatiin, seenessuun karaa ittiin yaada tokko namatti dabarsan keessaa tokko ta'ee, seenaa dhugaa ta'e yookaan kan argaa yaadaa jalqaba, gidduufi xumura gaariitiin barreessuu jechuudha.

Fkn. Bara durii keessa namoota sadiitu turan. Namootni sadanuu intala tokko fuudhuu barbaadu turan. Namootni kun abbaa intalaatti waraqaa ergatan. Sana booda abbaan intalaa intala isaa bira deemee kan siif ta'u keessaa filadhu jedhe. Intallis tole jettee kan ana fuudhu nama lafa kana ol fuudhu jette. Kana booda namootni lama lafni akkamiin ol fuudhama jedhanii dhiisanii deeman. Inni tokko immoo tole lafa kana olin fuudhaa lafa kana irraa bu'i ittiin jedhe. Akkasin namichi sun intala sana fuudhe jedhama.

(Madda: Ogafaan Hawaasaa keessaa kan fudhatame)

3. Keeyyata Ibsaa

keeyyanni ibsaa yaadota, wantootaafi haalota ittiin ibsuuf kan nama gargaaruudha. Keeyyanni kun dhugaa irratti xiyyeeffatee kan barreeffamu ta'ee odeeffannoofi qajeelfama kennuuf tajaajila. Fkn. Sabni Oromoo aadaa eenyummaa isaa ibsu qaba. Aadaa fuudhaafi heerumaa, aadaa nyaataa, aadaa uffataa, aadaa walgargaarsaa, aadaa walkabajuu, aadaa ayyaaneffachuufi waan kana fakkaatan. Kanneen keessaa aadaan warroommiis tokko yoo ta'u, innis akkaataa garagaraatiin gaggeeffama. Kaan naqataan kaanis hawweedhaan kaan immoo sabbatmariidhaan warrooma. Haata'u malee, aadaan Oromoo inni jaallatamaafi kabajamaan naqataan gaggeeffamuudha. Naqanni waliigaltee warra intalaarratti hundaa'uun kan raawwatu yoo ta'u, ga'een dargaggootaa garuu baay'ee xiqqaadha. Keessumattuu fedhii intalaaf dhageettii waan laatanuuf hinfakkaatu. Gaa'ila naqataan gaggeeffamu keessatti akka dhaaba yookiin seera jiruutti kenni barbaachisu intalaafi maatii isheef kennamee erga raawwatee booda warri lamaan walii galanii guyyaa cidhaa beellamatu. Guyyaan cidhaa torban lamatti yoo galu intalli kennamtu kun hiriyoota durbaa waliin taatee weedduu eegalti. Weedduun kun hamma guyyaa cidhaatti galgala galgala itti fufa. Haaluma walfakkaatuun gama gurbaa fuudhuutiinis karaa obboleeyyota yookaan firoota isaa warra durbaatiin weedduun kun ni gaggeeffama. Guyyaa beellamaattis qophiiwwan adda addaa taasisuun cidhni gaa'elaa niraawwata.

(Madda: Aadaa Hawaasaa keessaa kan fudhatame)

4. Keeyyata Amansiisaa/Mormisiisaa

keeyyanni amansiisaa ykn mormisiisaan yaada ofii dubbistoota amansiisuuf yookaan fudhachiisuuf haqa (fakkeenyaafi sababoota adda addaatti gargaaramanii) barreessuu jechuudha. Keeyyata amansiisaa keessatti yaanni barreeffamu ilaalcha yoo ta'e ragaadhaan deeggaramuu qaba; haqa yoo ta'e garuu ragaa hin barbaadu. Kaayyoon keeyyata amansiisaa ilaalcha, amantaafi kaayyoo namaa jijjiiruu waan ta'eef barreeffamaan dubbistoota amansiisuuf haqarratti hundaa'uun barbaachisaadha.

Fkn. **Barnoota Ga'eessotaa**

Barnoonni ga'eessotaaf yoo kenname biyyaafi hawaasa naannoof bu'aa adda addaa qaba. Inni jalqabaa dubbisuufi barreessuu waan barataniif beekumsaafi odeeffannoo fudhachuufi kennuuirratti hinrakkatan. Kana malees, jiruufi jireenya isaanii haala ammayya'aa ta'een akka gaggeessan isaan dandeessisa. Akkasumas, barnoota fayyaa, qulqullina dhuunfaafi naannoo ilaalchisee hubannoo barnoota irraa argataniin qulqullina dhuunfaafi naannoo eeguun lammii fayya- qabeessa horachuun nidanda'ama. Kanaafuu, hawaasa barnoota idilee hinarganneef naannoo isaan jiraatanitti haala mijeessuun barnoonni ga'eessotaa yoo kennameef faayidaa guddaa hawaasichaafis ta'e biyyaaf argamsiisa.

Gilgaala 9: Gochaalee Keeyyata Barreessuu

A. Tartiiba himoota armaan gadii akka duraa duuba ta'iinsaatti sirreessi barreessi. Sana booda, walqabsiistota himoota walitti hidhan gargaaramuun keeyyata tokko barreessi.

A. Roobiifi Kamisa midhaan nyaataafi dhugaatii ta'u bibbitaan oole.

B. Dilbata ganama teessuma qopheessee keessumoota koo laaqanaaf eeguun jalqabe.

C. Kaleessa maaliif akka hafen gaafadhe.

D. Jimaata ganamaa kaasee hanga galgalaatti dallaa qulqulleessaan oole.

E. Waanaan ayyaana waggaa tokkoffaa mucaa kootii ta'e baay'ee nadinqa.

F. Eegnaan eegnaan namni as bahu dhibe.

G. Sanbata nyaataaf dhugaatii barbaachisanan qopheessaa oole.

H. Wiixataa eegalee hanga Roobiitti waraqaa waamichaan hiraa ture.

I. Borumtaa isaa laaqana nyaadhee yeroon gara hojiitti deebi'uuf jedhu kessummaan jalqabaa dhufe wajjin waanan qopheesse nyaachuutti kaane.

J. Waraqaa waamichaa natti hiixate.

K. Edaa guyyaa tokko dabaleen barreesseera.

L. Eegee eegee naaf gamnaan mucaa koo suuraa kaasiseen dhiise.

B. Mata dureewwan armaan gaditti siif kennaman keessaa tokko filachuudhaan keeyyata tokko barreessi. keeyyata barreessites gosa kam akka ta'e sababa waliin himi.

a. Faayidaa barnootaa

b. Miidhagina Dureettii

c. Mana barumsaa keenya

d. Seenaa Siidaa Dabalee

e. Barnootaafi daldala

Barannoo Shan: Fayyadama Jechaa

Gilgaala 10: Gochaalee Fayyadama Jechaa

A. Jechoota barsiisaa/tuun kee siif dubbistu sirriitti qubeessuun barreessi. Erga bar reessitee booda cimdiin ta'uun galmee jechootaatti fayyadamuun hiika isaanii kennaa. Jechoota kanneenis hima keessa galchuun tajaajila isaanii agarsiisaa.

B. Jechoota armaan gaditti dogongora qubeessuu qaban sirreessitee erga barreessitee booda kan hiriyaa kee wajjin walbira qabuun ilaali.

1. malaamalttumaa _____
2. konkoolataa _____
3. degersa _____
4. gudinnaa _____
5. badiya _____

C. Jechoota sirriitti qubeeffamanii bakka duwwaa guutuu danda'an filadhu.

1. Oromiyaan qabeenya _____n beekamtuudha.
   A. uumama B. uumamaa C. uumaamaa D. umama
2. Marsan _____n gara mana barumsaa deemte.
   A. daddaffii B. dadaffii C. daddafii D. dadafii
3. Qoricha aadaa sirnaan _____fudhachuun barbaachisaadha.
   A. qorattame B. qoratame C. qorratame D. qoratamme
4. Boonsaan _____ marga haama.
   A. taa'e B. ta'ee C. taa'ee D. ta'ee

5. Waan kaleessa _____har'a _____odeessa.

A. taa'e/ta'e B. ta'e/taa'ee C. taa'ee/taa'ee D. ta'e/ta'e

6. Hordofaan buna _____Jimma deeme.

A. bu'u B. buu'uu C. buu'u D. bu'uu

D. Jecha sirriitti qubeeffame filadhu.

1. A. kessa B. dandeettii C. qulqqullina D. gageessuu
2. A. birbirsa B. Caffe C. Bokuu D. magarisa
3. A. Atetee B. Jinfuu C. lootii D. B fi C 'n deebiidha.
4. A. kalacha B. gogeessa C. boratii D. jabii

Barannoo Ja'a: Seerluga

Yaadannoo: Hennaa/Tense

Hennaan yeroo raawwii gocha tokkoo agarsiisuuf kan gargaarudha. Afaan Oromoo keessatti hennaa gosa sadiitu jira. Gosa sadeen kana ammoo tajaajila garagaraaf itti gargaaramna.

Gosoota Hennaa/Types of Tense/

1) **Hennaa Ammennaa/Present Tense/**

Hennaan ammennaa gochoota yeroo armaan gadiitiif raawwataman ibsa.

- **Gochoota irra deddeebi'uun amaleeffannaan raawwataman ibsuuf**. Kana jechuun gochoota nuyi ammaa amma, guyyaa guyyaan, torbee torbeen, ji'a ji'aaniifi kkf. utuu addaan hinkutin irra deddeebiin raawwachuuf amala nutti ta'an ibsuuf gargaara.

Fkn.

1. Siddiseen ganama ganama sa'aatii 12:00tti hirribaa kaati.
2. Ani yeroo hundumaa ilkaan koo nan rigadha.

- **Wanta akka walii galaatti dhugaa ta'e ibsuuf.**

Fkn.

1. Simbirroonni koochoo qabu.
2. Haati haadha kootii akkoo kooti.

- **Haala amma jiru ibsuuf. Akkasumas, miira amma namatti dhaga'amaa jiru ibsuudhaaf gargaara.**

Fkn.

1. Waaddii fooniitu natti urga'aa jira.
2. Gammachuutu natti dhaga'ama.

- **Gocha gara fuulduraatti raawwatamuuf jiru, yeroon raawwii isaa murta'aa ta'e ibsuuf.**

  Fkn.

  1. Manni barumsaa torban dhufu cufama.
  2. Haati koo waaree booda dhufti.

2) Hennaa Amsiiqaa/Present Continuous Tense

Hennaan amsiiqaa gosa hennaa ammaa ta'ee, gocha amma raawwatamaa jiru kan osoo hin xumuramin yeroo gabaabaafis ta'e yeroo dheeraaf itti fufee raawwatamaa jiru agarsiisa. Dabalataanis, hennaan amsiiqaa gochimoota muummeefi gargaartuu kan of keessaa qabu ta'ee, gochimni muummee dhaamjecha '**aa'** dabalachuun gochimoota gargaartuu waliin galuun beekama.

Fkn.

1. Ayyaantuufi Dameen xalayaa barreessaa **jiru**.
2. Dargaggoonni magaalaa Finfinnee harka qalleeyyii gargaaraa jiru.

3) Hennaa Raawwima Ammennaa/Present Perfect Tense

Hennaan raawwima ammeennaa gosoota hennaa ammaa keessaa tokko ta'e, tajaajiloota armaan gadii qaba.

- **Gocha yeroo darbe eegalee hanga ammaatti itti fufaa jiru ibsa.**

Fkn.

1. Dheengadda irraa eegalee qorri cimaan tureera.
2. Lalisaan waggoota kurnan darbaniif Urufa Boombii keessa jiraateera.

- **Gocha yeroo darbe keessa raawwatamee xumurame, garuu bu'aan isaa immoo amma mul'atu agarsiisuuf gargaara.**

Fkn.

1. Toltuun qarabaadhaan harka of murte.
2. Biqilaafi Biqiltuun gamoo ijaarratan.

- **Gocha yeroo darbe keessa raawwatamee, yeroon raawwii isaa hinyaadatamne yookiin hinbeekamne ibsuuf tajaajila.**

Fkn.

1. Ani asoosama dheeraa "Dhaamsa Abbaa" jedhu dubbiseera.

4) Hennaa Darbeennaa/ Simple Past Tense

Hennaan darbennaa tajaajiloota armaan gadii qaba.

➢ **Gocha yeroo darbe keessa raawwatame addeessa.**

Fkn.

1. Siddiseen huccuu bitachuuf Gabaa Agamsaa deemte.

➢ **Gocha yeroo darbe keessa raawwatamaa ture ibsuuf.**

Fkn.

1. Eda galgala saroonni dutaa bulan.

5) Hennaa Tarsiiqaa/Past Continouos Tense

Hennaan tarsiqaa gocha yeroo darbe keessa raawwatamaa ture agarsiisa. Akkasumas, gochoota walfaana raawwataman keessaa yeroo raawwii isaan isa as aanuudha.

Fkn.

Yeroo barattoonni dhufan, barsiisaan daree keessa jira.

- **Hima armaan olii keessatti gochi gurraacha'ee barreeffame hennaa tarsiiqaa yoo ta'u,kan hafe immoo raawwima darbennnaa ta'a.**

6) Hennaa raawwima darbennaa/past perfect tense

Hennaan raawwima darbennaa gochoota yeroo darbe keessa walfaana raawwataman keessaa isa dursee raawwatame kan ibsudha.

Fkn.

Yeroo isheen mana geessu, **Abdiisaan hojii deemeera**.

Hima armaan olii keessatti gochi gurraacha'ee barreeffame **hennaa raawwima darbennaa** yoo ta'u, kan hafe immoo **hennaa tarsiiqaa ta'a.**

7) Hennaa Murannaa

Hennaan murannaa gocha gara fuulduraatti raawwatamuun isaa hin oolle, garuu yeroon itti raawwatamu adda ba'ee hin beekamneedha.

Fkn.

Roobsan eebbifamuuf jira.

8) Hennaa murannaalaa

Hennaan murannaalaa gocha gara fuulduraatti raawwatamuuf malu kan ibsu ta'ee, gochichi raawwatamuu yookiin raawwatamuu dhabuu ni danda'a.

Fkn.

Obseen bor ni **dhufti ta'a.**

Gilgaala 11: Gochaalee Shaakala Hennaa

Himoota armaan gadiitti kennaman gosoota hennaa kamiin akka barreeffaman adda baasuun barreessi.

1. Dagaagaan haadha isaa gargaaraa jira.
2. Caaliin dheeraadha.
3. Isheen quuftuudha.
4. Dacheen biiftuutti naannofti.
5. Yeroo ani mana ga'u, aduun dhiiteetti.
6. Balaan tiraafikaa dabalaa jira.
7. Kitilaan hojii manaa hojjechaa jira.
8. Leensaan rafaa hin jirtu.
9. Loomiteen umrii ishee guutuu Adaamaa keessa jiraatteetti.
10. Ani bara dhufu Amerikaa nan dhaqa ta'a.

Gilgaala 12:

A. Himoota hennaa adda addaa qaban yoo xinnaate shan barreessuun hiriyoota kee waliin irratti mari'adhu.

B. Gosoota hennaa roga 'A' jala jiran fakkeenya isaanii kanneen roga ' B ' jalatti kennamaniin walitti firoomsi.

A	B
1. Hennaa tarsiiqaa	a. Biqiltuu kununsuun aadaa keenya.
2. Hennaa ammennaa	b. Caalchisaan ni dhufa ta'a.
3. Hennaa raawwima darbennaa	c. Suutumeen heerumuuf jirti.
4. Hennaa murannaa	d. Inni Afaan Oromoo waggoota 15'f barsiisa ture.
5. Hennaa raawwima ammennaa	e. **Yemmuu ani suuqii bahu,** namoonni hundi manatti galaniiru. (kan gurraacha'e)
6. Hennaa murannaalaa	f. Buufata xiyyaaraa yemmuun gahu, **Latiin xiyyaara seenteetti**. (kan gurraacha'e)
7. Hennaa amsiiqaa	g. Roobaan kubbaa taphachaa jira.
8. Hennaa darbeennaa	h. Isheen deemteetti.

BOQONNAA SADII
ALBUUDA BAASUU

Kaayyoowwan: Xumuura barnoota boqonnaa kanaatti:

- Afee/ dubbisa dhaggeeffachuun yaada barreessaan afee/ dubbisa keessatti dabarsuu barbaade ni ibsitu.
- Afee/ dubbisa dubbifamu dhaggeeffattanii ergaa dubbisichaa adda baastu.
- Yaada dubbisaa cuunfitee keessa.
- Hiika walfakkii jechootaa kennita.
- Sirna tuqaalee barreeffama keessatti fayyadamta.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun Duraa

A. Dubbisa/afee barsiisaan/tuun keessan isiniif dubbisu/tu dhaggeeffachuun dura gaaffiiwwan armaan gadii gareen irratti mari'achuun afaaniin deebisaa.

1. Waa'ee Albuudaa kanaan dura waan beektu qabdaa? Waan beektu yoo jiraate garee kee waliin irratti mari'achuun barsiisaa/tuu keessanitti himaa.
2. Albuudni biyyaaf faayidaa maalii qaba?
3. Naannoo ati jiraattu albuunni jiraa? Yoo jiraate namoonni bifa kamiin baasanii itti fayyadamu?
4. Albuudota naannoo keetti argaman kanneen beektu tarreessi.

B. Jechoonni armaan gadii dubbisa ati dhaggeeffachuuf deemtu keessaa bahan; dhaggeeffachuu keetti gufuu akka sitti hintaaneef hiika isaanii tilmaami.

a) sharafa
b) alkallattiin
c) gaggeeffatu
d) hambaalee
e) utubaa

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Barsiisaa/tuun kee barreeffama "Faayidaa Albuuda Baasuu" jedhu siif dubbisa/ti. Atiimmoo dhaggeeffachaa bakka duwwaa keeyyata armaan gadii guuti.

1. Albuuda baasuun guddina biyya tokkoof kallattii adda addaan _____ taasisa. Faayidaan kunis guddina dinagdee, tajaajila hawaasaa, _____fi _____fa'i.
2. Akka ragaan Ministeera Albuudaafi Inerjii ibsutti namoota seera qabeessaan gurmaa'anii hojii albuuda baasuu irratti bobba'an lakkoofsaan _____ ta'aniif carraa bane.
3. Albuuda baasuun alkallattiin hawaasa naannoo sanaaf faayidaalee kanneen akka _____, _____, _____, suphaafi ijaarsa bu'uuraalee misoomaa hammata.
4. Albuuda baasuu keessatti _____f taasifamu guddaadha.

B. Dubbisa barsiisaan/tuun kee siif dubbisu/tu sirriitti hordofuun gaaffiiwwan itti aananii jiran dabtara kee irratti barreessuun "Dhugaa" yookiin "Soba" jedhii deebii kenni.

1. Biyyi keenya qabeenya albuudaa irraa galii hamma barbaadamuun olitti argachaa jirti.
2. Namoota albuuda baasuuf gurmaa'an keessaa dubartoonni dhibbentaa shantama ta'u.
3. Albuuda baasuun hawaasa naannoo irratti dhiibbaa qabaachuu danda'a.
4. Albuudni Warqee biyya keenya keessatti karaa seera qabeessa ta'e qofaan baafama.
5. Diibbaa yeroo albuuda baasuu dhufuun walqabatu ittisuun gahee mootummaa qofa miti.

Gilgaala 3: Gochaalee Dhaggeeffachuu Boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadii gareedhaan ta'uun yaada barreeffama dhaggeeffattan xiinxaluun dareef afaaniin ibsaa.

1. Yaadi ijoo barreeffama "Faayidaa Albuuda Baasuu" jedhuu maali?
2. Albuuda naannoo kee jiruuf haala kamiin itti fayyadamuufi kunuunsuu qabna jetta?
3. Bakkeewwan albuudoonni baafaman dhiqamaniifi caccabanii akka hinbanneef maaltu godhamuu qaba? Akka nama dhuunfaatti sirraa maaltu eegama?

Barannoo Lama: Dubbisuufi Dubbachuu

Gilgaala 4: Gochaalee Dubbisuun Duraa

A. Afee/dubbisa armaan gadii dubbisuu osoo hineegaliin gaaffiiwwan kanatti aananii jiran cimdiin irratti mari'achuun afaaniin deebisaa.

a. Albuuda baasuu jechuun maal jechuu sitti fakkaata?

b. Akka naannoo ati jirattuutti namoonni albuuda baasanii itti fayyadaman jiruu? Haala kamiin baasanii itti fayyadamu?

c. Albuuda baasuu ilaalchisee waan kanaan dura beektan gareen irratti mari'adhaa. Muuxannoo keessan waliif qooduun dareef gabaasaa.

d. Afee/dubbisni kanatti aanee jiru waa'ee maalii ibsa jettee yaadda? Tilmaama kee barsiisaa/tuu keetti himi.

B. Jechoonni armaan gadii afee/ dubbisa armaan gadii keessaa bahan. Jechoota kaneen gara dubbisuutti osoo hinseenin dura hiika isaanii tilmaami.

1. Qusannaan
2. Calleessuu
3. Faana
4. Kattaawwan
5. Gariin
6. bososaa

Gilgaala 5: Gochaalee Yeroo Dubbisuu

Dubbisa armaan gadii ariitiin dubbisuun gaaffiiwwan kanatti aananii jiran deebisi.

1. Albuuda baasanii itti fayyadamuuf maal qabaachuutu barbaachisa?

_____

2. Albuudonni bososaa, caccabaa biqilootaafi lubbu-qabeeyyii biroo irraa argaman isaan kami?

_____

3. Jechi "kun" (keeyyata 1) jedhu dubbisicha keessatti maal ibsuuf gale?

_____

4. Hojii albuuda baasuufi calleessuu itti fufiinsa qabu mirkaneessuuf wanti adda baasanii beekuun barbaachisu maal?

_____

5. Hojiin albuuda baasuu itti fufiinsa akka qabaatuuf maal gochuutu barbaachisa?

_____

6. "Isaanis" (keeyyata 2) jechi jedhu dubbisa kana keessatti yaada maal jedhu bakka bu'a?

_____

7. Albuudota sirnaan itti fayyadamuufi tajaajila inni qabu hundaaf oolchuu irratti hanga barbaadame maaliif hinmilkoofne?

_____

8. Akka qorannoon oomisha albuudaa warqee irratti taasifame ibsutti namoota seeraan ala gurmaa'aniifi harkaan baasaniin waggaatti warqee toonii meeqatu saamamaa jira?

_____

9. Keeyyata sadaffaaa keessatti yaanni, " … jiruufi jireenya haawaasummaa uummata naannoo sanaan haala hinjeeqneefi bu'a qabeessuummaan albuudni kun gamaa dinagdeen qabu… " yoo jedhu maal jechuu barbaadeeti?

_____

10. "Kunis" (keeyyata 3) jechi jedhu dubbisa kana keessatti yaada maal jedhu ibsuuf gale?#

_____

Albuuda Baasuu

Albuudni garee elementootaa uumamaan baqqaana lafaa keessatti bifa orgaanikiifi orgaanikii hintaaneen akaakuufi bifa adda addaan kan argamudha. Beekumsaafi fedhiin dhala namaa yeroo adda addaatti dabalaa dhufee jira. Kanuma **faana** gatiin albuudaas ol guddachaa deemaa jira. Albuuda baasanii itti fayyadamuuf humna nama barateefi kaappitaala gahaa qabaachuun barbaachisaa yoo ta'ellee, humnaafi maallaqa qabanitti fayyadamanii barbaachisummaafi gatii albuudaa dabalaa deemu kana guutuuf albuuda baasuun itti fayyadamuun sochii dinagdee isa jalqabaati. Sababni isaa, tokkoffaa albuuda baasanii **calleessuun** kallattiin gabaaf dhiheessuun dinagdee biyyaa guddisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Kana malees, albuudonni erga oomishamanii booda akka mi'a dheedhiitti tajaajiluun galtee warshaaleefi ijaarsa adda addaaf waan oolaniif guddina dinagdee biyya tokkoo dabaluun gumaacha taasisu. Haata'u malee, albuudota bifa adda addaan lafa keessatti argaman kana karaa itti fufiinsa qabuun baasnee itti fayyadamuuf haaldureewwan adda addaa beekuufi mijeessuun barbaachisaadha. **Kun** immoo rakkoo gama kunuunsa naannoo, hawaasummaafi dinagdeen dhufu hambisuuf gargaara.

Albuudonni uumama isaaniitiin bifa adda addaan argamu. Keessi lafaa (earth crust) dhagoota albuudaan badhaadhan irraa kan ijaaramedha. Albuudonni kun hedduun isaanii mineraalota bifa inorgaanikiin lubbu-dhabeeyyii kanneen akka kattaa caccabaa irraa uumamanii argamaniifi albuudonni muraasni immoo orgaanikii ta'anii **bososaa**fi caccabaa biqilootaafi lubbu-qabeeyyii biroo irraa kan argamanidha. **Isaanis**: dhagaa cilee, peetirooliyeemiifi gaasii uumamaa fa'i.

Hojii albuuda baasuufi calleessuu **itti** fufiinsa qabu mirkaneessuuf dhiibbaa inni gama kunuunsa naannoon, hawaasummaafi dinagdeen qabu adda baasanii beekuun barbaachisaadha. Hojiin kun dhiibbaa kunuunsa naannoo irratti haala hinuumneen, akkasumas, jiruufi jireenya hawaasummaa uummata naannoo sanaa haala hinjeeqneefi bu'a qabeessuummaan albuunni kun gama diinagdeen qabu tilmaamamee xiyeeffannoo guddaan akka raawwatamuuf qaamonni dhimmi kun ilaallatu gahee isaan irraa eegamu bahuu qabu. **Kunis**, dhiibbaa hojiin kun qabu dursanii adda baasuu, to'achuu, bulchuufi rakkoowwan uumaman sirreessaa deemuun hojiin albuuda baasuu itti fufiinsa akka qabaatu gochuu dandeenya. Kun immoo, qabeenya albuudaa **qusannaan** akka fayyadamnu, manca'inni lafaa akka hinuumamne to'achuu, faalama naannoo hir'isuufi lafa albuuda irraa baasne deebifnee hojii biraaf akka itti fayyadamnu nu dandeessisa.

Albuudota uumamaan akaakuufi faayidaa garaagaraa qabaniin biyyi keenya badhaatuudha. Haata'u malee, albuudota kanneen sirnaan itti fayyadamuufi tajaajila inni qabu hundaaf oolchuu irratti hanga barbaadame hinmilkoofne. Sababni isaas qabeenyi albuudaa kun hedduun isaanii uumamaan keessa lafaatti gadi fagaatanii, **kattaawwan** jajjaboon haguugamanii waan argamaniif humna namaafi maashinoota sasalphoon qotanii baasuun ulfaataadha. Dabalataanis, humna nama baratee gahaa ta'e gama oomisha albuudaa sakatta'uufi baasuu irratti hojjetu dhabuun oomisha albuudaa irratti dhiibbaa qaqqabsiiseera. Kanaaf, albuudonni hedduun namoota biyya alaa irraa dhufaniin saamamaa turaniiru. Dabalataanis, qabeenya albuudaa kana sakatta'anii jiraachuufi jiraachuu dhabuu isaa adda baasuun qorannoo gadi fagoo kan gaafatu yoo ta'u, yoo jiraatanillee baay'inni isaanii amansiisaa ta'uu isaa mirkaneessuufi oomishanii gabaa addunyaatiif dhiyeessuun hojii salphaa miti. Gama biraatiin ammoo, albuudonni tokko tokko heddumminaan namoota karaa seeraan alaa albuuda baasaniin saamamaa waan jiraniif tajaajila inni guddina biyyaatiif qabu hanga barbaadame hojii irra ooluu hindandeenye. Qorannoon dhiyeenya kana oomisha albuuda warqee irratti taasifame akka ibsutti, kutaalee biyyattii garaagaraa keessatti namoota seeraan ala gurmaa'aniifi maashinootaan deeggaraman, akkasumas harkaan baasaniin waggaatti yoo xiqqaate warqii toonii sadii (3000kg) saamamaa jira. Kanaafuu, albuudonni uumamaa biyyi keenya kutaalee biyyatti hunda keessatti qabdu sababoota armaan olitti caqafamaniin osoo bahanii tajaajilaaf hinoolin **gariin** isaanii keessa lafaatti haguugamanii, kaawwan ammoo eessa buuteen isaanii dhabamuu irratti argamu.

Walumaagalatti, albuunni miniraalota lafa keessatti uumamaan bososaafi caccabaa lubbu-qabeeyyiifi lubbu-dhabeeyyii irraa kan argamanidha. Albuudota kanneen baasnee tajaajila adda addaaf itti fayyadamuuf qabeenyaafi humna namaa waan barbaaduuf bu'aafi miidhaa inni qabu dursanii adda baasuun barbaachisaadha. Kana malees, hojiin albuuda baasuu itti fufiinsaa akka qabaatuuf naannoo, jireenya hawaasummaafi dinagdee irratti dhiibbaa haala hinuumneen gaggeeffamuu qaba.

(Madda: National Report On Mining: 6:2009)

Gilgaala 6: Gochaalee Dubbisuun Boodaa

Dubbisa armaan olii irra deebi'uun gadi fageenyaan erga dubbisteen booda, gaaffiiwwan armaan gadii afaaniin deebisi.

1. Albuudni guddina biyyaa keessaaf shoora akkamii qaba?
2. Biyyi keenya galiin albuuda irraa argattu hamma barbaadameedha? Maaliif?
3. Gosoota albuudaa biyya keenyatti baay'inaan argaman hanga beektu tarreessuun tajaajila isaanii himi.
4. Ergaa ijoon dubbisa dhiyaatee maal?

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 7: Gochaalee Keeyyata Barreessuu

Dubbisa/afee armaan olii irratti hundaa'uun gaaffiiwwan armaan gadii barreeffamaan deebisi.

1. Yaada ijoo dubbisa armaan olitti dubbiste gabaabsuun keeyyata lamaan barreessi.
2. Mata-duree tokko filachuun keeyyata barreessi.

Barannoo Afur: Fayyadama Jechaa

Gilgaala 8: Gochaalee Fayyadama Jechaa

A. Cimdiin ta'uun jechoota armaan gaditti 'A' jalatti kennamaniif kan hiika ta'u roga 'B' jalaa filachuun walitti firoomsaa.

'A'	'B'
1. Gadoo	a) haamilee
2. Ximbiriiruu	b) xiiqii
3. Caqasuu	c) guddina dhaabuu
4. Seexaa	d) cuunfaa kuduraalee
5. Aanjeffachuu	e) tokkummaa
6. Ciiga'uu	f) haala mijeeffachuu
7. Araara	g) xiyyeeffannoon hordofuu

8. Quucaruu h) jibbuu, qoollifachuu
9. Cimmiiga i) waliigaltee
10. Gamtaa j) ariitiin fiiguu

B. Jechoota armaan olitti roga A jalatti tarreeffaman hima keessatti fayyadamuun agarsisi. Fkn. Nama si miidhe gadoo itti qabachuu irra dhiifama yoo gooteef gaariidha.

Barannoo Afur: Seerluga

Yaadannoo

Sirna Tuqaalee (Punctuation Marks)

Sirni tuqaalee mallattoolee barreeffama keessa galuun hiika yookaan ergaa barreeffamaa ifa taasisaniidha. Osoo sirna tuqaaleetti fayyadamuu dhiisnee walumatti fufnee barreessinee, yaadni tokko eessaa ka'ee eessatti akka xumuramuufi yaadotni kun akka waliin deemaniifi kkf. beekuun rakkisaa ta'a. Kana malees, dubbisaan barreeffama keenyaa ergaa dabarsuu barbaanne haala nuti eegneen hubachuurratti rakkoon uumamuu danda'a. Sirni tuqaalee barreeffama keessatti tajaajila garaagaraaf oolan hedduudha. Isaanis:

1. Tuqaa (.)

Tuqaan sirna tuqaalee keessaa tokko ta'ee, barreeffama keessatti faayidaalee armaan gadiif oola.

- Himni tokko xumuramuu agarsiisa.

  Fkn:

  1. Firaa'ol qabxii olaanaa galmeessisuun Yuunivarsiitii Fiichee seene.
  2. Barsiistuun isaanii daree seennaan barattoonni teessoo irraa ka'anii simatan.
  3. Obbo Ayyaanoon guyyaa cidhaatti ijoollee isaanii eebbisan.
  4. Jiituun argannoo sagalee guddistuu haaraa waan kalaqxeef dhaabbanni saayinsiifi tekinooloojii carraa leenjii kenneef.
- Jechoota kottoonfiifi gabaajee agarsiisuuf oola.

  Fkn:

  1. Hubachiisa = Hub. (kottoonfii agarsiisuuf)
  2. Biiroo Barnoota Finfinnee = B. B. F (Gabaajee agrsiisuuf)
- Mata duree xiqqaa isa guddaarraa addaan baasuuf tajaajila.

Fkn:

1. Karra Shanan Finfinnee

1.1. Karra Qirxii - karra gara kaabaa geessu.

1.2. Karra Qoree - karra gara Jimmatti geessu.

1.3. Karra Alloo - Karra Walloo/Dasseetti geessu.

1.4. Karra Qaalluu/Qaallittii - karra Bishooftuutti geessu.

1.5. Karra Gafarsaa- Karra gara Dhihaatti geessu.

- Herreega keessatti lakkoofsa guutuufi haftee addaan baasnee agarsiisuuf yookaan qarshiifi saantima addaan baasuuf gala.

Fkn:

1) 3.25 = (sadii tuqaa lama shan) - tuqaan gadi siqee barreeffama

2) 3•25 = (qarshii sadiifi saantima digdamii shan) - tuqaan walakkaatti barreeffama

2. Mallattoo Gaaffii (?)

Mallattoon gaaffii barreeffama keessatti tajaajila armaan gadii qaba.

- Dhuma hima deebii barbaadu galuun himichi hima gaaffii ta'uu agarsiisa.

Fkn:

1. Barumsa yoom xumurta?
2. Siifan moo Yoo'obsan jaalatta?

- Hima barreessinu keessatti yaada shakkii yoo qabaanne agarsiisuuf tajaajila.

Fkn:

1. Abbaan koo bara 1945(?)tti dhalate. (bara inni itti dhalate sirriitti adda baasnee beekuu yoo dhabne)
2. Jaarsi ollaa kiyyaa erga du'ee waggaa sagal (?) ta'eera.

3. Mallattoo Raajeffannoo (!)

- Mallattoon raajeffannoo yaadota raajeffachuu, dinqisiifachuu, sagalee iyyaa dhageessisuu booda galuun ergicha dabarsuun barbaadame ifa taasisa.

Fkn:

- Ajaja dabarsuuf: 1. Ka'ii mana kana haxaa'i!

2. Keessummoonni waan dhufaniif, laaqana qopheessi!

- Akeekkachiisaaf: 1. Hojii badaa akkanaatti lammata hindeebi'iin!

2. Hannatti deebita taanaan mana amala sirreessaattan si galcha!

- Iyyaaf: Uu! Uu! Uu! Hattuutu nasaame!

- Naasuuf: Nan badee!

4. Mallattoo Waraabbii Dachaa (“ ”)

➢ Mallattoon waraabbii dachaa barreeffama keessatti tajaajiloota armaan gadii kenna.

- Dubbii namni tokko dubbate akkuma jirutti fudhannee agarsiisuuf gargaara.

Fkn:

1. “Akka abaluuttan sirbaan morma nama jallisa,” jedha Oromoon yeroo mammaaku.
2. “Namoota rakkatan gargaaruun aadaa keenya haa ta'u!” jette Simaleen.

➢ Yaada namoonni kaan amanan ofii keenya garuu kan itti hinamanne dhiyeessuuf gargaara.

Fkn.

Namoonni tokko tokko, “Heexoon garaa namaa qulqulleessa,” jedhanii amanu.

➢ Matadureewwan kitaabaa, asoosamaa, walaloo, diraamaa, barruufi kkf. agarsiisuuf tajaajila.

Fkn:

1.Ani asoosama dheeraa “Arraa Gurbaa” jedhurrattan qorannoo hojjedhe.

2.Fiilmii “Eelaa” jedhu Galma Giddugala Aadaa Oromootti daawwadheera..

➢ Jecha waa'een isaa irratti xiyyeeffatamee dubbatamaa jiru agarsiisa.

Fkn:

Waajjirri Barnootaa magaalaa Finfinnee mataduree, “Sirna Barnootaa” jedhurratti leenjii barsiisotaaf kenne.

5. Mallattoo Waraabbii Qeenxee (‘ ’)

➢ Barreeffama keessatti jecha afaan ittiin barreeffamaa jiruun ala ta'e ittiin adda baasuuf tajaajila.

Fkn:

Har'a waa'ee 'Baakteeriyaa' baranne.

➢ Mallattoo waraabbii dachaa keessatti waraabbii biraa galchuuf gargaara.

Fkn:

1. “Asoosamni yeroo jalqabaatiif Afaan Oromoodhaan barreeffame, ‘Kuusaa Gadoo’ ti,” jedhe barsiisaan keenya.
2. “ Gaazexaan, ‘Bariisaa’ jedhu ji’atti yeroo lamaaf maxxanfama,” jedhe Fayisaan.

6. Qoodduu (,)

➢ Qoodduun sirna tuqaalee keessoo himaatti argaman keessaa isa tokko. Tajaajilli inni qabus:

- wantoota hima tokko keessatti tarreeffaman addaan baasuuf.

Fkn

1. Toltuu, Kiyyaafi Abdiin hiriyoota turan.
2. Madaallii qilleensa uumamaa eeguuf biqiltoota dhaabuu, kunuunsuufi sirnaan itti fayyadamuun gaariidha.

- Guyyaafi bara, magaalaafi biyya magaalichaa, akkasumas mata duree kitaabaa, fuulaafi bara maxxansaa addaan baasuuf gala.

Fkn.

1. Fulbaana 1, 2012
2. Amboo, Oromiyaa
3. Barannoo7, fuula 21, bara 2012

- walqabsiistota hima wal-qabsiisan booda gala.

Fkn.

Qajeelaan biyyatti deebi’uu barbaada. Haa ta’u malee, hanga ammaatti hinmurteessine.

7. Buufata xiqqaa/qoodduu jabaa (;)

➢ Buufanni xiqqaan ciroo of danda’aa qabsiiftuu ofirraa hinqabne lama gidduu gala.

Fkn.

1. Ati nan tuqin; anis sin tuqu.
2. Hibboon, “Haati raafuu buuti; intalli furguggee taphatti” jedhu deebiin maali?

8. Tuqlamee(:)

- Hima tokko keessatti ciroo ofdanda'aa booda galuun yaada tarreeffamanii jiran agarsiisuuf oola.

  Fkn.

  Wantoonni ani bara kana karoorfadhe waa sadii: mana ijaarrachuu, konkolaataa bitachuufi daldala alergii jalqabuudha.

9. Tuttuqaa(...)

- Tuttuqaan yeroo baay'ee tuqaa sadii walitti fufuun kan barreeffamuufi wantoota tarreeffaman keessaa kan hafe jiraachuusaa agarsiisa.

  Fkn.

  Bineensonni bosonaa leenci, gafarsi, qeerransiifi...baay'ee natti tolu.

10. Sarara xiqqaa(-)

- Sararri xiqqaan jechoota tishoo gidduu gala.

  Fkn.

  1. Bu'a-qabeessa
  2. Sab-lammoota
  3. Harka-qalleessa

- Jechi tokko sarara tokkorratti kan hin dhumne yoo ta'e, gara sarara itti aanuutti ce'uu isaa agarsiisa.

11. Hammattuu ( )

- Hammattuun sirna tuqaalee keessaa tokko ta'ee tajaajila armaan gadii qaba.

  Yaada dursee dhiyaate tokko irratti odeeffannoo dabalataa kennuuf tajaajila.

  Fkn.

  1. Albuudonni tokko tokko (kanneen miidhaginaaf oolan) gatiin isaanii baay'ee qaaliidha.
  2. HIV/AIDS'n (dhukkubni qoricha hin qabne) namoota hedduu galaafateera.

- Fakkeenya kanarraa akkuma arginutti hammattuun yeroo tokko tokko qoodduu bakka bu'a jechuudha.

Gilgaala 9: Gochaalee Shaakala Sirna Tuqaalee

Himoota armaan gadii keessatti sirna tuqaalee barbaachisoo ta'an fayyadamuun himicha guutuu taasisi.

1. Biyya kee hammam jaallatta
2. Ajaa'iba maal akkam haasofti
3. Kumsaan Amajji 20 1985 dhalate.
4. Finfinneen da'oo sabaafi sablamoota hedduuti.
5. Utuu beeknuu huubaa wajjin jette sareen.
6. Oromoon hundi waa tokko beekuu qaba tokkummaa qabaachuu.
7. Mari'atanii malee maraatanii biyya hinbulchan jedha Oromoon.
8. Barreessaan kitaaba asoosama Dhaamsa Abbaa eenyu jedhama
9. Aannaneen barana Yuunivarsiitii Jimmaa irraa Barnoota Xiinsammuun eebbifamte.
10. Qabeenya uumamaa kunuunsuun ga'ee hunda keenyaati jette aadde Suutumeen.
11. Sabboontuufi Tolashiin ganna darbe biqiltoota akka waddeessa laaftoo bakkanniisa hedduu dhaabanii kunuunsaa jiru.
12. Asoosamni dheeraan yeroo jalqabaaf Afaan Oromoon barreeffame Kuusaa Gadoo jedhama jedhan barsiisaan keenya.

BOQONNAA AFUR ASOOSAMA

Kaayyoowwan:Xumura barnoota kanaatti:

- Seenaa dhaggeeffattee niseeneessita.
- Qooddattoota ijoo seenichaa nihimta.
- Seenaa sadarkaa ati irra jirtu sirriitti madaaluun barreessita.
- Dubbachuufi dubbisuu keessatti jechoota sirrii ta'anitti fayyadamta.
- Ciroowwan adda addaatti fayyadamuun himoota ijaarta.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala1: Gochaalee Dhaggeeffachuun Duraa

A. Barreeffama siif dubbifamu dhaggeeffachuu keessaniin dura gaaffilee armaan gadii irratti gareen mari'achuun yaadaafi muuxannoo qabdu dareef afaaniin gabaasi.

1. Barreeffamni siif dubbifamuuf jiru waa'ee maalii sitti fakkaata?
2. Kanaan dura asoosama dubbiftee beektaa? Yoo dubbiftee beekta ta'e asoosama maal jedhu dubbifte?
3. Asoosama dubbisuun faayidaa maalii qaba?
4. Asoosama barreessitee beektaa? Yoo barreessitee beekta ta'e akkamitti barreeffama?

B. Dubbisa dhaggeeffachuu keetiin dura hiika jechoota armaan gadiirratti gareen mari'adhu.

1. belbelu
2. kurkurrii
3. callabbeesse
4. dhikkifata
5. budduqsee

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Asoosama gabaabaa barsiisaan/tuun kee siif dubbisu/tu dhaggeeffachaa gaaffilee armaan gadiif barreeffamaan deebii gabaabaa kenni.

1. Namoonni seenaa kana keessatti maqaan isaanii dhahame eenyu fa'i? Maqaa isaanii tarreessi.
2. Abjuun Mardaasaa maal ture?
3. Mardaasaan bara kamiifi eessatti dhalate?
4. Erga Amboo deemanii booda Jaataniin eessatti qacarame?
5. Mardaasaan carraa barnootaa 'scholarship' biyya kamitti argate?

B. Himoonni armaan gadii duraa duubni isaanii walmake seenaa barsiisaan/tuun kee siif dubbsu/tu keessaa bahan. Seenicha sirriitti dhaggeeffachuun akkaataa duraa duuba isaaniin sirreessii himi.

1. Innis mana abbaa ormaafi haadha ormaa keessatti hedduu gidirame.
2. Mardaasaan dachee Oromiyaa keessaa iddoo sagalitti albuudota gati-jabeeyyii budduksuu eegale.
3. Gudaritti qabxii olaanaadhaan kutaa 10 xumuree 'scholarship' argatee barnootaaf biyya alaa deeme.
4. Barri dhalootasaa 1978 Godina Wallagga Lixaa Aanaa Boojjii Dirmajjii yoo ta'u, kutaa 1-4 qofa achitti barate.
5. Dachee Oromiyaatti deebi'ee qorannoo albuuda lafa keessaa gaggeessuu eegale.
6. Mardaasaafi hiriyoonni isaa Hagayya 1996, Naqamteen gadhiisanii gara Magaalaa Amboo dhufan.
7. Mardaasaan akka tasaa gadda sanarraan kan ka'e waan biyyaa ba'eef, haati isa deesse aadde Bookashii Daraaraatti lafti dukkanoofte.
8. Naannoo lafa Amboo keessa albuunni akka jiru shakkee suufaa oola.

Gilgaala 3: Gochaalee Dhaggeeffachuun Boodaa

Gaaffilee armaan gadii gareedhaan mari'achuun dareef gabaasaa.

1. Seenaa asoosama barsiisaan/tuun siif dubbise/te irra deebi'uun himi.
2. Qooddattoota seenaa asoosamaa walitti himaa.
3. Ijaarsa gochaa seenaa asoosama kanaa ibsi.
4. Ergaan ijoo seenaa asoosamichaa maalidha?

Barannoo Lama: Dubbisuufi Dubbachuu

Gilgaala 4: Gochaalee Dubbisuun Duraa

A. Osoo dubbisa itti aanee jiru hineegaliin dura, gaaffiiwwan armaan gadii irratti gareen mari'adhaatii yaada keessan dareef afaaniin ibsaa.

1. Afee/Dubbisi amma dubbisuuf jirtu waa'ee maalii sitti fakkaata?
2. Jireenya kee keessatti wanti hanga ammaatti gaaffii sitti ta'ee si rakkisaa jiru jiraa? Yoo jiraate hiriyaa kee waliin waliif ibsaa.
3. Bu'aa ba'ii jireenyaa dabarsite keessatti mudannoon baay'ee si ajaa'ibsiisuufi hinirraan fanne qabdaa? Yoo qabaatte walittii himaa.

B. Jechoota armaan gadii osoo gara dubbisuutti hinseeniin dura hiika faallaa isaanii tilmaami.

1. iccitii
2. ulfina
3. miliqnutti
4. nafa
5. haala mijeessiti

Gilgaala 5: Gochaalee Yeroo Dubbisuu

A. Gaaffiiwwan armaan gadii osoo gara dubbisaa hinseeniin dura dubbisii qalbeeffadhu; sana booda dubbisicha saffisaan dubbisuun deebisi.

1. Qooddataa/tuun olaanaa asoosama kanaa eenyu? Qooddattoonni xixiqqaan hoo?
2. Malleen dubbii asoosama kana keessa jiran adda baasuun himi.
3. Barreeffamni asoosama kanaan dhiyaate yeroo barreessaan seenessamu ija kamiin ilaalameeti?
4. Yoomeessa asoosama kana keessa jiru adda baasii barreessi.

Du'a Qana'aa booda Sinbireen Duumessoof jecha malee jireenyaaf garaa kutatteetti. Fayyaatti duuteetti. Utuu Qana'aa waliin boolla tokkotti awwaalamte ta'ee baay'ee barbaaddi. "Maal ta'a waaqayyo hiyyeessa dafee osoo waamee. Sooressi jireenya waan qabuuf umurii kadhata. Hiyyeessi garuu abdii maal qaba!" jettee waaqatti riqaa dhaabdi. Namoonni immoo "Sii darbuuf! Ilmi kee siif gaheera!" jedhanii jajjabeessu. Duumessoon dargaggoomee hordaa qabatee qotuu jalqabeera. Isheen suphee dhahuu hindhiisne. Akkuma durii gabaa Horrootti maamila baay'ee qabdi. "Sinbiree irraa malee hinbitinaa," jedhu warri ogummaashee beekan. Gaaf tokko barii Duumessoo waliin dhoqqee suphee qotuu Quuyyare (laga suphee) deeman. Utuu deemanii Sinbireen icciitiii guddaa Duumessootti himuu barbaadde. "Maal jedheen jalqaba? Ilmi koo maal naan jedha? Guyyaa biraa itti himuu! Dura abbaa Soolanee mariisisuu? Of shakkaa Elaamee Duumessoo…! Abbaan kee… jettee utuu hin xumuriin "Abbaan koo maal dhaamee du'e?" jedhee utuu gaafatuu gufuun isa rukutee gatantare. Kanumaan Sinbireen dubbicha har'aaf itti himuu jibbitee dubbii jijjiirte.

Boolli suphee yeroo baay'ee qotamuurraa kan ka'e keessa fagaateera. Suphee qulqulluu argachuufis keessa seenanii qotuun dirqamadha. Duumessoon dhoqqee suphee lamaan isaanii baachuu danda'an qotee baaseera. Hangasitti Sinbireen gufuu muka ejersarraa qoraasumaaf feccitee qopheeffatte. Dhoqqee suphee Duumessoon qote ilaaltee itti dabaluu barbaadde. Duumessoon baala warqee ittiin suphee maraniifi hidda ittiin hidhan barbaacha muummee seeneera. Murees deebi'e. Yemmuu Duumessoon deebi'u Sinbireen hinjirtu.

"Deemte jechuuf supheenis qoraasumnis bakkuma duraa sana jira. Eessa geesse? Fincaanumaaf gartokko deemte ta'a!" jedhee xiqqoo eege. Hindhufne. Namoonni sadii suphee qotachuuf walduraa duubaan dhufan. Eegee dadhabe. Takka turee achi fiigee Aayyoo! Aayyoo! jedhee sagalee guddaadhaan. Hinowwaattu. Baay'ee rifate. Bishaan mogoleetti nam'e. Ammas achi siqee qarreetti bahee Aayyoo! Aayyoo! Aayyoo! jedhe. Sagaleen hinjiru. Qaamni isa rom'e. Bineensi fudhate jechuuf iddoon isaa xiqqoo bosonarraa siqa. Hingalte jechuuf namoonni kun karaatti nama hinagarre. Eessa dhaqxe? Deebii dhabe. Kana gidduutti namoota suphee qotuu dhufan keessaa dubartiin tokko U…U…U…! supheen namatti jigeera Wayyoo! Wayyoo! Ana haanyaatu! Dafaa dhaqqabaa! jette.. Duumessoon humna ittiin deemu dhabe. Jilbeenfatee foqoqe. Iddoo suphee gahuu dadhabe. Biyyoo jalaa baasan, Sinbireen afuura hinbaafattu.Harkaafi miillishee qorreera. Utuu uffata gaddaa ofirraa hinbuusiin, utuu rifeensi mataashee du'a Qana'aaf haaddatte hinmargiin, gara iddoo dhugaatti isa hordofte. Qabsoo jireenya ardii kanaas obbaafatte.

Duumessootti jireenyi dukkanaa'eera. Takka takka immoo, "Ani akka abbaa koo gara-kuteessa maaliif hinta'u! Ani kana booda dargaggeessa! Fiigeen dhaqqaba! Hojjedhee argachuun danda'a!" jedhee of jajjabeessa. Carraa inni qabus akkuma abbaa isaa baalabbaata tokkoof gabbaarii ta'ee qotuu yookiin immoo mana adaadaa isaa Abuunatti galuudha.

Haa ta'u male, jaalallee isaa Soolanee dhiisee Abuunatti galuun waan yaadamu miti. Soolaneenis haala danda'amu hundaan isa gargaaruu itti fufteetti. Sanbateen utuu irratti hin beekamiin gidduu isaaniitti haala mijeessiti. Yoo walarguu fedhan karaa ishee dhaamsa walitti dhaamu. Sanbateen guyyaatti yoo xiqqaate si'a sadii laga bishaanii deemti. Egeree waliinii mari'achuuf gabaa Horrootti walkoratan. Akka namoonni ollaa ishee hin argineef karaa buufata geeshoo dhaabattee gamaafi gamanatti mimil'atti.

Ammaaf Duumessoo hinargine. Inni garuu gaaddisa muka kombolchaa jala dhaabatee ishee argeera. Suuta jedhee gara isheetti deeme. Oggaa wal-bira gahan duuba isaaniitti Fiitawuraarii Kitilaan gaangee irraa xixxiixaa isaan bira gahe. Namoonni gadi gadi jedhanii nagaa gaafatanii karaa bananii dabarsu. Soolaneefi Duumessoon akka nama geeshoo bituu gad jedhanii ofirra taa'anii geeshoo qaqqabu. Qalbiin saree gara lafee jedhan! Fiitawuraarii Kitilaan namoota ulfina isaaniif gadi jedhanii dubbisan ilaalaa turan malee ija Soolaneefi Duumessoo ittiin argu hin qaban.

Gabaa keessaa nafa mimil'achaa bahanii laga Leemmanaatti bu'an. Qabdoo taa'anii erga dharraa wal-bahanii booda Soolaneen yaada tokko ibsiteef. Innis abbaa ishee amansiistee Duumessoo akka mana isaaniitti fudhachuu dandeessu ture. Duumessoonis sodaa qaburraa haa yaadda'u malee karoora Soolaneetti baay'ee gammadeera. "Soolee koo maal jetteee abbaa kee gaafatta?" jennaan, waan jedhee amansiisu hin dhabu… kadhatamuu jaallata miilasaatti kufeen kadha. Dursa abbaa koo yoon amansiise haati koo isa jala hin deebitu." jette soolaneen. Abbaa kee miti haadhakeetu akka reeffaatti natti ulfaata." jedhe Duumessoon. Isheenis baacootti jijjiirtee "Ulfaattuun maqaasheeti" ittiin jette. "Yoo narratti baranii hoo?" jedhee itti fufee. "Silaas hanga walfudhannee miliqnutti malee…baruun eessatti oola," jettee morma isaa jala seente. Yeroo dheeraaf erga mari'atanii booda gara Mana Barumsaa Saqalaatti sokkan. Soolaneen farda ishee hidhaarraa hiiktee luugamte. Farda tokko yaabanii gulufsiiisaa gabaa galtuu dura karaa jijjiirratanii goodaa Caabir keessa goran.

Duumessoonnis duubatti ishee mil'achaa sagalee laafaatiin "Soolee koo jaalalli keenya akka farda kanaa gulufaa jira. Garuu galmi keenya eessa isa jedhuuf immoo deebiin isaa ulfaataadha. Bara dhufu yoo tures waggaa achi aanu warri kee si heerumsiisu. Guyyaan suni anaaf dukkana waadaan keenyas ni caba. Awwaalchi koos gaafas taati.

Yeroo ati uffattee Misirroo taatee manaa baatu ani qalbii maaliinan silaala! Funyoo fudheen of rarraasa; hallayyaa Caatoon of buusa malee!" jedhee utuu hinxumuriin afaan isaa qabdee, "Dubbii akkasii qadaadi aniif ati wajjin jiraanna! Wajjinis duuna! kun waadaa waliif seennedha, kana caalaa hin dubbadhu," jettee takkaa dugda isaa keessa aboottee, irree isaa ciniinte. Amma dandeessu adabuu isheeti. Soolaneen abbaa ishee amansiisuu dandeesseetti. Fiitawuraariinis sababa dhabe malee Duumessoo ofitti fudhachuu murteessee ture. Garuu, dhimmi kun haadha Soolaneef hinliqimsamne. Maatii Qana'aaf ilaalcha gaarii hin qabdu. Haaluma kanaan Duumessoon qe'ee Fiitawuraarii Kitilaatti gale. Fiitawuraariin haala gaariin isa kunuunse. Qe'ee Qunnii guutuun waa'ee Duumessoo dubbatu. "Fiitawuraariin ijoolleen kun obbolaa ta'uu isaanii maaliif hinbeeksisu? Namni irraa dhalchee guddifata. Ijoolleen kun jaalala keessa seenanii yoo dogongoran rakkoon isaa kana hin caaluu!" jedhu.

B. Malleen dubbii armaan gadii dubbisa keessaa bahaniif hiika isaaniin walitti firoomsi.

A	B
1. Fayyaa duuteetti	a. Isa dhageessi.
2. Waaqatti riqaa dhaabdi	b. ni ariifata.
3. Bishaan mogoleetti nam'e	c. Hinmijanneef.
4. Harkaafi miilli ishee qorreera	d. kan jiruu ol kan du'ee gadi /of gatuu
5. Akka reeffaatti natti ulfaata	e. Humna dhabe / naasuudhaan
6. Akka farda kanaa gulufa	f. na soodaachisa
7. Jireenyi itti dukkanaa'eera	g. Waaqa komatti.
	h. lubbuun ishee gara Waaqaatti deeme.

Gilgaala 6: Gochaalee Dubbisuun Boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadii hubannoo barreeffamicharraa argatteefi muuxannoo kee irratti hundaa'uun deebisi.

1. Ergaan waliigala asoosama kana keessa jiru maali? Akka nama dhuunfaatti ati maal irraa baratta? Walitti himaa.
2. Qooddattoonni asoosama kana keessa jiran haala kamiin bocaman/uumaman?
3. Filannoon jechoota yookaan itti fayyadamni afaanii asoosama kanaa maal fakkaata?
4. Seenaa asoosama kana keessa jiru jireenya qabatamaa ati keessa jiraachaa jirtu faana yeroo walqabsiistu maaltu sitti dhaga'ama?
5. Seenaan asoosama kana keessatti ka'e hinxumuuramne. Yaada mataa keetiin xumuri.

Yaadannoo: Asoosama

1. Maalummaa Asoosamaa

Asoosamni og-barruu barreeffamaa arga yaadaa barreessaan kalaqamee suuraa jireenya dhala namaa addunyaa kanaa bifa itti godhee, miidhaksee kan mul'isudha. Akkasumas, asoosamni mudannoofi mufannoo namni tokko haala jiruufi jireenya keessatti isa mudatu mul'isuuf sammuu barreessaatiin kalaqamee waraqaarratti mul'atudha. Asoosamni calaqqee addunyaa keessa jiraannuuti. Kana jechuun seenaan asoosamaa dhugaarratti waan hundaa'uuf yeroo asoosama dubbisnu nutti dhaga'ama. Karaa biraa, asoosamni hojii kalaqqii ta'ee gochaalee addunyaa dhugaa keessatti raawwate, raawwachaa jiru yookaan raawwachuu danda'u bifa hololootiin barreessuun dubbistootaaf seenessuun kan dhiyaatuudha.

2. Gosoota Asoosamaa

Asoosammni haala bal'inasaarratti hundaa'uun bakka lamatti qoodama. Isaanis:

1. Asoosama Dheeraa
2. Asoosama Gabaabaa

Garaagarummaa Asoosama Gabaabaafi Dheeraa

Asoosama Gabaabaa	Asoosama Dheeraa
1. Jiruufi jireenya ilma namaa keessaa waa'ee isa tokkoo qofa kan seenessudha.	**Jiruufi jireenya ilmi namaa dhalootaa hanga du'aatti keessa darbu seeneessa.**
2. Wanti hunduu qusannaadha.	**waan hunda bal'inaan itti fayyadama.**
3. Qooddattoota muraasa kan qabuufi tokko irratti haala adda ta'een xiyyeeffata.	**Qooddattoota hedduu kan qabuufi nam-fakkii baay'eef xiyyeeffannoo kennuu danda'a.**
4. Yomeessa murtaa'aa qaba.	**Yomeessi isaa hedduudha.**
5. Ergaa tokko/muraasa dabarsa.	**Ergaa ijoo tokkoofi ergaawwan xixiqqoo garaagaraa dabarsa.**
6. Jaargochi isaa salphaadha.	**Jaargochi isaa walxaxaadha.**
7. Yeroo muraasa keessatti dubbifamee xu murama.	**Dubbisanii xumuruuf yeroo dheeraa gaafata.**
8. Waldiddaa cimaan keessatti hinargamu	**Waldiddaa cimaan keessatti kan mul'atudha.**
9. Qalbii dubbistootaa yeroo dheeraaf rarraasee hintursiisu; saffisaan furmaata argata.	**Qalbii dubbistootaa yeroo dheeraaf tursiisa.**

3. Faayidaa Asoosamaa

Asoosaan tokko asoosama barreessutti gargaaramee fedhii, miir-dhageettii, aadaafi beekumsa dhalli namaa qabu mara walitti qabuun, beekumsa hawaasa naannoo isaa ka'umsa taasifatee waan barreessuuf hawaasichi itti fayyadamu sun qajeelfama, gorsa, akeekkachiisa, beekumsaafi kan kana fakkaatan irraa argachuu danda'a. Haaluma kanaan asoosamni:

- Gochoota adda addaa kan haala jireenya hawaasummaa keessatti namoonni raawwatan qeequufi sirreessuuf nigargaara.
- Haqa hawaasa keessa jiru ifatti baasuu nidanda'a.
- Nama dubbisu sanaaf hubannaa jireenyaa bal'isuu danda'a. Asoosamni jiruufi jireenya hawaasa darbee waan nutti himuu danda'uuf seenaa warra darbee xiinxallee, hawaasa har'a jiruuf garuu tooftaa jireenyaa mala dha'uu dandeenya.
- Nama barreessuufis ta'e dubbisuuf bu'uura ogummaafi dandeettii afaanii guddifachuuf baay'ee gargaara.
- Dandeettiiwwaan afaanii ittiin barsiisuu dandeenya.
- Barattoonni aadaafi safuu hawaasaa akka beekaniif nigargaara.
- Yeroo boqonnaatti asoosama yoo dubbisne sammuu keenya bashannansiisuu dandeenya.

4. Caacculee (Miseensota) Asoosamaa

Asoosamni tokko kan ittiin kalaqamee dubbistoota bira ga'u, miseensota mataa isaatii niqaba. Asoosama barreessuufis ta'e, isa barreeffame xiinxalaa dubbisuuf miseensota asoosamaa gargar baafnee beekuu qabna. Miseensota asoosamaa beeknee xiinxaluun tooftaa asoosamni tokko ittiin qindaa'e hubachuuf nu gargaara. Caacculee yookaan miseensota asoosamaa kanneen jedhaman akka armaan gadiitti tokko tokkoon ibsamaniiru.

a. **Seenaa**: Ta'iinsota asoosamichaa jalqabaa hanga dhumaatti kan dhiyeessudha. Kunis jalqaba maaltu ta'e? Achiihoo? Dhumarrattihoo? Gaaffii jedhu deebisa.

b. **Qooddattoota (Namfakkiiwwan)**: Qooddattoonni namoota seenaa asoosamaa tokko keessatti qooda fudhatanidha. Qooddataan akka nama addunyaa dhugaa keessa jiraatuu foon uffatee kan argamu osoo hinta'in asoosamicha keessatti ga'ee guddaa taphata jedhamee itti yaadamuun muuxannoofi arga yaadaa barreessaan asoosamichaa qabuun kan kalaqamudha.

c. **Yoomeessa:** yaadrimeen 'yoomeessa' jedhu jechoota lama walitti makuun kan argame yoo ta'u, innis jecha 'yoom' jedhuufi 'eessa' jedhurraa ijaarame. Asoosama keessatti yoomees sa jechuun bakkaafi yeroo seenaan asoosamichaa keessatti seeneffamu sun itti dalagameefi seenaa asoosamichaa keessatti akka qooda fudhataniif qooddattoonni asoosichaan uum aman keessa jiraatan jechuudha.

d. **Waldiddaa (Walitti Bu'iinsa):** Qooddattoonni addunyaa asoosamaa keessatti argaman, akkuma namoota jireenya dhugaa keessatti argamanii wanti hedduun walitti waan isaan fiduuf gidduu isaaniitti walmufannaan uumamuun walitti bu'iinsa uumee waldiddaa fida. Gareewwan walmorkatan lamaan gidduutti qabsoo godhamuun, tokko isa biroo mo'achuuf, kuffisuudhaaf yookaan caalee argamuudhaaf yeroo itti tattaafatan mul'atu. Waldiddaan asoosamaa yaada ofii isaanii, Uumaa, uumamaa, akkasumas qooddattoota gidduutti uumamuu danda'a. Waldiddaa uumamuuf immoo sababni gahaan jiraachuu qaba.

e. **Dhaamsa (Ergaa):** Asoosamni tokko yemmuu qophaa'u kaayyoo qophaa'uuf qaba. Innis dubbistoonni yookaan caqastoonni dhuma seenaa asoosamichaarratti barumsa yookaan ergaa (hubannoo) isaan argataniifi qayyabatan ilaala.

f. **Jaargocha (sab-seenaa):** Asoosama keessatti akkaataa gochoonni walirratti ijaaramuun yaada seenaa asoosama tokkoo keessatti walitti fufiinsaan ijaaramerraa ka'uun maqaa ken namedha. Karaa biraa, jaargochi waan qooddataan yaadu, mudannoo qooddatichaa, sababa dhiibbaa qooddataan kan biraarraan gahe hunda of keessatti hammata.

g. **Ija (kal-seenessuu)**: kallattii seenaan asoosama tokkoo itti himamu jechuudha. Isaanis: ani/nuti, ishee/inni/isaan fayyadamuun ija asoosamichi ittiin barreeffame agarisuu dandeenya.

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala7: Gochaalee Shaakala Barreessuu

A. Seenaa armaan gaditti jalqabamee hinxumuramin hafe yaada seenicha guutuu taas isuu danda'uun xumuri.

Guyyaan isaa Roobiidha. Onkolooleessa 12, 1997 ture. Godina Harargee Lixaa Magaalaa Ciroo keessatti barsiisummaa leenji'uuf dorgomeen ture. Gaafa guyyaa kanaa darbeera jedhee osoon eeguu xalayaan beeksisaa kufaatii koo labsitu maxxanfamte. Bakkan dhaabadheetti akka mukaattan gogee hafe; guyyaan natti dukkanaa'e; garattan deemun wallaale. Abjuun bara beelaa bidden bidden jetti akkuma jedhamu barataan akkuma koo rakkate natti dhufee dhimma kana irratti haasofne. Yeroo kana odeeffannoo gammachiisaa tokko dhageenyee abdiin keenya…

B. Caacculee gooroo asoosamaatti gargaaramuun asoosama gabaabaa tokko kalaquun barreessi.

Barannoo Afur: Fayyadama Jechaa

Gilgaala 8: Gochaalee Shaakala Fayyadama Jechaa

Seenaa gabaabaa tokko filachuun hanga dhumaatti dubbisi. Seenaa dubbiste jechoota hawwatoo ta'anitti fayyadamuun gabaabsii barreessi.

Barannoo Shan: Seerluga

Yaadannoo: Ciroo

Ciroon tuuta jechootaa kan matimaafi gochima ofirraa qabudha. Tuuta jechootaa gochima ofirraa qaban hundaan garuu ciroo jechuu hindandeenyu.

Gosoota Ciroo

Ciroo bakkaafi dhaabbii isaarratti hundaa'uun bakka lamatti qoonna.

1. Ciroo Hirkataa

Ciroo hirkataan caasaadhaan ofdanda'ee qofaa isaa kanhindhaabbannedha. Tjaajilaan garuu, mathimaafi kuthimatti hidhamuun odeeffannoo dabalataa kenna.

Fkn:

1. Yemmuu biyyaa baate sana, dubara waggaa torbaa turte. Hima kana keessatti kan jala sararame ciroo hirkataadha.
2. Inni barataa cimaadha. (Himni kun ciroo of danda'aa, akkasumas hima salphaadha).

2. Ciroo Ofdanda'aa

Ciroo of danda'aan dhaabbiin hirkataarraa adda. Ciroon kun ciroo hirkataadhaaf guuttuu ta'uun tajaajila. Akkasumas, ciroon kun hima salphaa wajjin walqixa.

Fkn1:

Yemmuu biyyaa baate sana, dubara waggaa torbaa turte. Hima kana keessatti kan jala sararame ciroo ofdanda'aadha.

Fkn2:

Waan maatii isaa jaalatuuf, biyyatti deebi'e.

Waan maatii isaa jaalatuuf kan jedhu ciroo hirkataadha.

Biyyatti deebi'e kan jedhu immoo ciroo ofdanda'aadha.

Gilgaala 9: Gochaalee Shaakala Ciroo

Himoota armaan gadii keessaa ciroo hirkataafi ciroo ofdanda'aa adda baasii barreessi.

Fkn:

Dhukkuba HIV/AIDS ofirraa ittisuun maatii ofiif wabii ta'uudha.

ciroo hirkataa - Dhukkuba HIV ofirraa ittisuun,

ciroo ofdanda'aa - maatii ofiif wabii ta'uudha.

1. Barattuun barana sadarkaa tokkoffaa baate sun, badhaasa argatte.

ciroo hirkataa-

ciroo ofdanda'aa-

2. Manni kitaabaa uummataa guddichi, Finfinneetti ijaarame.

ciroo hirkataa-

ciroo ofdanda'aa-

3. Daa'imman kaleessa miliqfaman sun, Adaamaatti qabaman.

Ciroo hirkataa-

ciroo ofdanda'aa-

4. Addunyaan Keenya balaa uumamaan miidhamterraa, dandamachaa jirti.

ciroo hirkataa-

ciroo ofdanda'aa-

5. Barattoonni warri ati argaa jirtu kun, kutaa salgaffaa baratu.

ciroo hirkataa-

ciroo ofdanda'aa-

6. Tokkummaan cimanii yoo hojjetan hiyyummaa keessaa bahuun salphaadha.

ciroo hirkataa-

ciroo ofdanda'aa-

BOQONNAA SHAN OGAFOOLA

Kaayyoowwan:Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- Yaadrimee ogafoolaa ibsita.
- Amaloota ogafoolaa adda baafta.
- Faayida ogafoolaa adda baafta.
- Gosoota ogafoolaa adda baafta.

Barannoo Tokko: Yaadrimee Ogafoolaa

Gilgaala 1: Gochaalee Yaadrimee Ogafoolaa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii gareedhaan irratti mari'achuun dareef afaaniin gabaasaa.

1. Ogafoolli maali?
2. Hawaasni ati keessa jiraattu yaada, aadaa, seenaafi duudhaa isaa akkamitti ibsata?
3. Akkaataa hawaasni ogafoolatti gargaaramuun yaada, fedhii, hawwii, gaddaafi gammachuu isaa ibsatu irratti muuxannoo qabdu dareef ibsi.

B. Barreeffamoota adda addaa yaadrimee ogafoolaan walqabatan dubbisuun odeeffannoo argatte barreeffamaan qopheessuun dareef gabaasi.

Yaadannoo: Yaadrimee Ogafoolaa

Ogafoolli dubbii afaaniitiin yeedaloon kennameefii, yookiin osoo hinkennamiin kalaqaaf oguma dhimma hawaasummaa adda addaa irratti xiyyeeffachuun dhalootaa dhalootatti cehudha. Haala kanaan aadaa, duudhaa, amantaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa, aartii, falaasama jiruufi jireenyaa, hawwiifi fedhii, jibbaafi jaalala walumaagalatti, ogumaafi (wisdom) jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa kan qabudha. Kana jechuun afoolli daawwitii ittiin maalummaa jiruufi jireenya hawaasa tokkoo ilaaluu dandeenyudha. Kunis, muuxannoofi kalaqa hawaasaa hunda barreeffamatti jijjiiruun kan hindanda'amne ta'uufi ogafoola hawaasichaatiin dhalootaa dhalootatti kan daddarbu ta'uu nutti agarsiisa.

Barannoo Lama: Amaloota Ogafoola

Gilgaala 2: Gochaalee Amaloota Ogafoolaa

Gaaffilee armaan gadii akkaataa gaafatamtetti deebisi.

1. Namoonni ogafoolatti dhimmoota akkamiif dhimma itti ba'u?
2. Ogafoolli hunduu amala walfakkaatu moo amala garaagaraa qabu? Ogafoola gosa adda addaa lama fudhachuun amala isaanii ibsi.
3. Amala ogafoolaa irratti odeeffannoo argachuuf mana kitaabaafi interneetii fayyadamuun yaada argatte barreesi. Yaada barreessites dareef ibsi.
4. Ogafoolli hawaasa tokkoo bakkaa bakkatti garaagarummaa qaba. Kun maaliif ta'e jettee yaadda? Fakkeenyaan ibsi.

Yaadannoo : Amaloota Ogafoolaa

1. Hurruubummaa

Ogafoolli tokko amala hurruubummaa qaba yemmuu jedhamu, haalli walaloon ogafaan itti raawwatamuufi oduun durii itti dhiyaatu garaagarummaa qaba. Oduun durii yeroo baay'ee galgala galgala namoonni gurguddoon yemmuu maatiin manatti dacha'u ijoolleef kan himamudha. Sirba waloo cidhaa yoo fudhanne immoo, iddoo cidhaatti kan sirbamudha. Walumaagalatti, hurrubummaan nama meeqaan, maal qabatanii, sochiin qaamaa maal fakkaata kanneen jedhaniin madaalama.

2. Lufummaa

Afoolli har'a jiru kaleessarraa qaxxaamuree as ga'e. Boruttillee nitarkaanfata. Kanaafuu, baroota dheeraaf turuufi dhaloota irraa dhalootatti daddarbuu nidanda'a. Kana malees, daangaa ce'ee hawaasa tokko irraa hawaasa birootti makamuu nidanda'a. Dhalootaa gara dhalootaatti kan daddarbu karaa lamaan: jechaafi gochaan. Fakkeenyaaf mammaaksi, sheekkoon, eebbi, abaarsiifi kkf. jecha qofaan kan darban yoo ta'u, shaggooyyeen, ateeteen, raganni, tirriin, geelloon, geerarsiifi kkf. jechaan deeggaramanii gochaan darbu.

3. Uummatummaa

Afoolli qabeenya uummataati. Akka kitaabaa namicha barreesseen hinwaamamu. Uummata afaan sana dubbatuun waamama. Afoolli Afaan Oromoo keessa jiranis kan Saba Oromoo hundaa waan ta'eef, miseensonni hawaasichaa hundinuu abbummaa keessaa qabu.

4. Jijjiiramummaa

Ogafoolli afaaniin dhaloota irraa dhalootatti waan darbuuf bakka tokko tokkotti nijijjiirama. Jijjiiramichis gama qabiyyee, jecha, gaalee, hima, tartiibaafi qooddattootaatiin mul'achuu danda'a. Qabiyyee afoolaatti dabaluu, irraa hir'isuu, fooyyeessuufi kan biraatiin bakka buusuutu mul'ata.

Fkn.

Allayyaa Calanqoo

Keessaa bookkisa jaldeessi/qeerransi

Yaa hayyuu Oromoo

Waaqa nuu kadhu jabeessii.

Walaloo armaan olii keessatti kan gurraacha'ee barreeffame jijjiiramummaa jechichi bakkaa bakkatti qabu agarsiisa.

5. Miidhagina

Afoolli miidhagina qabaachuun isaa kan beekamu irra deddeebii dhamsagootaa, jechootaafi caasaalee walsimatan, irra deddeebii sagalee, filannoo jechootaa, yaa'aafi yeedaloo qabaachuu, dubbiiwwan qolaa adda addaatiin dhiyaachuu, suuraa sammuutti uumuu, qomatti qabatamuu danda'uu, muuxannoo dhugaa hawaasichaa irraa kan maddan ta'uu isaati. Fakkeenyaaf mammaaksi, hibboon, geerarsiifi kanneen biroo jechoota miidhagoofi bifa walaloo waan ta'eef hindagataman.

6. Hirmaattota (Dhaggeeffattoota)

Afoolli hojii garee waan ta'eef, namni tokko qofaa isaa irratti hinhirmaatu. Fakkeenyaaf, hibboon gaafataafi gaafatamaa, oduun durii dubbataafi dhaggeeffataa, mammaaksis kan akkanumaan namni qofaa lafumatti mammaaku osoo hintaane dhimma irratti mammaakuufi namoota waliin mammaaku qaba.

7. Haala Mijaa'aa

Afoolli yeroo, bakkaafi haala mijaa'aa keessatti hojiirra oola. Fakkeenyaaf, sirba cidhaa sirbuuf cidhi jiraachuu qaba. Mammaaksa mammaakuuf, yaanni mammaaksi irratti mam maakamu jiraachuu qaba.

Barannoo Sadii: Faayidaa Ogafoolaa

Gilgaala 3: Gochaalee Faayidaa Ogafoolaa

Gaaffiiwwan armaan gaditti jiran maddeen odeeffannoo barreeffamaafi afaanii adda addaa fayyadamuun ragaa erga qindeeffattee booda deebii kee barreeffamaan dareef dhiyeessi.

1. Osoo barnoonni ammayyaa hinjalqabin dura wantoota naannootti argamaniifi jiruufi jireenya hawaasichaa Uummanni Oromoo daa'imman isaa akkamitti barsisaa ture? Fakkeenyaan deggeruun ibsi.
2. Ogafoola adda addaa naannoo keetti argaman jaarsoliifi namoota beektu gaafachuun walitti qabi. Kana booda, faayidaa isaan hawaasa naannoo ati jiraattu keessatti qaban barreessii dareef dhiyeessi. Akkasumas, amalaafi akkaataa itti uumaman qorachuun agarsiisi.
3. Faayidaa ogafoolli qabu ilaalchisuun mana kitaabaa, toora interneetii, gaazexaafi barreeffamoota adda addaa dubbisuun erga qindeessitee booda dareef dhiyeessi.
4. Faayidaa hibboon daa'immaniif qabu tokko tokkoon ibsi.

Yaadannoo: Faayidaa Ogafoolaa

1. Faayidaa Barsiisuuf

Hawaasni tokko afoolatti gargaaramuun jireenya hawaasummaa, amala gaarii, seenaa, aadaafi tooftaa jireenyaa walbarsiisa. Kana malees, amala ijoolleefi dargaggoonni baratanii guddachuu qaban ogafoolatti fayyadamuun barsiisa. Fakkeenyaaf, qusannaa barsiisuu yeroobarbaadan mammaaksa, "Olkaa'an malee olkaatanii hinfuudhan," jechuun ijoolleen salphaatti akka waa qusatan itti himu.

2. Faayidaa Ibsuu

Afoolli gaaffiiwwan bu'uuraa Uumaafi uumamaan walqabsiisuun miseensonni hawaasaa keessattuu ijoolleen ka'aniif mirkana tokko malee tooftaa deebii itti kennan. Fakkeenyaaf, oduun durii tokko waan hawaasa keessatti gaaffii kaasuuf waa'ee waan sanaa ibsuudhaan deebii kennuuf yaala. Kanaafuu, hawaasni naannoo isaa keessa wantoota jiran, namoota, tulluuwwan, laggeen, mukkeen, beelladootaafi kkf. maaltu uume? Akkamitti uume? Maaliif uume? Nuti eessaadhufne?Gaaffii jedhaniif ibsuudhaan deebii kennu.

Fkn:

Gaangeen maaliif hindhalle?, Waaqni maaliif olfagaate?, Harreen maaliif malkaatti fincoofti? fi kanneen biroo ittiin gaafatu. Walumaagalatti, ilmi namaa akkaataan uumamaa hibboo itti ta'ee rakkise tokkoof deebii kennuuf afoolaan fayyadamee ibsuuf yaada. Kanaanis boqonnaa sammuu amma ta'e tokko argata.

3. Faayidaa Cimsuu

Namoonni dhaabbilee yookiin waldaa hawaasummaafi aadaawwan qaban afoolatti fayyadamanii nicimsu; nijajjabeessu. Kanaafuu, dhaloota irraa kaasee hanga du'aatti wantoota raawwatan barbaachisummaafi gaarummaa isaanii himanii amansiisuun wantoonni dalagan kunniin akka hinbanneefi dhalootaa dhalootatti itti fufiinsa akka qabaatu taasisu. Gara biraatiinis namootaaf fakkeenyummaa akka gootummaa, amanamummaa, kutannaa, qabsaa'ummaafi kkf. kennuun namoonni biroo faana isaanii akka hordofan gochuuf yaalu. Walumaagalatti, kaayyoon isaanii hawaasicha keessatti aadaawwan jiraniifi wantoonni raawwataman itti fufiinsa akka qabaatan taasisuudha. Fkn. Suuta deeman suuta qoreen nama waraanti.

4. Faayidaa To'achuu

Afoolli naamusa, seera jireenyaafi amala gaarii miseensota hawaasichaa nibarsiisa. Amalli yookiin gochi gadheen kanneen akka hattummaa, sobdummaa, doqnummaa, gowwummaa, garajabummaa, ofittummaa, maslufummaa, lugnummaa hawaasa keessatti akka hinbabal'an neef to'achuuf, sirreessuufi ittiin adabuuf gargaara. Geerarsa, oduu duriifi mammaaksota adda addaatti fayyadamuun namoota naamusa gaarii hinqabne ittiin gorsu,ittiin arrabsu, ittiin ceepha'u, ittiin balaaleeffatu.

Fkn1:

Haati hattuun intala hinamantu.

Fkn2:

Boosoo yaabosettii,
Teessu nisassaabbatti,
Baatu nihaxaawwatti.
Diinqi afaa hinqabu,
Afaan gabii hinqabu.
Itilleen qaqqabe,
Itti himeen dadhabe.
Itilleen sukkuumee,
Boosotti hinaariinaa,
Akka Waaqni uumee.

5. Faayidaa Miliquu

Jiruufi jireenyi ilma namaa dhiibbaa (Hidhaa seerota adda addaa) yeroo, siyaasaa, amantaa, Uumaafi qabeenya irraa kan ka'e bu'aa ba'ii hedduun kan guutame. Dhiibbaawwan kanneen kallattiin qolachuufi mormachuun rakkoo namarraan kan gahuufi miidhaa qaamaa, hawaasummaa , dinagdeefi xiinsammuu fiduu danda'a jedhamee yoo sodaatame afoola adda addaatti fayyadamanii miira keessa isaaniitii dhikkifatu futtaafachuun boqonnaa argachuufi dhiibbaa mudachuu danda'u jalaa miliquun addunyaa yaadaa boqonnaa qabdutti godaanuun gara addunyaa kolfaa, taphaafi bashannansiisaatti seenuun nidanda'ama.

6. Faayidaa Tokkummeessuu

Afoolli hariiroo hawaasa itti fayyadamu walitti fiduudhaan akka dhuunfaatti osoo hintaane, akka garee tokkootti akka of yaadaniifi qunnamtii wajjin qaban akka cimsatan gargaara.

Barannoo Afur: Gosoota Ogafoolaa

Gilgaala 4: Gochaalee Shaakala Ogafoolaa

Gaaffiiwwan armaan gadiitiif deebii kee barreeffamaan dhiyeessi.

1. Gosoota ogafoolaa hamma beektu tarreessi.
2. Durdirii dubbiste yookiin kan namarraa dhageessee beektu tokko barreessii dareef dubbisi. Ergaa durdurichaas dareetti himi.
3. Sirba jaalala biyyaa irratti sirbame tokko namoota gaafachuun yookiin kan ofii kee beektu yoo jiraate, barreessii daree keessatti sirbuun agarsiisi.
4. Garaagarummaa durduriifi geerarsa gidduu jiru irratti gareen mari'achuun dareef barreeffamaan gabaasaa.

Yaadannoo: Gosoota Ogafoolaa

Afoolli akaakuu hedduu qaba. Isaanis: eebba, mammaaksa, hibboo, ciigoo, sheekkoo, jechama, geerarsa, sirba, tapha ijoollee, faaruufi kkf.

1. Sheekkoo

Sheekkoon bifa hololootiin kan dhiyaatudha. Haala dhiyeenya isaa kanaanis kanneen walaloodhaan dhiyaatanirraa adda ta'a. Qabiyyeen isaa inni guddaan haala hawaasni tokko keessa ture agarsiisuun, haala inni irra jiruuf muuxannoo qooduun, egereetiif qopheessuudha. Kana gochuun, rakkoo tokko keessaa akkamitti akka ba'an, akkamitti akka ba'uu dadhabanirratti odeeffannoo dhiyeessuun jireenya ammaafi egereef karaa agarsiisa.

Waa'ee isa darbee kan calaqqisiisu, waa'ee isa ammaa kan xiinxalsiisuufi waa'ee isa egeree kan yaachisu qabeenyaa hawaasaati.

Gosoota Sheekkoo

Bu'aa inni hawaasa keessatti qabu irratti hundaa'uun bakka afuritti qoodna.

Isaanis:

1.Sheekkoo Bineensotaa

2. Sheekkoo Durdurii

3. Sheekkoo Ibsaa

4. Sheekkoo Seenessaa

1. **Sheekkoo Bineensotaa:** Sheekkoon kun horiifi bineensota qooddattoota godhachuun dub batama. Fakkeenyaaf, namoonni wanta ifa baasanii dubbachuudhaaf sodaa qaban karaan ittiin dabarfatan karaa kana.
2. **Sheekkoo Durdurii :** Sheekkoon kun "Durdurii" jedheetu eegala. Seeneffama gootummaa of keessaa qaban irratti kan xiyyeeffatedha. Akkasumas, bara dheeraa wanta ture karaa ittiin himamudha.
3. **Sheekkoo Ibsaa:** Sheekkoon ka'umsa aadaa, amantii, haala jireenya uummata sanaa ib suudhaaf kan ittiin fayyadamnudha.
4. **Sheekkoo Seenessaa**: waa'ee namootaafi gochoota beekamoo ta'an yeroo seenessu odeessu nimul'ata. Namichi seenessu wanta keessatti qooda fudhate hima.

2. Hibboo

Hibboon:

- Yeroo baay'ee daa'immaniin kan taphatamudha.
- Bifa gaaffiifi deebiin kan dhiyaatudha
- Bakkaafi yeroon kan daangeffamedha (abidda biratti, galgala erga horiin galtee hanga irbaata nyaatanitti)
- Namoota lama gidduutti taphatama.
- Duraa duuba hordofu qaba.

3. Mammaaksa:

Guutummaa jireenya hawaasaa keessatti bakka guddaa qaba. Mammaaksi dubbii fiduu (yemmuu haasawaa jelqaban ittiin jalqabu)fi dubbii fixuuf fayyada (mamaaksi koobaa dubbiiti) ; dubbiin mammaaksa hinqabneefi ittoon soogidda hinqabne… jedhama. Mammaak si hima gabaabduu ifa ta'een kan ibsamuufi afaanota garagaraa keessatti bal'inaan kan beekamu akka ta'e ibsama.Mammaaksi nama kamiiniyyuu kan mammaakamuufi yoomiyyuu eessattuu haala dubbiin walsimatuun itti fayyadamna.

4. Geerarsa (Mirrisa)

Geerarsi bifa walalootiin kan dhiyaatu ta'ee, akaakuu adda addaa qaba. Isaanis: geerarsa ajjeesaa (gootaa), geerarsa faaruu, geerarsa quuqqaa (aarii)fi kkf. ta'uu danda'a. Geerarsi wayita geeraramu seeraafi sirna qaba. Kana jechuun dabaree eeggatanii gootaaf dursi kennamee hangafaa gara quxisuutti deemuun geerarama. Yeroo geeraraan geeraru jamaan waan jedhanii jalaa qaban yookiin cookan nijira. Akka geeraraan dabalee geeraru n i oonnachiisu, nijajjabeessu.

5. Ciigoo

Ciigoon fayyadama afaanii ta'ee, karaa ittiin ergaa dhokataa tokko isa mul'ataa tokkoon golganii dabarfatanidha.Caacculee Ciigoo, walaloofi hololoon dhiyaachuu danda'a.Ciigoon tokko caacculee bu'uuraa sadii of keessaa qaba. Isaanis jecha dachaa, soorgoofi sookoodha.

a. **Jecha Dachaa/Dubbii Dachaa**

Jechi dachaa akka caacculee ciigoo tokkootti maqaa kennameef malee argamni isaa gaalee yookiin ciroo ta'uu danda'a. Kunis, ciigoo tokko keessatti kan hiika tokkoo ol qabudha. Jecha, gaalee yookiin ciroo hiika tokkoo ol qabu kana argachuuf, tooftaalee garaagaraatu jiru. Fakkeenyaaf muraasni isaanii:

A. Jecha hiika tokkoo ol qabu aadaa hawaasichaa faana bu'uun ciigoo dhiyaate

Fkn.

Hidhaa itti cimsaa funyoo fo'ee suuta

Dhiitatee argama bariin ka'ee kuta.

Jecha Dachaa = kuta

Soorgoo = funyoo bakka lamatti addaan baasa

Sookoo = deema

B. Sagalee olkaasuufi gadibuusuun argachuun nidanda'ama.

Fkn.

Osoo karaa deemnuu mana cidhaa gorree

Seenaa ijoollee Oromoo kan nuun jedhu dhabne.

Jecha Dachaa = seenaa

Soorgoo = (sagalee ol kaasuun yoo dubbisne) – ol lixaa, ol gala

Sookoo = (sagalee gadibuusuun yoo dubbisnu) – waa'ee achii as dhufa Oromoo

C. Jecha dhiyaate sana addaan baasuun dubbbisuu,

Fkn.

Kan akkas bariin kaate,

Mucattiin **sinbira** taate.

Jecha Dachaa = Sinbira

Soorgoo = yoo addaan ba'u **'sin bira'** ta'a. kanaafuu,

Sookoo = isin waliin taate

Sookoo = akka simbirroo taate

D. Jechoota adda adda jiran walitti fiduun dubbisuudhaan,

Fkn.

Lafti qonnaa keenyaa hundi isaayyuu tabbaa

Hojii qonnaa keessaa an meesuman jibba.

Jecha Dachaa = anmeesuman

Soorgoo = An meesuma – **anmee suman** = animee simaanan jibba

Sookoo = **an meesuman** = ani hojii qonnaa 'meesaa' jedhamu hinjaaladhu.

b. Soorgoo

Soorgoon ergaa jechi dachaan tokko kallattiin dabarsu yookiin hiika kallattii jechichi qabudha. Soorgoo ciigoo tokkoo hubachuuf unkaafi hiika isaa ilaaluu qabna. Gaaleen toora walaloo ciigichaa isa jalqabaarratti dhiyaate waa'ee soorgoo odeeffannoo nuuf laata. Karaa biraa, kan osoo hindhama'in dafee sammuutti nu dhufu soorgoodha.

c. Sookoo

Sookoon lubbuu ciigoo tokkooti. Sookoon gadi fageenyaan yaaduun hiika dhokataa barbaadamudha.

Fkn.

Barumsa biyya alaa hedduu isaa baranne,

Keessaa isa **kanaadaa** tasa hinirraanfanne.

Jecha dachaa: kanaadaa

Soorgoo: barumsa isa biyya Kanaadaa

Ciigoo: barumsa isa aadaa

Gilgaala 5: Gochaalee Shaakala Geerarsaa

Walaloo geerarsaa armaan gaditti dhiyaate irratti hundaa'uun gaaffiiwwan itti aananii jiran deebisi.

Geerarsa

Yaa ijoolle yaa jarana

Barri hammaatte barana(2)

Barattii bara sanaa

Duula hinduulle jedhanii

Lafa keenya saamanii

Abeetotaa dhaqnaanii

Qullaa nu deebisanii.

Lafa dhabeetan rakkadhe

Beela'eetan dheebodhee

Ka'eetan biyyaa ba'ee

Gibeefi Goojaban ba'e

Barattii bara sanaa

Yaa ijoolle yaa jaranaa

Baaroon baate barana.

Makiinaa gubbaa gadi ciisee

Biyya abbaakoo gadi dhiisee

Fardatu garbuu lixekaa

Baratu darbuu didekaa

Fardatu garbuu lagate

Baratu darbuu kakate

Harkatu na gabaabbate.

Eega indaaqqoo maseenaa

Eessa abbaakoon aseena?

(Madda: Habtaamuu Addunyaa (2016:61). Damee folloqe: Finfinnee, Oromiyaa)

1. Geerarsi armaan olitti dhiyaate yeroo akkamii keessa geerarame?
2. Geerarsicha nama akkamiitu geerare jetta? Maal ibsachuuf geerarame?
3. Geeraraan kun 'harkatu na gabaabbate' jechuunsaa maal jechuudha?
4. Ergaan geerarsa kanaa maali?

Gilgaala 6: Gochaalee Shaakala Mammaaksaa

Mammaaksa beektu yookaan namoota naannoo keetti argaman gaafachuun kanneen armaan gadii jalatti gosa isaanii ramaduun tokkoo tokkoo isaaniif mammaaksota sadi sadii barreessuun dhiyeessi.

1. Obsa
   A. _____
   B. _____
   C. _____
2. Jibba
   A. _____
   B. _____
3. Qusannaa
   A. _____
   B. _____
4. Nuffii
   A. _____
   B. _____

5. Miidhama

A. _____

B. _____

6. Gaabbii

A. _____

B. _____

C. _____

7. Gowwummaa .

A. _____

B. _____

8. Abshaalummaa

A._____

B. _____

9. Ijoollee

A. _____

B. _____

C. _____

10. Ariitii

A. _____

B. _____

C. _____

11. Jaalala biyyaa

A. _____

B. _____

12. Tuffii

A. _____

B. _____

13. Abdii

A. _____

B. _____

Gilgaaa 7: Gochaalee Sirboota Aadaa

Gosoota ogafoolaa armaan gadiitti isiniif kennaman namoota beekan gaafachuun barreeffamaan erga qopheessitanii booda gareen ta'uun gochaan daree keessatti agarsiisaa.

1. Sirboota aadaa kan yeroo cidhaa
2. Sirba ateetee

Gilgaala 8: Gochaalee Shaakala Sheekkoo

Sheekkoo armaan gadii irratti hundaa'uun gaaffilee itti aananii dhiyaataniif deebii sirrii filadhu

Gaaf tokko namichi tokko osoo karaa deemuu laga ce'uuf malkaa bu'e. Yeroo malkaa qarqara ga'u buutii laga cehuu dadhabdee ija babaastu takka arge. Achumaan buutiin kun namichi baatee akka laga ishee ceesisu kadhatte. Innis tole jedhee baatee laga ceesise.Namichi erga laga ceesisee booda buutiin akka irraa buutu gaafate. Isheenis mataa namichaa irra ol baatee "Bosonaafi boolla kana fakkaatu argadhee kana booda eessan deema?" jettee bu'uu didde. Namichis, "erga galata koo balleessitee deemnee jaarsummaa himanna." jedheen. Osoo deemanii beeylada tokko arganii akka inni jaarsummaa ilaaluuf gaafatan. Beeyladichis, "Ani namicha kanaaf hinilaalu sanyiin isaa yoo fedhe na fe'atee, yoo fedhe nuun gulufee, cancalaan na hidhee hagabuu na oolchee, sanyii koo hunda dhamaasa," jedhee didee deeme.

Kana booda namichi buutii baatee qajeele. Osoo deemanii beeylada kan biraatti dhufan. Achumaan, "Maaloo jaarsummaa nuuf ilaali," jedhanii beeyladicha kadhatan. Innis, Ani namicha kanaaf jaarsummaa hinilaalu, sanyiin isaa waanjoo na baachisee, lafa na qochisiisee sanyii koo hundatti taphata," jedhee dide.

Namichi otoo of nyaatuu karaa irra bu'ee otuma deemuu nama tokko arge. Namicha kanaafis waan ta'e hunda ibsee jaarsummaa akka ilaaluuf itti himate. Namichi kunis, " Tole isiniifan ilaala," jedheen. Kanumaan namichis, " Akka seeraatti kan walhimatu walcinaa dhaabbatee dhimma qabu dhiyeeffata. Kanaafuu, yaa buutii namicha kana irraa bu'ii rakkoo kee himadhu." jedheen. Yeroo buutiin mataa irraa lafa buutu, namichi jaarsummaa dubbatu abbaa dhimmaa ija keessa ilaalaa, " buutiin lafa jirti; uleen si harka jirti," jedhe jedhama.

1. Buutiin maaliif ija babaafti turte?
   A. Karaa deemaa waan jirtuuf
   B. Bishaan daaktee waan baateef
   C. Bishaan waan ishee fudhateef
   D. Laga cehuu waan dadhabdeef
2. Keeyyata tokkoffaa keessatti jechi 'innis' jedhu maal ibsa?
   A. Buutiin laga cehuu dadhabde
   B. Namicha buutii laga ceesise
   C. Beeylada jaarsummaa ilaaluuf gaafatame
   D. Beeylada jaarsummaa dide
3. Dubbisni kun keeyyata meeqa qaba?
   A. 5 B. 4 C. 6 D. 3

4. Keeyyata sadaffaa keessatti jechi 'innis' jedhu maal ibsa?
   A. Namicha jaarsummaa gaafatame
   B. Buutii jaarsummaa gaafattu
   C. Beeylada jaarsummaa ilaaluuf gaafatamu
   D. Hunduu deebiidha.
5. Beeyladni inni lammataa kan jaarsummaa ilaaluufii dide kami?
   A. Sa'a B. Qotiyyoo
   C. Farda D. Harree
6. Beeyladni inni tokkoffaa kan jaarsummaa ilaaluufi dide kami?
   A. Sa'a B. Qotiyyoo
   C. Farda D. Harree
7. Keeyyata tokkoffaa keessatti jechi 'isheenis' jedhu maal ibsa?
   A. Farda B. dubartii bishaan waraabaa jirtu
   C. buutii D. qotiyyoo

Gilgaala 9: Gochaalee Shaakala Hibboo

Qabxiilee kanaa gaditti siif kennaman irratti hundaa'uun adeemsa hibboon ittiin geggeeffamu kan naannoo keetii qoradhuu dareef dhiyeessi.

1. Gaafataafi gaafatamaan maal jedhanii jalqabu?
2. Kan gaafatame maal gochuuf mirga qaba? Akkamitti?
3. Kan gaafatame yoo dhabe maal ta'a? Fakkeenyaan ibsi.

Gilgaala 10: Gochaalee Shaakala Ciigoo

Ciigoowwan itti aananii jiraniif jecha dachaa, soorgoofi sookoo isaanii baasii bakka duwwaa siif kenname irratti barreessi.

1. Cirracha darbitee kan buufte karaarra
   Abaaramuu keeti baateetoo namarraa
   Jecha dachaa:_____
   Soorgoo:_____
   Sookoo:_____
2. Miila lama qabdaaf muka lama hin kortuu
   Tokkuma filadhu amma garaa hirtu
   Dubbii dachaa:_____
   Soorgoo:_____
   Sookoo:_____

3. Ani taa'een ilaalaa ati guurii buusi

   Dubbii dachaa:_____

   Soorgoo:_____

   Sookoo: _____

4. Akkan taane ta'een seera uumaa cabsee

   Harki na hidhamnaan miilaanan barreesse.

   Dubbii dachaa:_____

   Soorgoo:_____

   Sookoo: _____

5. Hamma humna keenyaa hinteenye nitirannaa

   Jireenya maalii jirra Waaqjiraaf jiraanna.

   Dubbii dachaa:_____

   Soorgoo:_____

   Sookoo: _____

Gilgaala 11: Gochaalee Shaakala Ogafoolaa Kan Waliigalaa

Gaaffiiwwan armaan gadii qubee deebii sirrii qabu filachuun deebisi.

1. Tapha hiibboo keessatti inni deebii kennuu dadhabe maal adabama?
   A. Gaaffii dabalataa gaafatama
   B. Biyya akka laatu taasisama
   C. Kophaasaa akka taa'u godhama
   D. Tapha sanaan ala taasisama
2. Qabiyyeen mammaaksa, "Yoo humna qabaatan sagaliin lolan, yoo humna dhaban sagalee tolan," jedhu kun:
   A. Dhugaa mul'isa
   B. Hiriyyummaa
   C. Wallaalummaa
   D. Tooftaa agarsiisa
3. Qabiyyeen mammaaksaa, "Raammoon foonii foon," jedhu kun isa kami?
   A. Hiriyyummaa
   B. Firooma
   C. Diinummaa
   D. Hammeenya

4. Mammaaksota asiin gaditti dhihaatan keessaa kan obsa barsiisu kami?
   A. Beekta beekta jennaan qeesiin macaafa dhiqxe.
   B. Biyya abbaa kootii jedhe injiraan moluu koree.
   C. Baddu baddi malee saree ija hindhiqan.
   D. Amma barri darbutti mataa gadi qabanna jedhe namichi.
5. Mammaaksi, "Jiruu deegaa jiruu seetaa? Raafuu fixee rafuu dide, " jedhuu kun qabiyyeen buusichaa maal agarsiisa?
   A. Waldiddaa.
   B. Sababaafi bu'aa
   C. Jette jedhanii.
   D. Buusaa Qixxeessaa
6. Kanneen kanaa gadii keessaa yaadni odeeffannoo sirrii hinqabne kami?
   A. Mammaaksi af-hololoon dhiyaata.
   B. Geerarsi af-walaloon dhiyaata.
   C. Hiibboon af-walaloon dhiyaata.
   D. Taphni ijoollee af-walaloon dhiyaata.
7. "Hidda malee xannachi hindhiigu," mammaaksi jedhu hiikti isaa maal?
   A. Qomoo ofii malee ormi namaaf hingaddu.
   B. Yoo hidda muran malee xannachi dhiiguu hindanda'u.
   C. Hidda malee xannachi dhiiga hinqabu.
   D. Akka Ormaatti firri wal hinjibbu.
8. Eeboo darbatanii jinfuu hinqabatan. Mammaaksa kanaaf mammaaksi hiika ta'uu danda'u kami?
   A. Tufanii hinarraaban.
   B. Bishaan darbe hinwaraaban.
   C. Ganna darbeef mana hinijaaran.
   D. Hunduu deebiidha.
9. Deebiin hiibboo, "Ayyoon gabaabduudhaa; yoo teessu lafaa hin kaatu; yoo dhaantu namaa hin naatu," jedhu kanaa isa kami?
   A. Qawwee
   B. Dhakaa daakuu
   C. Haamtuu
   D. Gufuu

10. Sheekkoon seenessaan haala kamiin seeneffamuu danda'a?
    A. Asoosamaatiin
    B. Hololootiin
    C. Walalootiin
    D. Hunduu sirriidha
11. Uumama wantoota adda addaa ilaalchisee gaaffiiwwan daa'imman gaafataniif irra caalaatti deebii kenna jedhamee kan yaadamu kanneen kanaa gadii keessaa kami?
    A. Sheekkoo seenessaa
    B. Sheekkoo ibsaa
    C. Sheekkoo durdurii
    D. Sheekkoo bineensotaa
12. "Titiisni baay'atteef qodaa hinbuqqifattu," mammaaksi jedhu kun maal agarsiisa?
    A. Dhugaa
    B. Gowwummaa
    C. Tuffii
    D. Firooma
13. Dubbiin qolaa, "Of eegaa sirbaa!" jette hantuunni jedhu kun maal jalatti ramadama?
    A. Akkasaa
    B. Nameessuu
    C. Bakka buusaa
    D. Arbeessuu
14. Osoo beeknuu huuba wajjin jette_____.Mammaaksa kana kan guutuu taasisu:
    A. sareen
    B. harreen
    C. hoolaan
    D. gaangeen
15. Haati nama ilaalti ilmoon nama nyaatti. Deebiin hiibboo kanaa:
    A. Shiniifi jabanaa
    B. Qawweefi rasaasa
    C. Sa'aafi waatii
    D. Handaaqqoofi cuucii
16. Qotiyyoon keenya karaa deemee hindeebi'u. Deebiin hiibboo kanaa:
    A. Bishaan Lagaa
    B. Farsoo
    C. Aannan
    D. Gaara

17. Kan hamma namaa hingeenye farda namaatiin_____jetti.

A. ganyaa

B. gaangee

C. ushee

D. kurkur

18. _____mammaakan waa himani. Mammaaksa kana guutuu kan taasisu isa kami?

A. Fiigan fudhatan

B. Uka jalaa baasan

C. Jaarsa dhaggeeffatan

D. Aak jedhan waa tufan

19. Godoo gamaa balbalti lama. Deebiin hiibboo kanaa kami?

A. Funyaan

B. Ija

C. Gurra

D. Afaan

20. "Walmalee hinqabnu, garaa wal hinqabnu," jette urunguun. Jechamni jala sararame hiikti isaa maal jechuudha?

A. Ulfa miti.

B. Wal hinbeeknu

C. wal hinjaallannu.

D. walsodaanna

BOQONNAA JA'A: OGWALALOO

Kaayyoowwan: Xumura boqonnaa Barnoota kanaatti:

- Yaada walaloo dhaggeeffachuun afaaniin gabaasta.
- Malleen dubbii adda addaa walaloo keessaa adda baasta.
- Barreeffama keessatti malleen dubbii fayyadamta.
- Fayyadama jechootaa walaloo keessatti shaakalta.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuu Duraa

Osoo walaloo dhiyaate hindhaggeeffatin dura gaaffiiwwan armaan gadiirratti gareen mari'adhaa.

1. walaloo jechuun maal jechuudha?
2. Walaloofi barreeffamoota hololoo gidduu garaagarummaa jiru ibsi.
3. Barreeffama walaloon dhiyaatu immoo, hololoon dhiyaatutu irra caalaa dhageettii namaa hawwata?

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

Barreeffama walaloo barsiisaa/tuun kee siif dubbisu/tu sirriitti dhaggeeffachuun gaaffiiwwan armaan gadii guuti.

1. Walaloon kun waa'ee maalii irratti xiyyeeffatee barreeffame?
2. Walaloon kun eenyuun walaleeffame?
3. Gosti walaloo kanaa maali?
4. Dhuma buufattootaa irratti sagaleen ittiin xumurame walfakkaata moo gargari?
5. Ergaan walaloo dhiyaate kanaa keeyyata keeyyataan walqabataa?

Gilgaala 3: Gochaalee Dhaggeeffachuu Boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadii gareedhaan mari'achuun afaaniin dareef gabaasaa

1. Walaloo armaan olitti dhaggeeffatte akka fakkeenyaatti fudhachuun faayidaa walaloon hawaasa keessatti qabu addaan baasii barreessi.
2. Malleen dubbii walaloo keessatti gahee akkamii taphatu? Gahee isaan qaban irratti mari'achuun deebisaa.
3. Ergaan walaloo dhaggeeffattee maali?

Barannoo Lama: Dubbisuufi Dubbachuu

Gilgaala 4: Walaloo Sagaleessanii Dubbisuu

A. Walaloo armaan gaditti argamu dabareedhaan sagalee kee ol kaasuun saffisaafi qulqullina fudhatama qabuun barattoota daree keef dubbisi.

Uggum Kubbaa Miilaa!

Irriba minyooftuurraa waamee na dammaqsee

Har'as nan yaadadha, eenyu gaafa sana manaa akka na baase.

Barii raffisaan badii farrisa

Guyyaa raffisaan qullaa hanbisa

Halkan raffisaan qalbii gabbisa.

Jedhee waa mammaakee

xiqqoos na qoccolee

Maal sitti fakkaata oolmaa keenya har'aa

Yoo istaadiyeemii oolle

Tapha kubbaa miilaa yoo deemnee ilaalle

Jedhee na sossobee

Mana kootii baasee, dirreetti naan gale.

Istaadiyeemii geenyee dabaree eeggannee

Akka mana cidhaa gumaata laadhannee

Yemmuttii ol seennu, safuu Waaqa guddaa

Akka gaafa aarsaa galma Abbaa Muudaa

Gaafa guutuu Qaalluu, gaafa Irreessa Siidaa.

Jamaan walsassaabee, hoomaan gelel yaa'ee

Salgan do'attootaa dirreetti walga'ee

Walakkaan garanaan, walakkaan garasiin

Istaadiyeemii taa'ee, quphanee ija miixa

Jalqabbii taphiisaa, arguu gojoma'ee.

Afaan hincallisu, hunduu indudubbata

Maali hinjalqabamuu jedhee walgaafata

Jagnoota gootaa, dirree jara taphattootaa

Kubbaa dhiittuu faarsa, warra daawwattuuf goota.

Kaan kana deeggara, kaan sanaaf lallaba

Mallattoo gartuusaa faacha dirree kubbaa

Fuula halluun booxxatee, erbee baatee sirba.

Akka waan ajjeesee, kaan iyyee geerara

Gammachuu hirmaata, kolfa walii hira

Akka saattoo mootii achii qoosee shaafa

Qilleensa abbuuqee asii faaggaa afuufa.

Achii dibbee dibba, asii gartuu faarsa

Ulullee dhungatee, qooqa dhangalaasa

Kaan sirbee ragada, kaan weedduu weeddisa.

Qiraacii qorqorroo, cittuu sibiilaa yookiin muka gogaa

Kashkashiifi cirracha imbiltaafi faaggaa

Iyyaafi ilillee, wacaafi wacabbara, babbaqaqa laagaa

Uursaafi guungummii, sagalee fokkisaa sagalee miidhagaa

Ollaa asi dhihoo miti, dhaga'uunsaa hinoolu sabni biyya moggaa.

Hoomaa namaatu yaa'e kan fuulli adda addaa

Dorgommii bifootaa morkii halluu hundaa

Adii wayyaa misirroo, gurraachi wayyaa gaddaa.

Kittaafi shushumburii, fiddoo gugurraacha

Qomee akka cucurree waan akka billaachaa.

Walmaraafi xiilloo akka bifa jawwee

Kootii halluu bunaa, jaakkeettii akka lawwee.

Daalachaafi bulee dotiifi magariisa diimaa akka baggee

Gurraacha limixii yookaan adii weecoo uffannaa akka dhiilgee.

Inni kaan uffatee, kaanis marxifatee

Tokko haguuggatee, kaanis gonnoffatee.

Taa'ee wacabbara, gatiittiin walrigee

Sooressaafi hiyyeessaan gulantaan calalee

Akka ija boqqolloo hunduu toora galee.

Gabbataa fufurdaa tuullaa tulluu koontoo

Fayya buleessa akka warabboo caattoo

Huuqqataa akka qoorbii kan mangaagaan batoo

Kaan funyaan gabaabaa kaan konkonni qottoo.

Loomaa morma lawwee, dheeraa mataa faaxuu

Gabaabee dinsiree, guchumee wallixxuu.

Bifa cululuqaa akka killoo beeraa

Bifa shaakatta'aa, akka hammaartuu daaraa.

Sooressaafi hiyyeessa, gulantaan calalee

Akka ija boqqolloo, digalii istaadiyeemiirra

Hunduu toora galee

Hinsiiqsa, hinfooricaa

Siiksee abbaa seeraafi tapha arguu kajeelee.

B. Walaloo armaan olii irratti hundaa'uun gaaffiiwwan armaan gadii barreeffamaan deebisi.

1. Walaloon kun buufata meeqa qaba?
2. Walaloon kun unata sagalee/birsagaa qabaa? Fakkeenyaan agarsiisi.
3. Walaloon dubbiste kun waa'ee maaliirratti xiyyeeffata?
4. Walaloo kana keessatti irra deddeebii birsagaafi jechaa jiran barreessi.

C. Walaloo armaan olii irra deebi'uun gadi fageenyaan dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii dabtara kee irratti barreessuun deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Waloon kun, "jagnoota gootaa" kan ittiin jedhe eenyuun?

   A. daawwattoota C. abba murtii

   B. taphattoota D. hundumaan

2. Akka walaloo kanaatti, "kolfa walii hiru" yoo jedhu:

   A. kolfa waliif kennu C. kolfa bitee gurgura

   B. waliin kolfanii gammadu D. walitti kolfa

3. Gosoonni meeshaalee muuziqaa walaloo kana keessatti maqaa hindhahamne kami?

   A. dibbee C. imbiltaa

   B. ulullee D. kiraara

4. Bo'oowwan walaloo armaan gadii sadan malleen dubbii keessaa kamiin ibsaman?

"Iyyaafi ilillee, wacaafi wacabbara, babbaqaqa laagaa

Uursaafi guungummii, sagalee fokkisaa sagalee miidhagaa

Ollaa asi dhihoo miti, dhaga'uunsaa hinoolu sabni biyya moggaa".

   A. akkasaa C.arbeessa

   B. bakkasaa D. nameessa

5. Walaloo dubbiste keessatti, "tuullaa tulluu koontoo" yoo jedhu maal jechuu barbaadeeti?

   A. baay'ee furdaafi guddaa C. huqqataa

   B. tuullaa midhaanii D. deebiin hinkennamne

5. Walaloo dubbiste keessatti, "tuullaa tulluu koontoo" yoo jedhu maal jechuu barbaadeeti?

   A. baay'ee furdaafi guddaa C. huqqataa

   B. tuullaa midhaanii D. deebiin hinkennamne

6. Sarara dhuma walaloo kanaa keessatti jechi, "siiksee" jedhu hiikni galumsaa isaa maali?

   A. uffata ispoortii C. taphachiisaa

   B. murtii D. afuuffee/fiishkaa

Gilgaala 5: Walaloo armaan olitti dubbiste irratti hundaa'uun gaaffiiwwan armaan gadii gareen irratti mari'achuun afaaniin deebisi.

1. Walaloo kana keessatti jechoota olkaafaman (arbeeffaman) muraasa isaanii barreessi.
2. Malleen dubbii walalicha keessatti dhimma itti ba'aman tarreessuun gosoota isaanii barreessi.
3. Jechoota looga hawaasaa mul'isan walalicha keessaa baasuun agarsiisi.
4. Jechoonni miira garaa garaa mul'isan waloon kun itti fayyadame sakatta'uun agarsiisi.
5. Walaloon kun gosa walaloo kamitti ramadama?
6. Waloon kun miira akkamiin walaloo kana barreesse?

Gilgaala 6: Walaloo armaan gadii irratti hundaa'uudhaan gaaffiiwwan 1-6 jirandeebisi.

Namni obsa qabu ni jedhama gowwaa
Garuu darbatamee inni hin seenu bowwaa
Ofiisaarraa hafee kaaniif ta'a dawaa.
Ani ta'uun fedha har'a nama guddaa
Keessi koo na didee obsuudhaaf waan hundaa
Adaraa waaqa koo na tasisiin badaa
Obsa akkan qabaadhuuf anaaf kenni yaada.
Yoo fedhe keessi kee ta'uuf nama gaarii
Baay'ee si rakkisu taasisuudhaaf marii
Jarjaruu dhiisiitii dabarfadhu aarii
Waan hundaa osoo beektuu obsaa ta'uu barii.

1. Walaloon kun buufata meeqa qaba ?

   A 11 B. 3

   C. 1 D. 4

2. Walaloo armaan olii kanaaf mata duree ta'uu kan danda'u kami ?

   A. Gowwummaa B. Obsa

   C. Abshaalummaa D. Ariitii

3. Walaloon armaan olii keeyyata meeqa qaba ?

   A. 11 B. 4

   C. 3 D. deebii hin qabu

4. Walaloo armaan olii bo'oo 10ffaa irratti gaaleen '**dabarfadhu aarii'** jedhu maal jechuu barbaadeeti ?

   A. hinjarjariin B. aaruu dhiisi

   C. aarii xumuri D. aarii kee yeroo biraaf ka'adhu

5. Keeyyata dhumaa keessatti walaloon kun unata sagalee qabaachuu isaa birsaga kamtu nutti agarsiisa?

   A. gaarii, marii, aarii, barii B. -rii

   C. -da D. -ii

6. Bo'oo 6ffaa irratti jechi **badaa** jedhu akkaataa galumsa kanaatti hiikni isaa maal ?

   A. baay'ee B. kan biyya gadhiisu

   C. gadhee D. haala gaarii

Yaadannoo: Ogwalaloo

1. Yaadrimee Ogwalaloo

Ogwalaloon karaa miidhagaa, humna qabeessaafi qusannoo qabuun jechoota muraasatti fayyadamee yeedaloo miira namaa harkisuun kan dhiyaatudha. Akkasumas, dhaamsa bal'aa tokko haala ifa ta'een kan ittiin dhiyeessanidha.

2. Gosoota ogwalaloo

Ogwalaloon gosa lamatu jira. Isaanis:

1.1. Ogwalaloo Gamdubbii / Ogwalaloo Ogafoolaa

Dubbii afaaniitiin dhalootaa dhalootatti darba. Walaloon ogafoolaa kun gosoota ogafoolaa kanneen akka geerarsaa, mammaaksaa, faaruufi kkf. of keessatti hammata.

Fkn.

Abbaan of hin argu,

Dhagaan of hindarbu.

1.2. Ogwalaloo Gambarruu

Barreeffamaan namaa namatti yookiin dhalootaa dhalootatti darba. Walaloon gambarruu abbeentaan isaa kan nama dhuunfaati malee, akka isa kan gamdubbii(hawaasaa) miti.

3. Amaloota Ogwalaloo

Ogwalaloon, hololoofi walquunnamtii guyyaa guyyaan taasifamu irraa amaloota adda isa taasisan qaba.

3.1. Qabatamummaa

Qabatamummaan, waloon addunyaa dhugaarratti hundaa'ee yaadaafi ilaalcha isaa kan ittiin ibsatu ta'ullee, dhimma qabatee ka'e sana dubbisaaf kan dhiyeessu wantoota qabatamaa ta'anitti fayyadama.

3.2. Unata Sagalee / Birsagaa

Sararoonni tuuta walaloo tokko sagalee tokkoon yookiin sagalee walfakkaatuun yoo xumura man unata sagalee jedhama.

3.3. Filannoo Jechootaafi Walitti Qabama Yaadaa

Jechoota ciccimoo dubbisaa yookiin dhaggeeffataa miira tuquun ergaa dabarsanitti fayyadamuun walaloo barreessuun yookiin dhiyeessuun barbaachisaadha. Kanaafis, jechoota kan akka jechoota sagalee waraabbii, jechoota gareefi jechoota loogaa fayyadamna. Akkasumas, jechoota muraasatti fayyadamuun ergaa bal'aa dabarsa waan ta'eef jechoota niqusata.

3.4. Yeedaloo Qabaachuu

Sagalee faaruu yeroo walaloon dubbifamu kan gurratti tolu, nama gammachiisu, gaddisiisu, kakaasuufi dhiphisu ta'uu danda'a.

3.5. Fakkii uumuu

Jechi walaloon tokko ittiin dhiyaate sammuu dubbisaa keessatti fakkii miiraa uumuu danda'u qaba.

Gilgaala 7: GochaaleeWalaloo Xiinxaluu

A. Gaaffiiwwan itti aananii jiranitti gargaaramuun Walaloo "Haaqusannu" jedhu armaan gaditti argamu gareen ta'uun gadi fageenyaan xiinxalaa.

1. walaloon kun buufata meeqa qaba?

2. Ergaawwan keeyyattoota adda addaa walalichaa walqabataadhaa?

3. Walaloo kana keessatti bishaan utubaa lubbuuti maaliif jedhame?

4. Ergaan buufata lammaffaa walaloo kanaa maali?

5. Barreessaan walaloo kanaa nama maraaf maal dhaame?

6. Jechoota filatamoo walalicha keessatti argaman adda baasii barreessi.

Haaqusannu

Badhaasa uumamaa
Kennaa Waaqa uumaa
Utubaa jireenyaa
Madda lubbuu keenyaa.

Dhebonnu kan dhugnu
Ittiin bilcheeffannee
Nyaannee kan jiraannu
Iccitiin uumamaa
Bu'uurri hundumaa
Bishaan bishaanuma.

Bu'uura jireenyaa
Ta'uusaa daganne
Balfa itti darbinee
Madda isaa gogsinee
Akka hinjirre goonee
Bishaan balleessinee
Balaarra of buufne.

Bor hamma gaabbinu
Yeroonsaa ammaatii
Marti haahubannu
Takkaa mancaanaanii
Gaabbiin hindeeffannu
Akka hinqisaasamne
Waliin haa eeggannu
Utubaa lubbuutii
Bishaan haaqusannu!

B. Yemmuu walaloon xiinxalamu caacculee armaan gadii fayyadamuu dandeenya. Caacculee kana fayyadamuun walaloo lamaan armaan gaditti dhiyaatan gareedhaan xiinxaluun dareef dhiyeessaa.

1. Filannoo jechootaa (malleen dubbii, jechamoota, jechoota loogaa, jechoota garee)
2. Gosa walaloo (walaloo barruufi afwalaloo)
3. Unata (irra deddeebii sagalee, birsagaafi jechaa)
4. Dhaamsa yookiin ergaa walaloo

A. Geerarsa

Jedhi naan jettaniiree?

Jennaan waa hinjettaniiree?

Qaraaruu midhaan booyyee

Goosuu midhaan jaldeessaa

Namatu namaa ciraaree?

Abbaatu yaabee cirataa

Birrii ishee calaqqistuu

Ishee hiyyeessa rakkistuu

Namatu namaa fidaaree?

Abbaatu jooree fidata.

Jaarsa areeda sansaraa

Akka leenca daggalaa

Yaa isa hammeenyi gaasayee

Sinarguu nan haasayee.

Yaa isa gabatee baaduu

Yaa isa qalatee nyaatuu

Yaa isa kan dhabeef laatuu.

Yaa isa maasiin bal'eensaa

Yaa isa maatiin dibbeensaa

Ijoolleen kee jaldeessaa

Eessaa eegdee dandeessaa.

Ijoolleen kee jajjabaa

Akkaaf nyaatti qallabaa.

B. Maalin Dhabe Laataa?

Har'a mitii dur ganamaa

Amma mitii yeroo ijoollummaa

Duris mitii jalqabumaa

Hin argannee jaalala abbummaa.

Haadhatu abbaa ta'ee

Haadha maaltu ta'aa?

Abbaan haadha hinta'uu

Yoomumaa yoomumaa!

Ayyoon tokko miti

Isheen qeenxee miti

Jaalala abbaafi haadhaa

Walitti dachaafti.

Eenyu kan akka ishee?

Harmee duwwaa malee

Eenyuma biratti

Ishee yoon madaalee

Hin jiru tokkolle.

Abbaan qalbii dhabee?

Moo garaatu jabaate?

Ganamuma sanaan

Maaliif nu baqatee?

Maaliree hibboonsaa?

Isa kami deebiinsaa?

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 8: Shaakala Walaloo Barreessuu

Malleen dubbii garaagaraafi jechoota filatamoottii fayyadamuun walaloo tokko barreessii dareef dhiyeessi.

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9 : Jechootaafi gaaleewwan walaloo "Uggum Kubbaa Miilaa" jedhu keessaa ba'an kanneen roga 'A' jala jiran hiika isaanii roga 'B' jala jiraniin walitti firoomsi.

A	B
1. qullaa hanbisa	a. mallattoo
2. qoccolee	b. ija mirmirsa
3. gumaata	c. solooloo
4. jamaa	d. dubbii barbaade/tuttuqe
5. ija miixa	e. jinnii
6. faacha	f. kennaa mana cidhaatti kennamu
7. kittaa	g. kophee
8. fiddoo	h. hiyyoomsa
9. qomee	i. uffata dhiiraa gabaabaa ta'e
10. caattoo	j. uffata dhiiraa shurraaba jalatti uffatamu
11. loomaa	k. namoota danuu/hoomaa
12. killoo	l. meeshaa manaa mukarraa hojjetame cululuqee bareedu
	m. huqqataa

Yaadannoo: Fayyadama Malleen Dubbii Walaloo Keessatti

Malleen dubbii walaloo keessatti humnaafi bareedina gonfachiisuudhaan sammuu dubbisaa/dhaggeeffataa keessatti fakkii uumee, miidhagsee, salphaatti akka hinirraanfatamnetti dhiyeessuudhaan bakka olaanaa akka argatu gochuuf gargaara.

Malleen dubbii haasaa yeroo baay'ee baratamaniifi dubbataman irraa jal'atanii dhiyaatu. Walaloon akka waliigalaatti malleen dubbii fayydamuun amala isaati. Malleen dubbii bal'inaan beekamaniifi walaloo keessatti faayidaa irra oolan fakkeenya waliin armaan gaditti dhiyaataniiru.

1. Akkasaa

Akkasaan dorgomsiisaa wantoota lamaati. Wantoota lama yaada, amala, gochaafi kkf. irratti hundaa'ee waliin dorgomsiisuun kan uumamudha. Fakkeenyaaf,

Hinka'u nan foqoqa

Akka gaddeebii mucaa

Hinfiigu nan munyuuqaa

Akka dullacha qocaa.

2. Bakkasaa/Iddeessaa

Bakkasaan amala waan tokkoo kan biraatiif akkuma jirutti kan kennudha. Bakkasaan akka akkasaa waldorgomsiisee ibsuuf qofa kan fayyadu osoo hintaane dubbiin hiika dabalataatis akka qabaatu godha. Fakkeenyaaf,

. …mana burqaa jireenyaa

Jireenya rooba bonaa

Bona masaanuu gannaa

Dubartii namaan olii

Nama masaanuu walii…

3. Nameessaa

Nameessa jechuun amala dhalli namaa calaqqisiisu yookiin gocha dhalli namaa raawwatu wantoota lubbu-qabeeyyiifi lubbu-dhabeeyyii biroo kan akka yaadaa, meesshaafi kkf. gonfachiisuudhaan ergaa dabarsuun barbaadame sana ibsuu jechuudha. Fakkeenyaaf,

Sareen baasa baastee

Mammaaksa mammaaktee

Osooma beeknuuyii

Huubaajjin soorannaa

Sifaa'eef sifaa'ee

Dhiifnaan baafnee ganna…

3. Arbeessuu

Arbeessuun barreessitoonni mala ittiin walaloo keessatti waan tokko ta'e jedhanii dhugaa jiruun ala guddisanii dhiyeessanidha. Fakkeenyaaf,

Achii …

Bishaan bona qaamni huqqatee laga ciisu

Ganna ganna qaamni furdatee

Baqatanuu nama hindhiisu.

Miila baasa miila qaba

Muka guddaa namaan yaaba…

5. Ateessa(Ebeluu)/'Apostrophe'

Nama lubbuun nu bira jiraatee nu dhaga'uu hindanddenye yookiin wanta lubbuu hinqabneefi deebii nuuf kennuu hindandeenye tokkotti akka waan inni nu dhaga'aa jiruu itti dubbachuu jechuudha. Fakkeenyaaf,

Daggala koo

Waan wajjin jiraatteef

Baadiyyaa guddiftee

Bokkeenya illee waamtee

Biyyee bareechitee

Balleessaan kee maali?

Daggala biyya koo

Ati hundaan olii…

6. Mitihee

Dhaamsi jechaa yookiin himaa irra keessaan soba fakkaatee, waan dhugaa ta'e sammuun keenya fudhachuu danda'u jechuudha. Fakkeenyaaf,

Dheeraan hinqaqqabu

Gabaabaan hindadhabu

Samii caalaa fagoo

Hunda caalaa dhihoo

Hundi argee hinhirmaatu

Namni hundis hindhabu.

BOQONNAA TORBA:
DHUKKUBA ‘COVID-19’

Kaayyoowwan:Xumura barnoota kanaatti:

- Afee/ dubbisa dhaggeeffattee yaada ijoo dubbisaa ni ibsita.
- Sodaa tokko malee yaada kee ni ibsita.
- Qajeelfama fudhachuun hojiirra ni oolchita.
- Afee/dubbisa dhaggeeffattoota bu’uureffate qopheessita.
- Jechoota barreessuu keessatti qubeessuu sirrii fayyadamta.
- Jechooota keessaa hundee, fufii duraafi boodaa agarsiista.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun Duraa

A. Barattootaa, osoo gara dhaggeeffachuutti hince’in dura dubbisa dhaggeeffachuuf jirtan keessatti waan baruu barbaaddan cimdiin ta’uun gaaffiiwwan sadii qopheessaa.

1. _____
   _____
2. _____
   _____
3. _____
   _____

B. Himoota armaan gadii keessatti jechootaafi gaaleewwan jala sararamaniif, hiika galumsaa isaanii gareen mari’achuun deebisaa.

1. Dhukkuboonni daddarboon nama tokko irraa gara nama biraatti kallattii adda addaan **tatamsa’u.**
2. Harka keenya yeroo dhiqannu saamunaan sirriitti **sukkuumuun** bishaaniin qulqullees suun barbaachisaadha.
3. Namoonni mallattoon dhukkuba koronaa yemmuu irratti argamu namarraa adda **bahanii** tursiifamuu qabu.

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

Barreeffama barsiisaan/tuun kee sii dubbisu/tu yookiin sagalee meeshaatti waraabame dhaggeeffachaa bakka duwwaa siif kenname guuti.

1. Dhukkubni Vaayirasii Koronaa dhukkuba _____ miidhudha.
2. Dhaabbanni Fayyaa Addunyaa dhukkubni kun _____ ta'uusaa ifoomseera.
3. Dhukkubni COVID-19 yoo nama qabu _____ garaagaraa agarsiisa.
4. Namni dhukkuba kanaan qabame mallattoolee kanneen akka _____ , _____ , _____ , _____ , _____ fa'atu irratti mul'ata.
5. Mallattoon vaayirasii kanaa namoota hedduu irratti mul'achuu kan eegalu erga qabamanii_____ booda.
6. Dabalataanis, dhukkubni kun _____ fi _____n darbuu danda'a.
7. Malli inni lammataa immoo _____, _____fi _____ harka osoo hindhiqatin tuttuquu irraa of qusachuudha.
8. Tooftaan inni sadaffaan dhukkuba kan ittiin of irraa ittisnu immoo _____ fi _____ afaaniifi funyaan keenya sooftii yookiin harka keenya fayyadamuun haguuguudha.

Gilgaala 3: Gochaalee Dhaggeeffachuu Boodaa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisa dhaggeeffattanii muuxannoo keessan wajjin walqabsiisuun deebii keessan gareen irratti mari'adhaa.

1. Cimdiin ta'uun yaada ijoo dubbisa dhaggeeffattan adda baasuun afaaniin gabaasaa.
2. Gareedhaan walijaaruun yaada cuunfaa dubbisichaa qubee sirrii ta'etti fayyadamuun barreeffamaan gabaasaa.
3. Hospitaala yookiin buufata fayyaa naannoo keessan jiru deemuun yeroo dhihootti dhibee Vaayirasii Koronaan giddugaleessaan guyyaatti namoonni meeqa akka qabaman, akkasumas, gargaarsi yaalaa taasifamu hangam ga'aa akka ta'e odeeffannoo walitti qabuun barreeffamaan dareef gabaasaa.

B. Mata dureewwan armaan gadii keessaa tokko filachuun, odeeffannoo barreeffamaan qindeeffattan irratti hundaa'uun daree keessatti adeemsa sirna falmii hordofuun falmii gaggeessaa.

1. Dhukkuba Vaayirasii Koronaa irraa of ittisuun salphaa moo cimaadha?

2. Dhukkubni Vaayirasii Koronaa baruu-barsiisuu irratti dhiibbaa qaba moo hinqabu?

Barannoo Lama: Dubbisuufi Dubbachuu









Gilgaala 4: Gochaalee Dubbisuu Duraa

Osoo dubbisa armaan gadii hineegalin dura muuxannoo qabdan irratti hundaa'uun gareen yaada waljijjiiruun dareef afaaniin ibsaa.

1. Fakkiilee armaan olii irraa waan hubattan walitti himaa.
2. Dhukkubni Vaayirasii Koronaa hawaasa biyya keenyaa irratti miidhaa inni qaqqabsiise ibsi.
3. Miidhaa dhukkubni Vaayirasii Koronaa gama dinagdee, fayyaafi barnootaan geessisuun walqabsiisuun ibsi.
4. Dareewwan barnootaa keessatti koronaa of irraa ittisuuf of eeggannoowwan maalfaa gochaa jirtu?
5. Dhaadannoowwan dhukkuba koronaa ilaalchisee jedhaman keessaa sadii tarreessaa.

Gilgaala 5: Gochaalee Yeroo Dubbisuu

A. Afee/dubbisa armaan gadii cal'isaafi sakatta'aan erga dubbisteen booda gaaffiiwwan itti aananii jiran barreeffamaan deebisi.

1. Dhukkubni Vaayirasii Koronaa (COVID-19) bara kam mul'ate?

   _____

2. Dhibeen kun erga addunyaa kanarratti mul'atee asi lubbuu namoota meeqaa galaafate?

   _____

3. Yeroo garagaraatti dhukkuboota daddarboo akkuma dhibee Vaayirasii Koronaa miidhaa ulfaataa qaqqabsiisaa turan tarreessi.

   _____

   _____

   _____

4. Dhukkubni Vaayirasii Koronaa erga mul'atee asi dhiibbaa inni qaqqabsiise maal fa'i?

   _____

   _____

5. Dhiibbaa dhukkubni Vaayirasii Koronaa dinagdee hedduu irratti qaqqabsiise irraan kan ka'e, dhaabbilee lakkoofsi isaanii hagam ta'antu cufaman?

   _____

Miidhaa Dhukkuba Vaayirasii Koronaa (COVID-19)

Dhukkubni Vaayirasii Koronaa/COVID-19 bara 2019 A.L.A kan mul'ate yoo ta'u, addunyaa irratti rakkoo dinagdee, fayyaa, barnootaafi kkf. geessisee jira. Dhibeen kun akka addunyaatti lubbuu namoota miliyoonaan lakkaa'amanii kan galaafateefi dinagdee biyyoota hedduus kufaatii hamaaf kan saaxiledha. Yeroo garaagaraatti dhukkuboonni daddarboon kanneen akka Ivoolaa, Busaa, Garaa kaasaafi HIV/AIDS akkuma dhibee Vaayirasii Koronaa har'aa miidhaa ulfaataa qaqqabsiisuun isaanii yaadannoo yeroo dhiyooti. Haata'u malee, dhukkuboonni daddarboon kun hanga COVID-19 dhiibbaa ulfaataa hinuumne. Dhukkubni kun dhiibbaan inni gama fayyaan, dinagdeen, barnootaafi kkf'n qaqqabsiise walqabataafi walxaxaa kan ta'an yoo ta'u, inni tokko isa kaaniif sababa ta'a.

Haaluma kanaan, marsaa jalqabaa biyyoota addunyaa hedduutti kan facaʼeefi seektera hojii hedduu cufsiiseera. Amala dhukkubni kun qabu irraan kaʼuun ogeessonni fayyaafi beektonni, dhukkubni kun yeroo adda addaatti bakka garagaraatti mulʼachuu akka dandaʼuufi toʼachuun ulfaataa taʼuu isaa raagaa turaniiru.

Dhiibbaa dhukkubni Vaayirasii Koronaa dinagdee biyyoota hedduu irratti qaqqabsiise irraan kan kaʼe dhaabbileen hojii miliyoona 5 hanga miliyoon 25 taʼan kan cufaman yoo taʼu, galiin doolaara biliyoona 860 hanga Tiriiliyoona 3.4tti tilmaamamu dhabameera. Kanarraan kan kaʼe biyyoota guddina irra jiran kanneen uummanni isaanii hojii alidilee irratti bobbaʼaniif galii guyyuu guyyuun argataniin jireenya isaanii gaggeeffatan keessatti balaa dhukkubni kun geessiseen namoonni hedduun beela hamaaf saaxilamaniiru.

Rakkoo dhukkubni kun gama dinagdeen biyyoota hedduu keessatti qaqqabsiiseen walqabatee uummanni addunyaa walakkaa ol hanqina walʼaansa fayyaatiif saaxilameera. Haalli kun immoo namoota dhukkuba kanaan qabaman qofa osoo hintaane namoota walʼaansa fayyaa dhukkuboota kanneen biroo hordofanis rakkoo keessa buuseera. Rakkoo dinagdee dhukkubni kun qaqqabsiiseen dhukkuboonni garaagaraa akka babalʼataniifi walʼaansi namoota dhukkubsataniif taasifamu ulfaataa akka taʼu taasiseera. Kanarraan kan kaʼe, waggaatti namoonni biliyoona tokkoo ol taʼan tajaajila yaala fayyaa dhabanii jiru. Walʼaansa fayyaa dhabuun kun immoo namoota hedduu alkallattiin beelaaf saaxileera. Kun immoo namoonni miliyoonaan lakkaaʼaman rakkoo hamaafi beelaan akka dararamaniif karaa baneera.

Akkasumas, dhiibbaa dhukkuba kanaa irraa kan kaʼe biyyoonni dureeyyiin gargaarsa yookiin liqii biyyoota kaaniif kennan akka hafu kan taasiseefi ofii isaaniif illee yaaddoo guddaa keessa akka galan godheera. Kanarraan kan kaʼe biyyoonni dureeyyii addunyaa keenyaa hedduun balbala gargaarsaa cufataniiru. Rakkoon kun immoo, biyyoota guddina irra jiran kanneen uummanni isaanii dhibee kanaan qabamaniifi kumaatamni hedduun rakkoo hanqina nyaataaf saaxilaman irratti dhiibbaa guddaa kan geessisudha.

Rakkoo dhukkubni kun dinagdeefi fayyaarratti qaqqabsiiseen walqabatee seektara barnootaa irra dhiibbaa guddaan gaʼeera. Sababni isaas, xiyyeeffannoon gama tajaajila fayyaatiif kennamu waan dabaleef, seektarri barnootaa akka dagatamu taasiseera. Kun immoo, gama qulqullina barnootaa irratti miidhaa kallattiifi alkallattii qaqqabsiiseera. Sababa dhukkuba kana irraan kan kaʼe, manneen barnootaa sadarkaa jalqabaa irraa kaasee hanga dhaabbilee barnootaa olaanoottiran hedduun isaanii cufamaniiru.

Walumaagalatti, dhiibbaa dhukkubni Vaayirasii Koronaa geessiseen addunyaa irratti godaansi hamaan kan uumame yoo ta'u, keessumaa biyyoota guddina irra jiraniif immoo qormaata guddaadha. Biyyoonni hedduun dhiibbaa dhibeen kun qaqqabsiise dandamachuuf, tarkaanfii garaagaraa fudhatanillee guutumaan guutuutti dhabamsiisuun hindanda'amne. Biyyi kamiyyuu kophaa ishee adda baatee dhaabachuun dhukkuba kana ofirraa ittisuun ulfaataa waan ta'eef, carraan tokkichi waliin ta'uun waliin hojjechuu, ogummaa yaala fayyaa yookiin qorichaa waliif hiruufi carraa yaala fayyaa waliin gahuudha.

B. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisa olitti dubbiste irratti hundaa'uun yaada sirrii ta'e "Dhugaa", kan sirrii hintaane immoo "Soba" jechuun deebisi. Kanneen soba jetteef sababa isaanii kaa'i.

1. Dhiibbaa dhukkubni 'COVID-19' dinagdee biyyoota hedduu irratti qaqqabsiise irraa kan ka'e galiin hojjettootaa doolaara miliyoona 860-Tiriiliyoona 3.4 tilmaamamu dhabameera.
2. Biyyoota guddina irra jiran keessatti uummanni hojii idilee irratti bobba'aniifi galii guyyaa guyyaan argatan balaa beelaatiif saaxileera.
3. Waggaatti namoonni biliyoona tokko ta'an sababa walxaxummaa dhibee Vaayirasii Koronaatiin waldhaansa fayyaa argataniiru.
4. Fayyaa dhabuun namoota hedduu, kallattiin nama hundayyuu balaaf saaxileera.
5. Rakkoo dhibeen COVID-19 geessiseen biyyoonni dureeyyiin addunyaa hedduun balbala gargaarsaa akka cufatan taasiseera.

C. Jechoonni armaan gadii dubbisa olitti dubbiste keessaa bahan. Jechoota kanneeniif hiika galumsaa isaan dubbisicha keessatti qaban kenni.

1. galaafatu
2. saaxileera
3. dhiibbaa
4. walxaxaa
5. raagaa
6. tamsa'uu

7. waldhaansa
8. arjooma
9. qormaata
10. dandamachuu

Gilgaala 6: Gochaalee Dubbisa Boodaa

Hubannoo dubbisa irraa argattaniifi muuxannoo keessan walitti fiduun gaaffiiwwan itti aananii jiran cimdii yookiin gareen ta'uun hojjedhaa.

1. Hawaasni naannoo keetti argaman dhukkuba Vaayirasii Koronaaf akka hinsaaxilamne gaheen sirraa eegamu maal?

   _____

   _____

2. Naannoo ati jiraattutti hubannoon uummanni itti fayyadama maloota ittisa dhukkuba Vaayirasii Koronaa irratti qabu maal fakkaata?

   _____

   _____

3. Daree barnootaa keessaa namni tokko osoo dhukkuba kanaan qabamee gargaarsaafi of eeggannoo ati gootu maal fa'i?

   _____

   _____

4. Maddeen dabalataarraa (toora intarneetaa, galaalcha, barruulee, ogeessa fayyaa) waa'ee COVID-19 ilaalchisuun odeeffannoo qindeessuun afaaniin dareef gabaasi.

Gilgaala 7: Marii Gaggeessuu

1. **Qajeelfama sirna marii armaan gaditti isiniif kenname hordofuun, walfakkeenyaafi garaagarummaa COVID-19fi HIV/AIDS irratti gareen marii gaggeessaa.**

Qajeelfama Sirna Marii

Marii jechuun yaada namoonni rakkoo tokkoof furmaata barbaaduuf jecha yaada waljijjiiranidha. Kanaafuu, namni marii gaggeessu tokko sirna hordofuu qabutu jira. Kunis:


1. Marii gaggeessuun dura taa'aa marii gaggeessuufi barreessaan barruu qabaa jiraachuu qaba.
2. Dhimmi irratti mari'atamu ifa ta'ee jiraachuu qaba.
3. Dura taa'aa marichaan dhimma mariif dhiyaate irratti yaadi nikennama.
4. Yaada dhihaate irratti hirmaattota marichaan yaada dabalataa adda addaatu kennama yookiin dhiyaata.
5. Yaadni dabalataa erga xumuramee booda gaaffiidhaaf carraan nikennama.
6. Yaada dhiyaate irratti hirmaattota keessaa namoonni mormii qaban yoo jiraatan yaada isaanii akka dhiyeeffatan carraan nikennamaaf.
7. Namni adeemsa marii irratti dogoggorri uumameera jedhu yoo jiraate "Adeemsa" jedhee sirreessuu danda'a.
8. Namni qabxii marii irra jiru yookiin gaaffii ka'eef odeeffannoo dhiyeessuu barbaade yeroo kamiyyuu nidanda'a.
9. Yaadonni lama gara tokkotti dhufuu dadhabanii akkuma kanaan itti fufnaan, yaada lamaan irratti sagaleen kennamee yaadni caalmaa sagalee argate murtee manaa ta'a. Yoo sagaleen walqixa ta'e garee dura taa'aan deeggare caalmaa argata.

Barannoo Sadii: Barreessuu

Gilgaala 8: Gochaalee Barreessuu

1. Yaada ijoo dubbisa armaan olitti dubbistee keeyyata tokkotti cuunfuun erga barreessitee booda dareef gabaasi.
2. Mooraa mana barumsaa kee tajaajiluu akka danda'utti dhiibbaa dhukkubichi baruu barsiisuu irratti geessisuufi of eeggannoo COVID-19'f taasifamuu qabu waraqaa irratti qopheessi.

   Fakkeenyaaf:



Barannoo Afur: Fayyadama Jechaa

Gilgaala 9: Gochaalee Fayyadama Jechaa

Bakka duwwaa himoota armaan gadii jecha sirriitti qubeeffamee barreeffame filachuun guutuu taasisi.

1. Namni jabaatee_____milkaa'uun isaa hin oolu.

   A) hojete C) hojjette

   B) hojjete D) hojette

2. Rakkinatu ofiin ishee _____ malee ni maraatte miti.

   A) haasofsiise C) hasoofsiise

   B) hasoofsise D) haasofsisee

3. _____ barsiisuun maatii barsiisuudha.

A) Shaamaarran C) Shamarran

B) Shamaarran D) Shamarraan

4. Tamboo xuuxuun xiinsammuufi sirna _____ namaa miidha.

A) hargansuu C) harganssuu

B) harggansuu D) harrgansuu

5. Dhukkuba Vaayirasii Koronaa _____ dirqama nama hundaati.

A) itisuun C) itissuun

B) ittisuun D) ittissuun

6. Nama gargaaruuf nama _____ qofti gahaadha

A) taa'uu C) ta'uu

B) ta'u D) taa'u

7. _____ umurii isaanii malee hojii humnaa hojjechiisuun nama adabsiisa.

A) Da'iman C) Daa'iimmaan

B) Daa'imman D) Da'iimman

8. _____ ofii falmachuuf _____ ofii beekuun barbaachisaadha.

A) Mirga/dirqama C) Mirgaa/ dirqama

B) Dirqaama/ mirgaa D) Dirqamaa/mirga

9. _____ ga'ii deebi'i!

A) Hatatamaan C) Hattatamaan

B) Hattattamaan D) Hatattamaan

10. Quufatu biyyaa isa baase malee biyyatti _____ duroomuu danda'a ture.

A) hojetee C) hojettee

B) hojjetee D) hojjettee

Barannoo Shan: Seerluga

Gilgaala 10: Gochaalee Shaakla Fufii/Maxxantuu

A. Jechoota kanaan gadiirraa hundee jechaa, fufii dureefi fufii duubee addaan baasii agarsiisi.

Jecha	Hundee Jechaa	Fufii Duree	Fufii Duubee
Fardeen			
Niyaada			
Mootummaa			
Sangicha			
gadaantummaa			
Laggeen			
Biyyoota			
Gaangolii			
Haadeemnu			
Waatilee			
Namni			
Walgitu			
barsiisummaa			

B. Jechoota armaan gadii irratti fufiilee isaan maxxanfachuu danda'an itti dabaluun danoomsi.

1. barataa _____
2. saba _____
3. gaara _____
4. farda _____
5. jabbii _____
6. hattuu _____

Yaadannoo: Fufii/Maxxantuu

Fufiin Afaan Oromoo keessatti gosa dhamjecha hirkataa ta'ee, qaamolee jechaatti fufamuun hiika kan jijjiiru yookiin tajaajila caasluga adda addaatiif kan ooludha. Fufiin kunis akaakuu adda addaa qaba.

1. **Fufii Duree:** Fufii dureen jecha yookiin qaama jechaatti karaa duraa fufamuun argama. Afaan Oromoo keessatti akaakuun fufii kanaa hiika jijjiiruu keessatti qooda fudhata. Fkn. alidilee, mitimootummaa
2. **Fufii Duubee**: Akaakuun fufii kanaa duuba hundee jechaa galuun tajaajila caaslugaatii fi tajaajila hiika jijjiiruutiif oolu. Afaan Oromoo keessatti fufiilee kanneen birootiin walcina qabne yoo ilaallu fufii duubeen baay'inaan argamu.
   Fkn. namoota, ijoollummaa, isheef
3. **Fufii Dureefi Duubee/Naannee:** Fufiileen kun si'a tokkicha duraafi duuba jecha tok koo galuun tajaajila tokkoof dhaabachuu dhamjechootaa bu'uureffata.
   Fkn. alloogummaa, haadhufan

Hundee Jechaa: hundeen jechaa qaama jecha tokkoo, kan dhamjecha ofitti hinmaxxanfatiin yookiin handhuura jecha tokkooti. Akkasumas, yaasaafi hormaata jechaatiif ka'umsa.

Fkn1.

deeme

deemte

deeman

Fkn2.

gargaare

gargaarte

gargaaran

BOQONNAA SADDEET: DIRAAMAA

Kaayyoowwan: Xumuura boqonnaa kanaatti:

- Caacculee diraamaa adda baaftee ibsita.
- Gosoota diraamaa ibsita.
- Ergaa diraamaa ibsita.

Barannoo Tokko: Diraamaa

Gilgaala 1: Gochaalee Yaadrimee Diraamaa

Gaaffiiwwan armaan gadii gareedhaan irratti mari'achuun deebii keessan afaaniin kennaa.

1. Muuxannoo kanaan dura qabdurraa ka'uun, diraamaa jechuun maal jechuu akka ta'e gabaabsii barreessi.

   _____

   _____

   _____

2. Diraamaan akkamitti jireenya dhala namaa wajjin walqabachuu danda'a jettee yaadda?

   _____

   _____

   _____

3. Diraamaa daawwachuu nijaalattaa? Diraamaa kan daawwattu yoo ta'e maaliif akka daawwattu barreessi.

   _____

   _____

   _____.

4. Hawaasni diraamaa agarsiifamurraa maal fayyadama jettee yaadda?

   _____

   _____

   _____

5. Diraamaan hojiiwwan aartii kanneen biroorraa maaliin adda ta'a jettee yaadda?

_____

_____

Gilgaala 2: Gochaalee Shaakala Diraamaa

A. Barreeffamni armaan gaditti dhiyaate "Aadaa Buqqisaa: ayyaana jala bultii bara haaraa" irratti xiyyeeffata. Barreeffamichi kan qophaa'e akka isin seenicha gara diraamaatti jijjiirtanii argisiiftaniif yaadameeti. Kanaafuu, utuu gara diraamaatti hinjijjiirin dura garee xixiqqootti qoqqoodamuun gadi fageenyaan dubbisuun irratti mari'adhaa.

- Jechoota armaan gadii diraamaa "Aadaa Buqqisaa-Jala Bultii Bara Haaraa" hojjechuuf deemtu irratti gufuu akka sitti hin taaneef hiika isaaniif kennaman ilaalii hubadhu.

1. Qunnii – ingiccaa (gosa margaa)
2. Wadaajii – jaalallee
3. Daamotii – ibsaa
4. Dhadhaa addaanoo – dhadhaa
5. Facaafatti – sirnicha eebbaan gaggeeffatti
6. Taliila baksaa – baksaa qulqulluu
7. Daangulee - miidhagduu
8. Seesaa – daabee/goofaree jaldeessaa
9. Shinoo – hodhaa migiraa
10. Aadaa buqqisaa – aadaa qunnii ittiin buqqisanii funaanan

Aadaa Buqqisaa – Jala Bultii Bara Haaraa

Guyyaan jala bultii bara haaraa kun Salaaleetti 'Buqqisaa' jedhamee kabajama. Guyyaa itti shamarran qunnii buqqifatanii sirba boriif itti qophaa'anidha.

Shamarran ganama lafaa kaatee qunnii buqqifachuu dhaqxi; dargaggoonni immoo shimalasaanii qabatanii boruuf haala mijeeffachuuf lafa shamarran qunnii buqqifatan dhaqu. Guyyaa boruu shamarran, 'Karameellaa' bitteefii dhaqxi; dargaggeessi immoo 'Shittoo' biteefii dhaqa; guyyaa jaalalaati. Yeroo itti wadaajii ilaallatan yookiin immoo fuudhaafi heerumaaf itti walkaadhimmatanidha.

Guyyaan kun guyyaa loon kaloo yookiin lafa dheedumsaa dhowwamaa turetti gadhiifamanidha. Abbaan warraa bullukkoo isaa uffatee, loon isaatti ba'a.

Kaloon Adoolessa guyyaa 21 irraa eegalee dhowwama, jala bultii bara haaraa itti gadhiisu. Guyyaa loon itti quufanidha.

Erga horiin quufanii moonaatti galaniin booda manatti oldeebi'anii dhangaa qophaa'e nyaatu. Dhangaan qophaa'u daabboo, farsoofi nuugii tumamee qophaa'udha. Qophiin kun ji'a tokko dursee eegala.

Wayita shamarran qunnii buqqifatan, haadholiin yookiin haawwan immoo dhangaa kana qopheessu. Daabboofi nuugiin erga cabee booda, warri dhiiraa daamotii ibsatu.

Wayita abbaan warraa daamotii ibsee deebi'u, haati warraa callee ishee miiccitee eegdi.

Calleen kan ateeteeti; ateetee ishee haaromsiti jechuudha.

Calleen ateetee erga miiccamee booda dhadhaa addaannoo, kan har'a yookiin kan kaleessa raafame akkasumas, qiincee qopheeffattee ateetee facaafatti.

Qiinceen garbuurraa qophaa'a. Meeshaan garbuun kun itti qophaa'u akka gundoofi gingilchaa hundi haaraadha.

Asham asham, kan baranaan nu geeche egereen nu ga'i,
Xixinnaa nuu guddisi, guddaa keenya nuu bulchi.
Kan facaafnee alaa qabnu gahii nu nyaachisi.
Asham asham, kan seentu nagaan seeni
Kan baatu nagaan ba'i jedhanii ateetee facaafatu.

Ateetee facaafachuun bara haaraa gahuuf galateeffachuu yoo ta'u, barri dhufu kan milkii akka ta'u kadhachuus nidabalata.

Sana booda, abbaan warraa eebbisee qincee dabalatee dhangaan qophaa'e maatii waliin nyaatama. Qinceetti barbareen itti hingodhamu, taliila baksaa itti naqanii maatiif kennu.

Gaafas maaddii bal'isanii qopheessu.

"Bal'ifnee sikadhannaa bal'isii nuu kenni.
Guutii nuu kenni , guunnee sii laanna," jedhanii Waaqa kadhatu.

Bariituu isaa shamarran qunnii buqqifatan qabatanii mandararra deemanii akkas jedhanii sirbu.

Abaabilee yaa abaabilee, yaa abaabilee
Qaammeen geessee, qunnii buqqifanna
Kottaa yaa ijoollee, kottaa yaa ijoollee
Mee qunnii buqqifannaa, mee qunnii biqqifannaa
Guguddaan keessaa yaa'ee, xixinnoo guddifannaa.

Shinoo yaa shinooyyee, shinoo yaa shinooyyee
Shinoo yaa shinooyyee, Qaammeerraan masqalooyyee.

Iyyoo yaa abaaboo birraa yaa daangulehoo (4x)

Daangulee jedhuu, daangulee jedhuu

Waan adii tokko, waan adii tokko

Heeruma jedhu, heerma jedhu waan hinoolle tokkoo

Iyyoo yaa abaaboo birraa yaa daanguleehoo.

Kashii yaa kashii, kashii goommanaa (2x)

Durba maa jibbu, gatii loon lamaa

Iyyoo yaa abaaboo birraa yaa daangulehoo.

Abaabilee yaa dooree,

Qaammeen dhufte yaa ijoollee

Yaa abaaboo, yaa ijoollee

Qaammeen asaasa roobee.

Qinceen na soraa jettii (2x)

Ayyolee mana golaa

Giiftiin as goraa jetti.

Yaa abaaboo, yaa ijoollee

Qaammeen asaasa roobee

Mataa hindha'in sibiilaa (2x)

Siif haa kennu yaa gooftaa (2x)

Ilma mormi bilbilaa

Moqorqoraan sibiilaa (2x)

Siif haa kennu yaa giiftii

Ayyaanumti waggaati.

Abaabileen ayyaanaa

Waggaa har'aa asi dachaanaa.

Kan dulloota yookiin loon qabu dhadhaa kennaaf, kan waan kennu hinqabne nieebbisu.

"Kan baranaan isin gahe egereen isin haa ga'u.

Xixinnaan guddadhaa; guguddaan heerumaa," jedhanii eebbisu.

Yeros shamarran immoo seesaa jedhanii warra kennaniif akkasumas birraa faarsu.

"Seesaa, goofaree gootaa birraan bari'ee hooda," jedhanii faarsu.

B. Barreeffama diraamaa armaan olitti isiniif kenname hojjechuu keessaniin dura qophiilee dursaa taasisuuf qabxiilee armaan gadii irratti mari'adhaa.

1. Seenaa barreeffamichaa irratti hundaa'uun qooddattoonni diraamichaa eenyufaa ta'uu akka danda'an adda baasaa.
2. Gahee qooddattoota diraamichaa tokko tokkoon tarreessaa.
3. Seenaa barreeffama armaan olii keessatti gocha kamtu isa kamitti aanee akka dhufu duraa duubaan kaa'aa.
4. Barreeffamni kun gara diraamaatti yoo jijjiiramu sa'aatii hangamii fudhachuu akka danda'u sagantaa qopheessaa.
5. Yaada dhuunfaa kee qabxiilee adda addaa seenicha keessatti dhiyaatan irratti kenni.
6. Seenicha keessatti afaan tokkoon tokkoo qooddattotaafi qooda fudhattootaa irratti dudubbachuun afaan beekuun diraamaa hubachuu keessatti gahee akkamii akka qabu irratti mari'adhaa.
7. Yaadolee marii armaan olitti gaggeessitan irratti hundaa'uun barruu qabxiilee adda addaa marichaa waliigalatti ibsu barreessaa.
8. Dhumarratti garee xixiqqoon walijaaruun keessa deebii diraamichaa barreessuun hojiin agarsiisaa.

Hojiin kun akka isinii milkaa'uuf:
- Gahee hojii waliif qoodaa.
- Meeshaalee agarsiisa diraamaa kanaaf barbaachisan dursaa qopheeffadhaa.
- Yeroo itti xumurtan daangeffadhaa.
- Shaakala gahaa dursaa taasisaa.
- Daree keessatti Waltajjii mijeeffadhaa.

Barannoo Lama: Caacculee Diraamaa

Gilgaala 3: Gochaalee Caacculee Diraamaa

Hubannoo kanaan dura qabdu gargaaramuun gaaffilee armaan gadiif deebii laadhu.

1. Caacculee yookiin miseensonni diraamaa maal fa'i?

_____

_____

_____

_____

2. Diraamaa tokko keessatti qooddattoonni maali? Qooddattoota diraamaa ilaalchisuun yaada qabdu ibsi.

_____

_____

3. Diraamaa keessatti yoomeessi maali? Bakkaafi yeroo diraamaan tokko itti hojjetamu maal irratti hundoofnee filanna?

_____

_____

4. Diraamaa keessatti jaargochi maal akka ta'e irratti mari'adhaa.

_____

_____

5. Diraamaa tokko keessatti ijaarsi seenaa diraamichaa tartiiba kamiin qindaa'ee ijaaramuu danda'a?

_____

_____

6. Nama ofiin haasa'u yookiin dubbatu dhageessee beektaa? Dhimmoota maaliif dubbata?

_____

_____

7. Waliin dubbiin maali?

_____

_____

8. Dhaamsi yookiin ijoon diraamaa akkamitti hubatamuu danda'a jettee yaadda?

_____

_____

Barannoo Sadii: Gosoota Diraamaa

Gilgaala 4: Gochaalee Gosoota Diraamaa Adda Baasuu

1. Gosoota diraamaa beektuu tarreessi.

_____

_____

_____

2. Diraamaan koomeedii kan akkamiiti?

_____

_____

3. Diraamaan Tiraajeedii kan akkamiiti?

_____

_____

4. Diraamaan Tiraajik-Komeediin hoo kan akkamiiti?

_____

_____

Yaadannoo: Diraamaa

1. Yaadrimee Diraamaa

Diraamaan seenaa waltajjiirratti kallattiin jamaatti agarsiifamuufi aartii sochii qaamaan walqabatudha. Akkasumas, diraamaan gosa seeneffamaa keessaa tokko ta'ee, umrii dheeraa kan qabudha. Jechi diraamaa jedhu jalqaba kan dhufe, jecha Giriikotaa 'dran' jedhuufi hiika raawwachuu yookiin hojjechuu jedhu, kan Afaan Ingiliziin 'to act'/'to perform' jedhurraa dhufe.

- Diraamaan bifa waliin dubbiin kan dhihaatudha.
- Taatonni waltajjiirratti seenaa raawwataniifi fudhatan dhiheessu.
- Yeroo raawwii kana raawwatan waliin dudubbatu.
- Yeroo baay'ee diraamaan bifa jireenya guyyuu agarsiisuun qophaa'a. Kana dhugoomsuuf immoo waliin dubbiiniifi raawwiin qooddattootaa yookiin taatotaa jireenya guyyuu sana akka akkeessuu yookiin fakkaatu taasifama.
- Gochi isaaniis namuu jireenya guyyuu keessatti isa raawwatu: buna dhuguu, daldaluu, imala deemuu, liqeeffachuu, hinaafuufi kkf. ta'a. Yeroo tokko tokko immoo, haala salphaafi qabatamaarraa ka'uun gara isa ulfaataa, walxaxaafi idilee ta'etti adeema. Jireenya hawaasaa haala itti fufsiisuuf, kallattii wayii qabsiisuuf yookiin tasgabbeessuuf namni tokko tasa goota cimaa ta'ee diddaa wareegama guddaa gaafatu keessa galee,

jaalalli cimaan amanamuuf rakkisu jaalalleewwan gidduutti mul'achuun adeemsa fuudhaafi heeruma baratamaa ta'e gaaffii keessa galchee, balaan uumamaa jireenya hawaasaa gaaffii keessa galchu/rakkisaa taasisu mudatee dhihaachuu danda'a.

- Daawwatoonni immoo seenaa kana ofiin ilaalanii yookiin daawwatanii hubatanii hiikkatu malee, seenessaan isaaniin ga'u hinjiraatu.

2. Gosoota Diraamaa

2.1. Suukanneessaa Yookiin Tiraajedii

Diraamaan suukanneessaa dhimmi isaa waan gaddisiisaa, hawaasa rakkoo bu'uura ta'e; akkasumas hidda fageeffatee jirudha. Dhimmi inni kaasu kana haata'u malee ka'umsi isaa yaada faallaa walii ta'an: gammachuufi gaddadha. Waldiddaa diraamaa suukanneessaa kan dagaagsu namfakkiin guddaan wal'aansoo humnaa keessaafi alaan godhamuutiin.

Diraamaa suukkanneessaan miira gaddisiisaa do'attoota keessatti kan uumudha. Sababni isaas, namfakkii guddichi qajeelummaa yookiin gaarummaa isaatiin rakkoo keessa lixuu isaatiif rakkoo lixe keessaa bahuuf yemmuu carraaqu; akkasumas, carraaqqiin isaa milkaa'uufi dhiisuu isaatiin. Kana malees, dhumarratti bu'aan waldiddaa kufaatiifi du'a namfakkii guddichaatiin waan ta'eefidha.

Diraamaa suukanneessaan/tiraajediin waan gaddisiisaa nama tokko muudatu garuu, dhimma hawaasa biroo akka hintaanetti ibsama. Fakkeenyaaf:

- Gaa'ela diiguu. Gaa'ela hiikuun dhimma namoota walhiikaniiti malee, dhimma hawaasa warra hafanii miti; garuu, wanti raawwate sun gaddisiisaadha.
- Balaa tasaan du'uu nama ta'e tokkoofi waanuma uumamaan jiru tokkoon du'uun akka suukanneessaatti ibsama.
- Gama biraan, taateewwan hawaasa tokko keessatti raawwatu, fakkeenyaaf:
  - kirkira lafaa
  - balaa lolaa
  - kufaatii xiyyaaraafi kkf. biroon suukanneessaa jedhamu.

2.2. Diraamaa Gammachiisaa/komeedii

Diraamaan gammachiisaa hanqina/mudaa jireenya nama dhuunfaafi hawaasa keessatti mul'atan akksumas, amala badaa qeequun sirreessuuf kan yaaludha. Gosa diraamaa nama kofalchiisu haata'u malee, ergaafi barumsa ciccimoo of keessaa qaba. Rakkoolee hawaasa keessatti mul'atan xiyyeeffachuun rakkoowwan sana bifa dhokataan taatota gargaaramee waltajjiif dhiyeessa.

Dhumarratti gammachuu, kolfa, araaraafi jaalalaan xumurama. Kanaaf, waltajjiin koomeedii tasgabba'aa, sammuu namaa kan hindhiphisneefi abdiidhaan kan guutamedha.

2.3. Tiraajik-komeedii

Gosti diraamaa kun, amala diraamaa suukanneessaafi amala diraamaa komeedii kan of keessaa qabudha. Sababni diraamaa ammayyaa keessatti tiraajik-komeediin filatameefis, jireenya dhala namaa keessatti, guutumaa guutuutti gaddi, akkasumas guutummaa guutuutti gammachuun argamuu waan hin dandeenyeefi. Waan kana ta'eef, amala jiruufi jireenya dhala namaa sirriitti bakka bu'uu kan danda'u tiraajik-komeedii dha jedhamee waan amanamuufi. Gosti diraamaa kanaa seenaa gaddisiisaan jalqabee, gara seenaa gammachiisaatti dhufuun yookiin seenaa gammachiisaa ta'e tokkorraa ka'uun, gara gaddisiisaatti geessee kan xumuramudha.

2.4. Baacoo Yookiin Qoosaa

Kaayyoon yookiin xiyyeeffannoon baacoo inni guddaan nama bashannansiisuu, bohaarsisuufi kofalchiisudha. Namfakkiileen namfakkii qajeelaa waan ta'aniif karaa adda addaa hinbocaman. Yeroo tokko tokko waltajjiitti yemmuu dhiyaatan nama yaaduu hindandeenye yookiin raata'aa fakkaatu. Kanaaf, gochaalee gowwummaafi namni yaaduu danda'u kan hinhojjenne yemmuu dalagan nimul'ata. Daawwattoonnis gowwummaafi hojiilee gowwummaa ilaalanii kolfu.Jaargocha cimaa irratti hinijaaramu; qooddattoonni sababa tokko malee gocha tokko niraawwatu.Gocha qofaan nama kofalchiisuu danda'a; jechoota barreessaan hinbarreessin taatonni dubbachuun do'attoota nikofalchiisu.

Walumaagalatti, baacoon seera caacculee diraamaaf hinbitamu. Kaayyoon isaa nama kofalchiisuu waan ta'eef, seerotaaf bakka hinlaatu. Kanaaf, dandeettii barreessaa irra dandeettii taatoo gaafata.

Gilgaala 5: Barreeffama diraamaawwan armaan gaditti isiniif kennaman lamaan irratti hundaa'uun gaaffiiwwan itti aananii jiran irratti cimdiin mari'achuun barreeffamaan dareef gabaasaa.

1. Diraamaawwan lamaan keessaa kamtu gammachiisaadha? Isa kamtu immoo gaddisi saadha?

   Maaliif akka jettan sababa keessan barreessaa

   Diraamaa 1ffaa :

   _____

   _____

   Diraamaa 2ffaa :

   _____

   _____

2. Ergaan diraamaa armaan olitti dubbiste maali?

   Diraamaa 1ffaa :

   _____

   _____

   Diraamaa 2ffaa :

   _____

   _____

3. Waa'ee ergaa diraamichaa irratti maaltu sitti dhaga'ame? Yaada kee ibsi.

   Diraamaa 1ffaa :

   _____

   _____

   Diraamaa 2ffaa :

   _____

   _____

4. Taatoo muummee

   Diraamaa 1ffaa :

   _____

   Diraamaa 2ffaa :

   _____

Diraamaa 1ffaa

Dungoo Dhidhimte

Biiftuu:

- Lammii dabtara kee sirriitti dubbisaa jirta mitii?

Lammii:

- Eeyyeen, jabaadheen dubbisa malee qormaanni ulfaataadha.

Biiftuu:

- Jabaadhu, mudhii kee hidhadhuu dubbisi. Wanti tolatti dhufu rakkina malee hin jiru. Anis yeroon yuunivarsiitii ture halkaniifi guyyaa osoon hindubbisne ta'ee hineebbifamun ture.

Obbo Dachaasaa:

- Eeyyee dhuguma jette Biiftu. Sana anaaf dhiisi anuu sirriittan hordofa. Eenyutti ba'ee bada jetteeti. Hangafni isaa cimtuudha.

Biiftuu:

- Ilaa abbaa, ijoolleen yeroo baay'ee mana qofatti miti, "Hiriyaa gadheen amala gaarii man caasa"akkuma jedhan sana. Alattis hordoffii barbaadu.

Aadde Caaltuu:

- Haasaa keessan dammaan qabe; mee amma beeloftaniittu yoo irbaata nyaannehoo? Lammii itti deebitaa ka'iitii harka dhiqachiisi.

Biiftuu:

- Harmee anuu hojjechuu nan danda'a.

Lammii:

- Lakki Biiftuu ati dadhabaa oolteem? Hojiin keessan salphaa fakkaata malee cimaadha.

Obbo Dachaasaa:

- Guddadhu ilma koo! Eeyyeen akkanatti hangafa ofii kabajuun eebba guddaadha.

(Erga irbaata nyaatanii booda obbo Dachaasaan maatii mariisisu)

Obbo Dachaasaa:

- Elaamee ijoo, Eenyu... Caaltuu atis koottu mee waan haasofnu qabna. Maal seetani...

Biiftuu:

- Maal abbaa rakkootu jiramoo? Maaltu si mudate?

Obbo Dachaasaa:

- Lakki... Lakki... rakkinni haabadu. Utuu ati jirtuu guyyaa tokkoyyuu hinrakkadhu. Maaltu dhibe jetteetu? Lakki rakkadhee miti. Anillee...

Biiftuu:

- Ihi... maaliree abbaa?

Obbo Dachaasaa:

- Anillee Biiftuu waa gaafachuu barbaadeetani. Maal seete Biiftuu (Afaan keessa qaqqabataa)

Biiftuu:

- (Akka nahuu taati) maal abbaa maalin... balleesse?

Obbo Dachaasaa:

- Lakki waa balleessitee jechuu koo miti. Ati erga hojii jalqabdee as nuuf malee ofii keef homaa hingodhanne. Sanarrayyuu immoo darbee ati amma umuriin kee heerumaaf ga'eera. Anoo...

Biiftuu:

- (Akka qaana'uu taati) ani kaayyoon koo akkas miti abbaa. Jechuun koo karoora baay'een qaba.Dadhabbii keessan iyyuu isiniif hindeebifne. Kanarraa darbeemmoo...

Aadde Caaltuu:

- Ilaa haasaa kee saamuuf miti. Wanti abbaan kee jedhe dhuguma. Ati jaalala keenyaaf jettee nu biratti hafuu hindandeessu. Nutis ati heerumtee gammachuu kee arguu barbaanna. Eeyye...Hammi ati nu gargaarte ga'aadha.

Biiftuu:

- Harmee... Bar ani heerumuu jibbee miti. Yeroo xiqqoo isin bira turuun koo dirqama. Lammiinis yoo Waaqayyo jedhe bara dhufu Yuunivarsiitii deema. Kanaafuu, isa gargaaruufis...

Lammii:

- Maarree yoo heerumte nagargaaruu hindandeessumoo?

Biiftuu:

- Akkas jechuu koo miti; "Adiin lama walii lama" jedhu mitii? Hiriyoota koo baay'ee argeera.Erga heerumanii maatii gargaaruun ulfaataadha. Manatti hafee isin hinrakkisu abshiraa.(Hunduu kolfanii gaggaban. Gidduutti Obbo Dachaasaan…

Obbo Dachaasaa:

- Tole erga jettee. Lammii, dabtara kee sirriitti dubbisi. Kaayyoo keettis jabaadhu. Wanta obboleettiin kee jette dhageesse mitii? Jabaadhu. Biiftu, atis ka'ii rafi, rafaa hunduu, Nagaan bulaa!

Biiftuu:

- Tole abbaa, atis nagaan buli!

(Borumtaa ganama Biiftuun ganamaan kaatee gara hojiishee kilinika keessaa hojjettu deemti.Hiriyaa ishee kan ta'e ogeessa fayyaa Caalchisaa waliin bakka tokko hojjetu)

Caalchisaa:

- Biiftuu maal har'a yaada keessa seente, maal taate?

Biiftuu:

- Lakki Caalii koo nagaadha. Homaa hintaane.

Caalchisaa:

- Haalli kee gaarii natti hinfakkaanne. Nama dadhabe fakkaatta. Rakkootu jiramoo? Namaan waldhabdee?

Biiftuu:

- Lakki abbee, anoo nagaadha. Homaa hinshakkiin; Caalii koo homaa hintaane anoo.

Dr. Qalbeessaa:

- Biiftu akkam bulte?

Biiftuu:

- Nagaadha Dr.

Dr. Qalbeessaa:

- Kutaa da'umsaatti barbaadamta. Utuu haasofnuu kaleessa maamilli kee tokko baay'ee sigalateeffata. Akka ati baay'ee isaaniif dhimmite natti himaa ture. Jabaadhu, itti fufi.

Biiftuu:

- Tole Dr. galatoomi!

(Sa'aatiin laaqanaa geenyaan Biiftuun gara manaatti galtee deebi'uuf ariifattee baati. Osoo karaa qaxxaamuraa jirtuu wanti isheen hineegiin ishee mudata)

Konkolaachisaa:

- (Halkan dhugaatii baay'ee waan dhugeef ammayyuu irraa hingalle. Erga namoonni alaan i ttiiyyanii wareera). Maaloo dhiifama, dhiifama... utuun hinargiin jala buute (balleessaa isaa dhokfachuuf)

Biiftuu:

- (Ammayyuu of hinbarre. Hospitaalatti yaalamaa jirti)

Dr. Qalbeessaa:

- Maaloo amma baate mitii? Maal akkamitti? Maal jechuudha?

Dachaasaa:

- Ija hinqabu moo konkolaachisichi? Silas yoom lubbuu namaatiif yaaduu danda'a? Dhugaatii ofitti guuruu malee (waan qabee waan gadhiisu wallaala) Anoo shakkee bar, wayyoo anaa... yaadaan baduun kee kanaafii? Maaf carraan kun simudate? Anoo akkam tahu? Wayyoo...

Maatii Biiftuu:

- (Fajajaniiru, hunduu abjuu itti fakkaata) akkamitti mucaakoo, maaliif? Hinta'u wayyoo... Biiftuun wal'aansa yaalaa guddaa argattullee hirriba keessaa dammaquu hindandeenye, hir riba bara baraa rafte. Ajab jedhe namni hunduu; Mucaa amala qabeettii akkanaammoo? Maal godhu addunyaan kun nama toluuf hintoltu!)

Diraamaa 2ffaa

Ashamaa

Abdii:

- Iddoo garagaraafi muka elektirikaatti beeksisa maxxansa. Namoonni adda addaa dhufanii dubbi su. (Miira gammachuutu itti dhaga'ama. Harka facaasaa kokkolfaa gara waajjiraatti deebi'a)

Baaccuu:

- Beeksisa maxxanfame dubbistee gammaddi. Xinnoo akka itti yaaduu taatee, ammas irra deebitee dubbisti. Teessoo waajjirichaa ilaaltee gara waajjirichaatti qajeelte.

Abdii:

- Yaadaan bada, konkolaataa keessa taa'ee mana gamoo bitatu suuraan ilaala. Akka yaadda'uu, miira yaaddootu itti dhaga'amaa jira. Kana gidduutti balballi rukutamnaan akka na'uu ta'e... seenaa... seenaa... jedhe.

Baaccuu:

- Akkam jirtu nagumaa?

Abdii:

- Gaarii... taa'aa... taa'aa (teessuma itti argisiisaa yaadaan bada)

Baaccuu:

- (Ni qufaati yaada isaa keessaa dammaksuuf.)

Abdii:

- Jirtuu? Maal ajajamu?

Baaccuu:

- Beeksisa alatti maxxanfame ilaaleen dhufe.

Abdii:

- Sirriidha iddoo baay'eetti maxxansine.(gagammadaa haasa'a). Maal ajajamu amma?

Baaccuu:

- Dorgomuun barbaada. Nagalmeessi.

Abdii:

- Iddoo hinqabu. Qabameera, akkuma jirutti qabame dhugaa.

Baaccuu:

- (Nikolfiti) maaloo akkasi miti. Ani guutummaa maatii koo wajjinan galmaa'uu barbaade.

Abdii:

- Inumaa!

Baaccuu:

- Eeyyee (nikofalti)

Abdii:

- Hinjiru dhugaa qabameeran jedhe!

Baaccuu:

- (Boorsaa keessaa qarshii fuutee harka isaa keessa keesse)

Abdii:

- (Sobee akka diduu ta'a) waan akkasii hinbarbaadu dhugaa. Hinbarbaadu waan akkasii…

Baaccuu:

- (Baay'ee mitiim. (kokkolfaa gadi teesse)

Abdii:

- Maqaa… Maqaa… Maqaa?

Baaccuu:

- (Kokkolfa) ihii Baaccuu… Baaccuu… Dimbilaal

Abdii:

- Baaccuu? Baaccuu?

Baaccuu:

- Dimbilaal

Abdii:

- Lakkoofsi?

Baaccuu:

- 09…

Abdii:

- (jedhaa) jedhee nagaa itti dhaama.

Baaccuu:

- Jedhaakaa…sin abdadha (nibaati)

Abdii:

- (Qarshii ilaalaa waajjira isaa keessa taa'ee gammada)

Baaccuu:

- (Manatti galte) … Caalittii, … Caalittii, …. Caalittii …

Caaltuu:

- Oo… ooyyee…(gara haadhaatti fiigdi)

Baaccuu:

- Kottu … Kottu… Ijoollee obboleewwan kee waami.

Caaltuu:

- Maaltu ta'e? … Maaltu ta'e? (Obboleewwan ishees dhufan)

Baaccuu:

- Waan ajaa'ibaatu ta'e; carraa guddaa. Ani haati keessan Baaccuu Dinbilaal, osoo ani jiruu maaltu lafa isin ilaalchisa? Isheenis, anis…atis, hundi keenyayyuu biyya alaa deemuu barbaanna mitii? Nibarbaaddu mitii? Keessattuu ati immoo nibarbaadda (gara Caaltuutti gara galtee harka facaasaa) eeyyee xumureera.

Duulaa:

- Akkamitti harme ?

Baaccuu:

- (kokkolfaa) ani Baaccuu Dimbilaal haala jiru hundumaa walqixxeessee ijoollee koo, ofii koo fudhadhee addunyaa mara naanna'uudha (jaakketta ofirraa baastee soofaarratti darbachaa soofaarra gadi teessi. Ijoolleenis ishee waliin taa'u). Ilaa, abbaan keessan tole hinjedhu.

Duulaa:

- Maaliif tole hinjedhu harmee?

Baaccuu:

- Garuu yeroo inni dhufu ofii keessanii itti himaa.

Caaltuu:

- Fudhachuu qaba malee harmee, tole jechuu qaba. Eeyyee.

Baaccuu:

- Hamma kana dhama'ee inni garuu carraa kana akka isin jalaa gubu hinbarbaadu.

Eebbisaa:

- Ihii, nagaa ooltanii? (alaa dhufe). Yeroodhaan dhuftee ati? Taa'aa… taa'aa… (gara soo faatti deema. Olkaa'anii isa simatu). Na dursitee dhuftee edaa?

Baaccuu:

- Eeyyee, sidurseetan dhufe eeyyee. Itti himaa egaa kunoo! Eeyyee

Duulaa:

- (harka facaasa) tole jechuummaa qaba.

Caaltuu:

- Harmee, atumti itti himi. Atumti itti himi kunoo (haadha ishee bira jirti)

Eebbisaa:

- Maal natti himtummoo? Maaliidha? (garanaafi garasi ilaalaa)

Firoomsaa:

- Ihii… erga ani sila dhufee taa'ee dorgommii dorgommii jedhu, fiiguu barbaadu natti fakkaata (kokkolfaa)

Baaccuu:

- (olkaatee gara abbaa manaasheetti siqxi) Mitiim, fiigicha miti. Elaa dorgommii biyya addun yaa mara kan maatii koo qabadhee tokkoon tokkoo ardii biyya lafaa naanna'uud haaf haala hunda mijeesseen dhufe. Ani Baaccuu Dinbilaal ijoolleen koo akka hawwitet ti akka haftu hinbarbaadu.

Eebbisaa:

- Biyya alaa deemuu qabduu? (ija diimeffatee ilaalaa) Ihiim! Kanaa har'a kan qophaa'e?

Baaccuu:

- Eeyyee… sanuummoo biyya tokko seetee? Isheen biyya tokko hawwiti; inni biyya tokko hawwa. Garuu amma maatii koo qabadhee addunyaa kana mara naanna'uun barbaada. Ihii… maal ani Baaccuun eenyudhaa gadi? Ani biyya koo… biyyan dhaladhe keessatti hafu! Maaliifin hinnaanna'u? nan naanna'a malee!

Eebbisaa:

- Eecci! Maal qaba ammaa biyyi kun maal si godhe? Niqabda waa hinrakkanne… konko laataan baatee konkolaataan galta. Mee maal dhabdeeti kan biyya ormaa hawwitu? Maal kun jarana?

Baaccuu:

- (harka gara isaatti qabdi) Mee… ihii … dhiifama… dhiifama… qabeenya kana qabeenya seetee ati (harka isheen mana keessa agarsiisaa) Ilaa yaa doolaarii, yaa yuuroo, yaa biyya l afaa! Baha isaa, lixa isaa, kibba isaa, Amerikaan kaawuntirii, Awurooppaa… maal dubbadheen maalan dhiisa! Ani Baaccuu Dinbilaal. Xumure (harka walitti rukutti)

Eebbisaa:

- Eeyi… Aayi yaa namaa! … namni bari hinquufuu, waan hundawo qabdaa, waaqayyo kana hunda sii kenne, amma mee maaliif waan hintaane hawwita? Biyyi kun maal si goote?

Baaccuu:

- Ohoo… hinjennee ani! Ani jedheeraam sila. Dhageessaa ilaa, anaa lubbuun koo na keessa jiru ijoolleen koo akka hawwitetti hinhaftu. Inuma naannofna! Inuma naan nofna! Ani akka kee miti. Asis utaalee, achis utaalee carraa ijoollee kootii mijeesseera. Carraan ijoollee kootii sababa keetiif nigubata taanaan, anaafi si'i dhadhaa abidda buut edha. Dhuguman sitti hima (soofaarraa kaatee boorsaashee bubbutachaa). Dhageessan mitii ijoolle!(Baaccuu,Caaltuufi obboleessi Caaltuu bahanii sokku)

Eebbisaa:

- Mee amma maaltu jalaa hanqate?

Baaccuu:

- (Borumtaa isaa ganamaan gagammadaa dhuftee waajjira itti galmoofte bira yoo geessu ' Saamsameera' kan jedhu balbala waajjirichaa irratti argiti. Amanuu dadhabdi. Irra ded deebitee ilaalti, duuba deebitee sokkiti, manatti galtee bilbila irra deddeebitee yaalti. Bilbila hinkaasu. Ofiin dudubbatti). Maalan godha? Akkamitti? Ana Baaccuu Dinbilaal abbaan argite natti taphattii!

Barannoo Afur: Ergaa Diraamaa Xiinxaluu

Gilgaala 6: Gochaalee Ergaa Diraamaa Xiinxaluu

Gaaffiiwwan armaan gaditti siif dhiyaatan akkaataa gaafatamteen deebisi.

1. Diraamaa kanaan dura daawwatte/hojjetame tokko irratti hundaa'uun yaada diraamichaa xiinxaluun gara barreeffamaatti deebisi.
2. Ergaa diraamaa gara barreeffamaatti deebiste qindeessuun hiriyoota daree keef barreeffamaan gabaasi.
3. Caacculee diraamaan tokko qabaachuu qabu hordofuun Seenaa tokko erga filattee booda bifa diraamaan barreessii dhiyeessi.

BOQONNAA SAGAL: SAB-QUNNAMTIIFI WALIIGALTEE

Kaayyoowwan:Dhuma barnoota boqonnaa kanaatti:

- Qabxii ijoo afee/dubbisaa dhaggeeffachuun cuunfita.
- Waa'ee nama beekumsa aadaa qabu tokkoo haasaa taasifta.
- Dubbisuun gilgaala guutta.
- Hiika galumsa jechootaa kennita.
- Ciroowwan adda baasta.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuu Duraa







A. Gaaffiiwwan armaan gadii osoo dubbisa dhiyaate dhaggeeffachuu hineegalin dura gareen irratti mari'achuun afaaniin deebii keessan kennaa.

1. Fakkiilee armaan olii irraa maal hubattan?
2. Muuxannoo kanaan dura qabdan irraa ka'uun sab-qunnamtiin maal akka ta'e irratti mari'adhaa.

3. Meeshaalee sab-qunnamtiifi waliigaltee kanneen jedhaman maal fa'i?
4. Meeshaalee sab-qunnamtii beektan maqaa dhahuun faayidaa isaanii waliin ibsuun irratti mari'adhaa.
5. Sab-qunnamtiifi waliigalteen jiruufi jireenya dhala namaatiif bu'aa guddaa qaba. Mee ati akka nama tokkootti waa'ee sab-qunnamtiifi waliigaltee maal baruu yookiin hubachuu akka barbaaddu hima sadii barreessi.

_____

_____

_____

B. Jechoota himoota armaan gadii keessatti jala sararamaniif hiika galumsaa isaanii bar reessi.

1. Akaakuu meeshaa sab-qunnamtii barreeffamaa keessaa kitaaba, galaalchaafi barruuleen isaan beekamoodha.
2. Odeeffannoo mana barumsaa kee laallee irraa argachuu dandeenya.
3. Hojiin sab-quunnamtii odeeffannoo sirriifi dhugaa ta'e kennuurratti kan xiyyeeffatudha.
4. Barreeffamni baattoo muuxannoofi beekumsaa ta'ee, durii jalqabee fuula waraqaa irratti dhiyaachaa ture.

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Yaadolee armaan gadii dubbisa dhaggeeffachuuf deemtu keessaa bahan, yoo sirrii ta'e "Dhugaa", yoo sirrii hintaane immoo "Soba" jechuun afaaniin deebisi.

1. Sab-qunnamtiin barsiisuu qofarratti xiyyeeffata.
2. Barreeffamni meeshaalee sab-qunnamtii umurii dheeraa qabudha.
3. Barreeffamni fuula waraqaa qofarratti dhiyaachuu danda'a.
4. Guddinni raadiyoo babal'ina teknooloojii waliin walitti hidhatiinsa cimaa qaba.
5. Televiizyiniifi raadiyoon tajaajila erga jalqabanii umurii walqixa qabu.

B. Gaaffiiwwan armaan gadii osoo gara dubbisa dhaggeeffachuutti hinseenin dura dabtara kee irratti galagalfadhu. Kana booda, qajeelfama barsiisaan/tuun kee siif kennu/tu irratti hundaa'uun deebii kee barreeffamaan kenni.

1. Dhimmoonni bu'uuraa naamusa jiruu sab-qunnamtii keessatti eegamuu qaban maal fa'i?

   _____

   _____

2. Meeshaaleen sab-qunnamtii odeeffannoo hawaasa biraan ga'an maal maal fa'i?

   _____

   _____

3. Xiyyeeffannoon hojii sab-qunnamtii maalfaa akka ta'an tarreessi.

   _____

   _____

4. Akaakuun meeshaalee sab-qunnamtii barreeffamaa maal fa'i?

   _____

   _____

5. Faayidaan raadiyoo inni guddaan maali?

   _____

   _____

6. Meeshaalee sab-qunnamtii elektiroonikisii keessaa kanneen gurguddoo ta'an barreessi.

   _____

   _____

7. Qabiyyeen miidiyaa sab-qunnamtii maalfaa ta'uu danda'a?

   _____

   _ _____

C. Hiika kallattii jechoota armaan gadii kenni.


1. bashannansiisuu _____
2. do'ii _____
3. eeruu _____
4. hordofamu _____
5. idilee _____

6. argannoo _____
7. ga'uu _____
8. kurmaana _____
9. labsii _____
10. daawwattoonni _____

Gilgaala 3: Gochaalee Dhaggeeffachuu Boodaa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii muuxannoo kanaan dura qabdu barreeffama dhaggeeffatte waliin walqabsiisuun deebisi.

1. Dubbisa barsiisaan/tuun kee siif dubbise/te yaada mataa keetiin cuunfii barreessi.
2. Meeshaaleen sab-qunnamtii biyya keenya keessatti argaman hawaasa naannoo ati jiraattuuf bu'aa maalii buusaa jiru?
3. Danaa armaan gadii odeeffannoo sabquunnamtii wajjin walqabsiisuun maal akka agarsi isu gareedhaan mari'achuun dareef gabaasaa.



B. Namoota adda addaa irraa mata duree tokko irratti odeeffannoo walitti qabadhu. Odeeffannoo walitti qabatte keessaas qabxiilee ijoofi callaa adda baasuun cuunfii dareef afaaniin gabaasi.

Naamusa Jiruu Sab-qunnamtii

Yeroo namootaaf afgaaffii/haasaa taasistu namoonni waan sirraa eegan yookiin wantoonni sirraa eegamu kanneen armaan gadiiti.

1. Maal gaafachuu akka qabdu adda baastee beekuun qophii dursaa taasisuu qabda.
2. Eenyu gaafachuu/haasofsiisuu akka qabdu adda baafadhu.
3. Uffannaa sirrii uffachuun haala gaariin dhiyaadhu.
4. Naamusa barbaadamuun itti dhiyaachuun yookiin nagaa gaafachuun afgaaffiidhaaf eeyyamamoo ta'uu isaanii dursa gaafachuu qabda.
5. Gaafatamaaf kabajaa barbaachisu kennuun barbaachisaadha.
6. Gaaffii gaafatamu yookiin haasaa taasistu bifa iftoomina qabuun dhiyeessi.
7. Dhuma irratti galateeffachuun barbaachisaadha.

Gilgaala 4: Gochaalee Shaakala Beeksisa Hojjechuu

A. Beeksisota adda addaa toora intarneetii, galaalcha, raadiyoofi televijiinii irraa walitti guurrachuun/filachuun gaaffiiwwan armaan gadii irratti mari'adhaa.

1. Beeksisonni dhiyaatan eenyuuf barreeffaman? Eenyu irratti xiyyeeffatu? Sababa isaa waliin himaa.
2. Beeksisoonni kun kaayyoo maaliif barreeffaman?
3. Beeksisoonni isin filattan haala kamiin hordoftootaaf dhiyaatan?
4. Fakkiiwwaniifi fiilmiiwwan beeksisicha waliin dhiyaatan irraa maal hubatte?
5. Haalli fayyadama jechaa beeksisi ati filattee hordoftoota amansiisuuf gahaadhaa? Maaliif?

B. Fakkeenya armaan gaditti isiniif dhiyaate irratti hundaa'uun gareen ijaaramuun beeksisa tokko fakkii wajjin kaasuun erga qopheessitanii booda qabxiilee armaan gadiitti isiniif kenname fayyadamuun duubdeebii walii kennaa.

1. Beeksisa hojjettan bu'aa isaa agarsiisuun hiriyoota daree keessaniif dhiyeessaa.
2. Beeksisni isin qopheessitan hammam bu'a qabeessa akka ta'e hiriyoota daree keessanii irraa duubdeebii fudhadhaa. Fakkeenyaaf,

- Beeksisni isin dhiyeessitan bu'aa beeksisichaa namoonni akka bitatan nitaasisaa? Yoo nitaasisa ta'e akkamitti? Yoo akka bitatan hintaasisu ta'e maaliif?



Fayyaa ilkaan keessaniif yaala argachuu barbaadduu? Fayyummaan ilkaan keessanii isin yaaddessee beekaa? Fayyaan ilkaan keenyaa fayyaa qaama keenya hundaati! Maarree, kilinika ilkaanii Kiyyaa gorsaafi yaala isin barbaaddan isinii kennuuf ogeessota muuxannoo qabaniifi meeshaalee ammayyaa guuttachuun isin eegaa jira. Tajaajilli kilinikni keenya kennu:

- ***Ilkaan sababa garagaraatiin miidhame yaaluu***
- ***Ilkaan walirratti biqile sirreessuu***
- ***Ilkaan urate kan yaalamuu danda'u wal'aanuu, guutuu, kan yaalamuu hindandeenye buqqisuun bakka buusuu.***
- ***Hunda caalaa akkaataa itti ilkaan keessan osoo inni hinmiidhamin kunuunsitan gorsa ogeessaa argattu.***

Gatiin keenya madaalawaa waan ta'eef hinyaadda'inaa! Fayyaan faaya! Kilinika ilkaanii Kiyyaa.

Teessoon Boolee Bulbulaa Gamoo Oromiyaa Irra

Lakkoofsi bilbilaa 0900…

Barannoo Lama: Dubbisuufi Dubbachuu

Gilgaala 5: Gochaalee Dubbisa Duraa

Dubbisa siif kenname utuu hindubbisin dura muuxannoo kanaan dura qabdu irratti hundaa'uun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Oduu ispoortii dhaggeeffattee beektaa? Maal irraa dhaggeeffatte?
2. Itiyoophiyaan gosoota ispoortii kamiin addunyaa irratti beekamti?
3. Atileetonni akka biyya keenyaatti beekamoo ta'an eenyu fa'i?
4. Seenaa Abbabaa Biqilaa waan beektu hiriyoota keetti himi.

Qophii Ispoortii: Seenaa Atileet Shaambal Abbabaa Biqilaa

Atileetiin Maaraatoonii beekamaa Abbabaa Biqilaa, erga du'aan addunyaa kanarraa boqotee waggoota 40 ol lakkoofsiseera. Atileetichi atileetiksii Itoophiyaa qofaaf osoo hin taane, Afrikaafillee karra kan bane ture. Injifannoon isaas onnee lammiilee Itoophiyaa hunda keessa jira. Seenaa Abbabaa galmeen seenaa, ispoortii, miidiyaaleen addunyaa akkasumas lammiileen Itoophiyaa haalaan yaadatu.

Injifannoosaa hunda caalaan ifee kan mul'atu injifannoo inni Roomitti miila duwwaan fiigee Itoophiyaafi uummattoota gurraachaaf argamsiisedha. Dorgommiin Olompiikii addunyaa 17ffaan bara 1960 Xaaliyaan, Roomitti ture kan taasifame. Dorgommii kanarratti ispoortessitoonni 5,000 ol biyyoota 83 ol irraa bobbahan irratti hirmaataniiru.

Dorgommii kanarratti namni gurraachi biraa injifannoon milkaa'es jira; Mahaammad Alii ulfaatina salphaatiin meedaaliyaa warqee argatee ture. Ta'us, garuu meedaaliyaan warqee Mahaammad Alii hammas kan leellifame hin turre. Taateen biraa seenaa yeroo sanii keessatti yaadatamus jira; Afriikaan Kibbaa dorgommii ardiitiin yeroo dhumaaf hirmaattee dhorkamtee ture. Biyyattiin sababa sirna yeroos ture Appaartaayidiif ture kan dhorkamte. Ta'us, dorgommiin olompiikii yeroo sanii meedaaliyaa Mahaammad Alii yookiin dhorkamuu Afriikaa Kibbaatiin miti kan yaadatamu. Dorgommichi atileetii Itoophiyaa miila duwwaa fiigee riikordii galmeessise, Atileet Shaambal Abbabaa Biqilaan yaadatama.

Yeroo sanitti atileetii Abbabaa Biqilaa jedhamu mitii biyyi Itoophiyaa jedhamtuyyuu lammiileen biyyoota biroo ishee beekan lakkoofsaan muraasa. Haa ta'uu malee, dorgommichi Xaaliyaanitti taasifamuufi oduun Xaaliyaan Itoophiyaa weerartee, Itoophiyaan

injifatamuushee miidiyaaleen gabaasaa turan; injifannoon Abbabaa Biqilaa oduu ijoo ta'e.

Miidiyaaleen idil addunyaa atileetiin hin eegamne dorgommicha injifachuusaatiin nahanii; atileetii Itoophiyaa miila duwwaa fiigee injifate walharkaa fuudhanii gabaasan. "Mosoloonin loltoota kumaatamatti lakkaa'aman bobbaasee meeshaalee waraanaafi gaazii summaa'aa fayyadamee yeroo Itoophiyaa weerarutti; loltuun Itoophiyaa tokko Xaaliyaan qofa osoo hin taane addunyaa guutuu injifate," oduuwwan jedhan gabaafaman. Yeroo dorgommiin olompiikii taasifame sanitti lammiileen Itoophiyaa muraasni magaalaa Room jiraatu ture. Isaanis hordoftoota amantaa Kaatolikii kan turan yoo ta'u, barnoota amantichaa akka barataniif kan garas ergamanidha.

Bara 1960tti haati takka hojiidhaaf Asmaraarraa gara Room imalanii turan. Haati Aadde Saaraa Salbaa jedhaman, "Fuula gurraachotaa osoon hinarginan jiraadha; Asmaraan itti dhaladhee guddadhes yaadaan na keessa deddeebiti ture. Darbee darbee barattoonni barnoota amantiif dhufan kophummaa kiyya hubatanii dhufanii na gaafatu ture," jedhanii itti himanii turuusaanii mucaansaanii niyaadata. Aadde Saaraan Abbabaa Biqilaa dorgommicha yeroo injifatu tv'n daawwataniiru. Warroonni adii isaan waliin turan "Mucaan biyya keetii injifate," jedhaa iyyaa akka turan niyaadatu. Ta'us, garuu Aadde Saaraan isaan waliin gammaduurra booyicha filatan. Sababni booyichasaanii kan ture ammoo miila duwwaa fiiguu Abbabaati. Abbabaa Biqilaa Hagayya 30, bara 1925 bulchiinsa Shawaa kutaa biyyaa Dabira Birhaanitti abbaasaa Obbo Biqilaa Damisseefi haadhasaa Aadde Wuddinesh Manbaruurraa dhalate. Abbabaan dargagummaasaa tiksee ta'uudhaan maatiisaa gargaareera. Ganna 12'ttis barnoota lubummaa xumureera. Umurii ijoollummaasaatti taphataa beekamaa tapha qillee akka ture nihimamaaf. Bara 1944'tti gara Finfinnee deemuun Kibur Zabanyaa keessatti loltummaan qacaramee tapha qilleefi ispoortiitiin muuxannoo argachaa ture. Lammii Siwiidin Onii Niskaanan (1910-1984) Kibur Zabanyaa keessatti leenjisaa ispoortii ture.

Miseensota kutaa ispoortii keessaa muxannoon Abbabaa lamaanii qalbiisaa hatee akka ture yaadannoon dhiisee deeme nimul'isa. Abbabaa Biqilaa atileetiksiitti kan makame yeroo ganna 24 turetti. Onii Niskaanan osoo Abbabaan akka atileetiksiitti seenuuf dhiibuunii baatee, atileetii ta'uu dhabuu akka danda'u dubbata. Abbabaan kubbaa kachoofi miilaa taphachuu nijaalata ture. Leenjisaan Onii Niskaanan Abbabaan dorgommii fiigichaarratti akka hirmaatuuf nijajjabeessaan ture.Haalli fiigichasaafi ofitti amanamummaasaa jaalataa waan tureef, dorgommii Kibur Zabanyaa keessatti yeroo hirmaatu qabxii gaarii fiduu jalqabe.

Onii Niskaanan muuxannoo fiigichaa Abbabaa Biqilaafi Abbabaa Waaqjiraa ilaalee Olompiikii Roomitti taasifamerratti akka hirmaataniif isaan qopheesse. Abbabaa Waaqjiraan Abbabaa Biqilaa ganna 10'n kan caalu yoo ta'u, olompiikii Room irratti akka Abbabaa Biqilaa miila duwwaa fiiguun torbaffaa bahuusaa galmeen seenaa ni hima.

Olompiikii Room irratti Abbabaa Biqilaa maaliif miila duwwaa akka fiige yaadonni adda addaa kennamaa turan. Galmeen hedduun kopheen Abbabaaf ta'u dhabamuusaa; yaalees kopheen waan itti dhiphateef miila duwwaa fiiguuf filachuusaa barreessaniiru. Galmeen kunneen Abbabaa Waaqjiraa maaliif miila duwwaa akka fiige wanti isaan galmeessan tokkollee hin jiru. Ta'us garuu, Onii Niskaanan Abbabaafaa qabee erga gara Room imalee booda leenjii taasisaa ture. Leenjichis kopheefi miila duwwaan taasifama ture. Onii Niskaanan yeroo leenjichaatti waan tokko hubate. Atileetonni lamaan miila duwwaa fiiganii saffisa fooyyee qabu galmeessisanii turan. Abbabaa Biqilaa kophee godhatee yeroo fiigu daqiiqaa tokkotti tarkaanfii 5-6 akka harkifatu leenjisaansaa Onii Niskaanan mirkaneesseera. Dorgommicha booda Onii Niskaanan barreeffamoonni barraa'an dhugaarraa kan fagaatan ta'uusaa dubbatee ture. Yaadonni 'kophee akka hin qabneefi kopheen bitameefis waan itti dhiphateef' jedhan dhugaa miti jedheera Onii Niskaanan.

Oniin akka jedhutti atileetonni lamaan kunneen Room deemuusaanii dura waa'ee dorgommichaa odeeffannoo gahaan kennameefii ture. Atileetonni saffisa gaarii qaban eenyu fa'a kan jedhu, lakkoofsa dorgommiisaanii wajjin haalaan itti himamee ture. Atileetota isaan waliin dorgoman keessaa atileetiin lammii Morookoo Radii bin Abdulsalaam isa tokko. Abbabaanfaa waa'eesaa odeeffannoo qabaatanis lakkoofsa jijjiirrachuusaa garuu hin beekne ture. Radiin lakkoofsi dorgommiin dura isaa kenname waan hin argamneef lakkoofsi haaraa kennameefi ture.

Abbabaanfaa Radiidhaaf lakkoofsi haaraan kennamuusaa quba hin qaban. Abbabaan atileetota biroo fageenya guddaan dhiisee yeroo fiigutti Radiin garuu fageenya dhihootti isa hordofaa ture.

Yeroos Morookoon atileetota sadii hirmaachistee waan turteef; Abbabaan sadan keessaa tokko ta'uu mala jechuun hamma siidaa Aksuum Roomitti argamu gahuuf hamma sana itti hin yaaddoofne ture. Abbabaan wantoota leenjisaasaarraa itti himame keessaa tokko yeroo siidaa Aksuum bira gahu saffisasaa akka dabaluuf ture. Innis dorgommichi xumuramuuf yeroo

kiiloomeetirri 2 isa hafu siidaa Aksuum biratti saffisasaa dabale. Akka ibsa leenjisaasaa Onii Niskaananitti osoo kiiloomeetira 40 namni waliin fiige Radii ta'uusaa beekee, dursee fiiguun sa'aatii galmeesse caalaa rikoordii fooyyee qabu galmeessisuu danda'a ture jedha.

Abbabaan dorgommii Jaappaan Tookiyootti taasifamerratti rikoordii mataasaa fooyyessuun injifateera. Dorgommicha dura ji'a tokko dursee yaala baqaqsanii yaaluu taasisus, dorgommicha gahumsa gaariin xumureera. Bara 1968'tti yeroo ganna 36 turetti dorgommii Olompiikii yeroo sadaffaaf hirmaatus, miidhaa irra gaheen osoo hinxumurin baheera; dorgommichi garuu injifannoo atileetii Itoophiyaa biraa Maammoo Woldeetiin xumurameera.

Atileeti Abbabaa Biqilaa balaa konkolaataa irra gaheen ganna 41'tti addunyaa kanarraa du'aan boqoteera.

Gilgaala 6: Gochaalee Yeroo Dubbisuu

Dubbisa olitti dhiyaate saffisaan dubbisuun yaadota roga 'A' jala jiran kanneen roga 'B' jala jiran waliin hidhatiinsa yaadaatiin walitti firoomsi.

A	B
1. Bara 1960, Xaaliyaan Roomitti Gaggeeffame.	A/ sababa Sirna Appaartaayidiitiif
2. Ulfaatina salphaatiin meedaaliyaa warqee argate.	B/ Hagayya 30, bara 1925
3. Afrikaan kibbaa dorgommii irraa dhorkamuu	C/ Atileet Maammoo Woldee
4. Atileetii miila duwwaa fiigee maaraatoonii injifate.	D/ Olompiikii addunyaa 17ffaa
5. Bara 1960 haadha Asmaraarraa gara Room imalanii turan.	E/ Mahaammad Alii
6. Guyyaa dhaloota Abbabaa Biqilaa	F/ Aadde Saaraa Salbaa
7. Kibur Zabanyaa keessatti loltummaan qacarame.	G/ Bara 1968
8. Leenjisaa ispoortii Kibur Zabanyaa	H/ Lammii Siwiidin Onii Niskaanan
	I/ Bara 1943
	J/ Atileet Shaambal Abbabaa Biqilaa
	K/ Bara 1944

9. Abbabaan Dorgommii Olompikii yeroo 7ffaaf hirmaate.
10. Bara 1968 dorgommii Tookiyoo injifate.

Gilgaala 7: Gochaalee Dubbisa Boodaa

Hubannoo dubbisa armaan olii irraa argatte muuxannoo keetiin walqabsiisuun deebii gaaffiiwwan armaan gadii barreessuun deebisi.

1. Yaanni waliigalaa dubbisa armaan olii maali?
2. Seenaa gabaabaa Atileet Shaambal Abbabaa Biqilaa irraa waan hubatte gabaabsii barreessi.
3. Sochii Atileetiksii Itoophiyaa kan duriifi ammaa walbira qabuun madaalii dareef dhyessi.
4. Guddina atileetiksii biyya tokkoo keessatti sabquunnamtiin gahee akkamii akka qabu maddeen adda addaa fayyadamuun dareef gabaasi.

Barannoo Sadii: Barreessuufi Dubbachuu

Gilgaala 8: Gochalee shaakala Barreessuu

1. Mata dureewwan armaan gadii keessaa tokko filachuun odeeffannoo walitti qabadhuu bifa oduun qindeessuun dareef dhiyeessi.

a. Qulqullina Naannoo
b. Ispoortii
c. Balaa Tiraafikaa Kan Torbanii
d. Haala Qilleensaa
e. Haala Yeroo Kan Biyya Keessaafi Alaa

2. Mata dureewwan armaan gaditti siif kenname irratti hundaa'uun laallee/biroosherii barreeffamaa haala hawwataa ta'een qopheessuun hawaasa mana barumsaa kee akka tajaajilu taasisi.

a. Akkaataa tatamsa'inaafi ittisa COVID-19fi HIV/AIDS
b. Danbii ittiin bulmaata mana barumsaa

c. Gabatee odeeffannoo ragaa istaatiksii mana barumsaa kee

d. Kunuunsaafi qulqullina mana barumsaafi meeshaalee barnootaaf taasifamuu qaban

Gilgaala 9: Gochaalee shaakala Dubbachuu

Naannoo ati jiraattutti namoota waa'ee aadaa (Sirna Gadaa, jaarsummaa, Ayyaantuu, haadha siinqeefi kkf.) irratti beekamoo ta'an tokko fakkeenya fudhachuun waa'ee isaanii irratti waan beektu hiriyoota daree keef haasaa taasisi.

Barannoo Afur: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 10: Gochaalee Fayyadama Jechaa

A. Himoota armaan gadii keessatti jechoota jala sararamaniif hiika galumsaa isaanii barreessi.

1. Nyaata kana cufa dandaʼee hin fixuu kaan irraa hambisi.
2. Miʼaa meeshaalee buʼuuraan gabaan tasgabbii dhabe.
3. Garasuu Dhukii Oromiyaa, ona Walisootti dhalate.
4. Isheen intala simboo qabeettii hunda boojitudha.
5. Inni eebba abbaa isaa waan qabuuf adda qaba.
6. Yaanni koofi kanshee adda.

B. Keeyyata armaan gadii keessatti jechoota gurraacheffamanii barreeffaman keessaa baasuun hiika galumsaa isaanii barreessi.

….Lapheen Keenya gaagura jaalalli jaalala dhugaa keessatti dammeessu yoo taʼu, lubbuun jaalala dhugaa barbaaddu kanneen **farra** jaalala dhugaa taʼan mara dursitee laphee keessaa g adi hartee laphee qulqulleesitee simboo jaalala dhugaa ofitti hawwatuun laphee **siilessitee** jaalallee garaa gaʼuu akkuma hawwitetti baroota booda firii jaalala dhugaa cirachuuf kaati.

Abbaan gaaguraa gaagura buusee damma nyaachuuf akkuma kanniisaan hiddamuu dandaʼu, kanneen jaalala dhugaan walitti hidhaman bakka yaadan gaʼanii firii jaalalaa waliin cirachuuf **wareegama** jaalalaa kanfaluun hin oolu. Gootni jaalala dhugaa murxuxxee addaan bahumsaa isaanitti murxuxxeeffame gadi jedhanii dabarsaa, gufuu jaalalaa irra utaalaa wallaansoo hadhaʼaa miʼeessatanii dhamdhama hawwii isaanii bira gaʼu. Dabeessi garuu, waanuma hundaan rifatee qormaata bor darbuuf jiruun gufatee daandii jaalalaa gubbaatti

takaalamee kufa. Kunis, yoo lapheen jaalala dhugaa kennee fudhachuuf qopha'aa ta'edha.Ta'uu baannaan, keessii laphee lafa **onaa** lafee, fooniif dhiigaan marfamedha….

(Asoosama Kudhaama Jaalalaa irraa (2004:106) Abrahaam Tasfaayeetiin)

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

Barannoo Shan: Seerluga

Gilgaala 11: Gochaalee Shaakala Ciroo

A. Himoota armaan gadii keessaa ciroo hirkataa si'a tokko, ciroo ofdanda'aa si'a lama jala sararuun agarsiisi.

1. Kitaabni inni barreesse sun, baay'ee nama gammachiisa.
2. Isheen waan sirriitti qayyabatteef, qabxii gaarii argatte.
3. Yeroo waliin mari'attan, yaada walii kabajuu qabdu.
4. Namichi asiin darbe sun, namoota harka qalleeyyii gargaara.
5. Gammachuun waan dhukkubsateef, wal'aaname.
6. Osoo amala mishaa qabaatanii, namni hundi isaan jaalata.
7. Erga yeroon darbee gaabbuun, bu'aa hinqabu.
8. Roobsan obboleettii isaa qo'achiisuuf, halkanii guyyaa dhama'a.
9. Seera ittiin bulmaata biyyaa kabajuu dhabuun, rakkoof nama saaxila.
10. Waan garmalee waljaallataniif, addaan bahanii hinbeekan.

B. Himoota ciroo ofdanda'aafi ciroo hirkataa ofkeessaa qaban shan ijaaruun adda baasiii agarsiisi.

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

Jiibsoo

Bamaqa (pronoun) bakka maqaa bu'uudhaan tajaajila maqaa kan kennu.

Barjaa barreeffama ijaajjii

Ciroo(clause) Ciroon gurmuu yookiin qindaa'ina jechootaa ta'ee kaan ergaa guutuu dabarsuu yookiin dhiisuu danda'uudha

Dandeettii shaakala walirraa hincinneen osoo hintaane irraa caalaa kennaa uumamaatiin kan argamudha.

Fulcha eeruu kennuu

Fufii (affix) akaakuu dhamjecha hirkataa ta'ee garee jechaa kan jijjiiru ykn tajaajila caaslugaa kan agarsiisudha.

Gaalee (phrase) wal-hammannaa jechootaa kan hojii tokkoof dhaabatanidha.

Hennaa (tense) tajaajila caaslugaa kan yeroo raawwii tokkoo agarsiisudha.

Hennaa Ammennaa (simple present tense) ammennaan gocha amma raawwatamaa jiru yookiin yeroo maraa dhugaa ta'e kan agarsiisu, yookiin gara fuula duraa raawwatamuuf jedhu mul'isa.

Hennaa Amsiqaa (present continuous tense) amsiqaan gocha hin raawwatamne yookiin yeroo gabaabaafis ta'e yeroo dheeraadhaaf raawwatamaa jiran mul'isa.


Hennaa Murannaa (simple future tense) gocha gara fuul-duraa raawwatamuun isaa hinoolle, garuu yeroon itti raawwatamu kan adda bahee hinbeekkamiin, ibsa

Hennaan Murannaala (indefinite future tense) murannaalaa garuu, gocha gara fuul-duraa raawwatamuu malu ibsa Gochi muraannalaan ibsamu

Laallee barreeffama odeeffannoo(birroosharii)

Maqibsa (adjective) Afaan Oromoo keessatti maqaa booda dufuudhaan waa'ee maqaa sanaa odeeffannnoo dabalataa kan kennudha.

Ogummaa shaakala walirraa hincinneen (akkuma bishaan daakuufi farad gulufsiisuu) kan gonfatamudha.



Gatii: Qarshii _____